

MACAafa FAARFANNAA

YAADANNOOWWAN QO'ANNAA WALIIN

Faarfannaa 1-19

Qajeelcha Lallabaa Macaafa Faarfannaatiif



HANDS to the PLOW **MINISTRIES**

HandsToThePlow.org

Mirgi waraabbii © 2015 kan Hands to the Plow, Inc. ti.

Hands to the Plow, Inc. tiin Maxxanfame

L.S..P 567 • Webster, WI 54893

Maxxansi duraa, 2015

Mirgi isaa hundi kan eegamedha. Eyyeema qama maxxansiiseen alatti, kitaaba kana keessaa guutummaatis ta'ee gar-tokkeen isaa fudhatamee baay'ifamuu, marsariitii irratti kuufamuu, gara qama biraatti karaa meeshaalee elektirooniksii, barreeffamaa, footoo koppii, waraabbii sagalee fi kanneen biroo kamiin iyyuu daddabarsuun dhorkaadha.

Luqqisiwwan kan fudhataman Macaafa qulqulluu Afaan Oromoo Hiika Haaraa®, Mirga waraabbii 1997 Waldaa Macaafa Qulqulluu Itoophiyaatiin kan maxxanfame. Mirgi hunduu seeraan kan eeggamedha.

Odeeffannoo waa'ee hiika afaanota garaagaraa argachuuf maaloo marsariitii HandsToThePlow.org ilaalaa.

Gumaachitoota

Tom Kelby – Yaadannoowwan qo’annaa
President, Hands to the Plow Ministries, Webster, WI USA

Bob McCoy – To’ataa hiikkaa kitaabaa
President, Vessels of Mercy Ministries, Fair Haven, MI USA

Mark Yaeger – Diizayinii fi maxxansa
Creative Director, DKY, Inc., Mpls, MN USA

Lori Sjoquist - Oomisha
Production Manager, DKY, Inc., Mpls, MN USA

Kabajamoo dubbistootaa,

Wangeelli (inni kitaabota macaafa qulqulluu hundumaa keessatti argamu) baratamuu qofaaf caafame miti. Akka labsamuufis caafame. Kanaafidha kan qo’annaan kun “ qajeelcha lallabaa macaafa faarfannaa” kan jedhame.

Kitaabni kun guutummaa macaafa faarfannaa of keessatti hin haammanne. Qooda sanaa garuu qabeenyawwan dhukataa faarfannaawwan muraasa keessa jiran muraasa of keessaa qaba. Kana yeroo taasisu mudaa malees immoo miti. Shakkii tokko malee dhugaawwan faarfannaa keessa jiran baay’ee dagadheera jedheen amana. Caaffanni qulqullaa’oon mudaa hin qaban. Yaadannoowwan kitaaba kana keessa jiran garuu kan mudaa hin qabne miti.

Waaqayyo keenya inni gaariin hir’inoota yaadannoo qo’annaa kana keessa jiran mo’achuu akka dandeenyuu fi nuyi tajaajiltootni isaa yeroo macaafa faarfannaa kana keessaa dhugaa waa’ee kiristoos beekuu barbaannutti akka nu gargaaru kadhata keenya.

Tom Kelby
Sadaasa 16, 2015

Seensa (Introduction)

Macaafni faarfannaa macaafa kakuu haaraa keessatti baay'inaan caqafamedha. Yesuusii fi Ergamoonni macaafa kana keessaa barsiisa waa'ee Waaqayyoo barsiisaniiru. Waa'ee mo'uu Yesuus macaafa kana keessaa fudhachuun ayyaaneffataniiru. Kanas immoo haala qo'annaa kana keessatti arguuf jirtaniin taasisan, sababni isaas, faarfannaawwan —hundi isaanii— kan walitti hidhamanidha, karaa muraasaan immoo kiristoositti, taateewwan wangeelaatti akkasumas saba Kiristoositti kan hidhamedha. Wanti barbaachisaan nuyi yaadatti qabachuu qabnu, Ergamoonni macaafa faarfannaatti fayyadamuudhaan barumsa seenaa waa'ee Daawitii fi mootummaa isaa hin barsiifne. Akkuma armaan gadiitti yaadannoowwan seensaa mata duree “Macaafa Faarfannaa yeroo qo'annu Yaadota 25 sammuu qabachuu qabnu” jalatti ibsaman irraa argitan, Daawit waa'ee Kiristoos akka barreessaa ture ni beeka. Inni macaafa faarfannaa isa bara baraan warri kan Kiristoos ta'an faarfatan akka barreessaa ture ni beeka.

Kun macaafa gadda gadi fagoo fi gammachuu guddaan guutamedha. Yeroo gidiraan cimaa jiruu fi gammachuun ayyaaneffatamuuf kan caafamedha. Yeroo abdi kutanaatti nama jajjabeessuuf yeroo dukkanni gadi fagoo jirutti immoo abdi kennuuf kan yaadamedha. Waaqayyoo Abbaa fi Kiristoosiin kan jajatudha. Kanaafidha kan macaafni kun waggoota kumaatanaaf macaafa faarfannaa fi macaafa kadhannaa saba Waaqayyoo ta'ee kan itti fufe.

Macaafni kun namoota dhufaatii Kiristoos dura turaniifis macaafa faarfannaa fi macaafa kadhannaa ture (isaan mo'icha kristoosiin abdiidhaan eeggachaa turan). Akkasumas immoo macaafichi namoota warra dhufaatii Kiristoosiin booda jiraachaa jiraniifis macaafa faarfannaa fi macaafa kadhannaati (isaan mo'icha inni karaa jireenyaa, du'aa fi du'aa ka'uu isaa argate of duubatti ilaalaa jiru). Sabni Waaqayyoo warri baroota keessatti jiraatan hundi faarfannaawwanii fi kadhatawwan macaafa faarfannaa tiin tokkoomaniiru!

Kitaabni kun, akkuma qajeelcha Lallabaa Macaafa Maarqos (kan marsariitii *Hands To The Plow.org*. irratti argamu), lallabdootaa fi barsiisotaaf meeshaa deeggarsaa akka ta'uuf kan yaadamedha. Kitaabni kun boqonnaawwan 19 macaafa faarfannaa warra jalqabaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kitaaba kana keessatti boqonnaawwan 19 qofti kan fayidaarra oolan yoo ta'eyyuu, kadhannaan keenya garuu yadannoowwan seensa irratti kennaman (“Macaafa Faarfannaa yeroo qo'annu Yaadota 25 sammuu qabachuu qabnu”) fi yaadannoowwan tokkoon tokkoo boqonnaawwan kudha salgani qabanitti fayyadamuun akka lallabdoonni fi barsiisonni dubbisuu, hubachuufi fi dhugaa macaafa faarfannaa boqonnaawwan 131 kitaaba kana keessatti fayiidan hin oolle keessa jiran labsuu danda'an kadhannaa keenya. Dhuma kitaaba kana irratti yaadni cuunfaa boqonnaawwan macaafa faarfannaa kitaaba kana keessatti uwwisa hin argannee muraasaa kaa'ameera. Yoo Waaqayyoo nuuf eeyyame gara fuula duraatti qo'annaa keenya gara fuula duraatti boqonnaa dabalataa macaafa faarfannaatti uwwisa ni kennina.

Kitaabni kun mata duree seensaa, “Macaafa Faarfannaa yeroo qo'annu Yaadota 25 sammuu qabachuu qabnu” jedhuun jalqabe. Maaloo otoo tokkoon tokkoo boqonnaa macaafa faarfannaa qo'achuutti hin seeniin seensa kitaaba kana xiyyeeffannoon dubbisi.

Macaafa faarfannaa keessaa lallabuu fi barsiisuun macaafota seenaa, kakuu moofaa keessa jiran, wangeelota ykn ergaawwan keessaa barsiisuu irraa addadha. Lallabdoonni ykn barsiisonni haala ittiin walaloowwan faarfannaa barreeffaman hubachuun akkamitti dhugaa walaloo keessa jiru kana warra dhaggeeffatanitti labsuu akka danda’an hubachuu qabu. Kun immoo isiniif gammachuu akka kennu, saba Waaqayyoo immoo akka gargaaru kadhata keenya.

Macaafa Faarfannaa keessaa, yeroo qo’attanitti—yeroo lallabdaniif fi barsiiftanitti — ayyaanni guddaan siniif haa ta’u!

Tom Kelby fi Bob McCoy

Sadaasa, 2015

Qajeelcha kana akkamitti akka fayyadamtan

1.

Kitabni kun boqonnaa 19 jalqabaa M/Faarfannaa qabateera. Tokkoon tokkoo faarfannaa qo'annaa kanaa keessa jiruun dura, dubbistootni yaada waliigalaa faarfannichaa ni argatu.

2.

Yaada waliigalaa sanaan booda, dubbistootni kuticha macaafuma faarfannaa keessa in argatu. Barreeffanni Faarfannaa keessaa fudhatame fuulicha gara olii isaatti argamu.

3.


Kitaabichi yaadannoowwan qo'annaa kan jechoota ykn lakkoofsota ykn kutaa faarfannaa qo'atamu sana keessa jiru ibsus qabateera. Yaadannoowwan qo'annaa kun immoo barreeffamaan gaditti gara miila jala fuulichaa taa eera. Yaadannoowwan qo'annaa lallaba miti. Isaan akka lallabaan hiika faarfannaa sanaa bira ga'u gargaaruuf yaadaman.

4.

Yaadannoowwan qo'annaa gara miila jala fuulichaa irra jiranitti lakkoofsi itti kennameera. Lakkoofsonni kun diimaadha. Lakkoofsonni diimaa yaadanno qo'annaa dura jiran lakkoofsa diimaa guutummaa kutaa macaafa faarfannaa kutaa gara oliirra jiru waliin waliitti hidhamaniiru.

5.

Yaadannoowwan qo'annaa kunniin yeroo tokko tokko immoo kutaa macaafa qulqulluu kan biros ni tarreessu. Kutaawwan kunis yeroo tokko tokko kakuu moofaa keessaa yeroo kaan immoo kakuu haaraa keessaati. Kutaawwan kunniin akka ta'utti ilaalammu qabu, sababni isaas, kutaa faarfannaa qo'atamaa jiru sana waliin hariiroo cimaal qabu.



Macaafa Faarfannaa yeroo qo'annu Yaadota 25 sammuutti qabachuu qabnu

1. Macaafni Faarfannaa kitaaba faarfannaa fi kitaaba kadhannaa saba Waaqayyooti. Kun dhalachuu, jireenya, du'aa fi du'aa ka'uu Yesus dura dhugaa ture dha. Har'as dhugaadha. Faarfannaawwan fi kadhannaawwan kitaaba kana keessatti argaman saba Waaqayyoo baroota hunda keessa turan walitti fidu. Ammayyuu Waldaa Kristiyaanaatiin tajaajila irra oolaa jira (Efe. 5:19 fi Qol. 3:16 ilaali). Faarfannaawwan kun saba Waaqayyootiin yeroo isaan waliin waaqeffatan tajaajila irra ooluuf kan barreeffaman ta'uu isaa, qajeelfamoota muuziqaa baay'ee kitaabicha keessatti argamaniin mirkaneeffanna. Macaafni Faarfannaa yeroo tokko tokko *Psalter* jedhamee waamama.

Macaafni Faarfannaa kitaaba faarfannaa fi kadhannaa saba Waaqayyooti yeroo jennu, kitaabni kun saba Waaqayyoo baroota hunda keessa jiraniif dubbachuu kan danda'u ta'uu qaba jechuudha. Warra dhufaatii Kiristoos dura turaniif dubbatee ture; warra dhufaatii Kiristoos booda jiraniifis dubbachuu qaba. Dhugumayyuu, haalli isaa kana. Macaafni Faarfannaa dabalata yookiin jijjiirama tokko malee, saba Waaqayyoo baroota hunda keessa jiraniif dubbachuu danda'eera.

2. Macaafni Faarfannaa kitaaba tiyoolojiiti (barsiisa waa'ee Waaqayyooti). Faarfannaawwan kun dubbistoonni waa'ee Waaqayyoo, waa'ee Mootii Isaa isa Dibamee (isa "Masiihii" yookiin "Kiristoos" jedhamu), waa'ee saba Waaqayyoo, waa'ee diinota Waaqayyoo, waa'ee addunyaa, fi waa'ee Caaffata Qulqullaa'oo akkamitti yaaduu akka qaban barsiisu. Yesusii fi Ergamoonni yeroo baay'ee dhugaa tiyoolojii Faarfannaawwan adda ta'an irratti hundaa'uun barsiisaniiru. Kakuu Haaraa keessatti kitaaba Kakuu Moofaa hunda caalaa baay'inaan caqasame Macaafa Faarfannaati.

3. Gulaalaan (yookiin gulaaltonni) Faarfannaa tartiiba adda ta'een qindessaniiru. Kanaafuu, Faarfannaa 1 ta'e jedhamee jalqaba irratti, Faarfannaa 150 immoo ta'e jedhamee dhuma irratti kaa'ame. Gulaalaan sun maaliif Faarfannaawwan akkasiitti akka qindeeffaman ifatti hin ibsine. Dubbisaan dubbisa gadi fageenyaan, Faarfannaawwan akkamitti akka wal qabatan murteessuu qaba.

Tartiibni Faarfannaawwanii karoora Waaqayyoo fi injifannoo dhumaa kan Kiristoos agarsiisa. Kitaabni Faarfannaa qabsoo wanta gaarii fi hamaa gidduu jiru agarsiisuun jalqaba. Hammeenyi ni caala. Kitaabni Faarfannaa galataan xumurama (Faarfannaa 150 keessatti hammeenyi hin mul'atu). Kutaa jalqabaa Kitaaba Faarfannaa keessatti, faarfannaawwan gaddaa/boo'ichaa baay'inaan jiru. Kitaabota xumuraa keessatti, faarfannaawwan galataa baay'inaan jiru.

Faarfannaawwan baay'een yeroo mootiin teessoo Israa'el irra ture kan barreeffaman ta'us, gulaalaan Faarfannaawwanii inni dhumaa garuu yeroo mootiin teessoo Isra'el irra hin jirretti kitaabicha qindeesse. Ta'us, Faarfannaawwan bulchiinsa Mootii isa Dibamee ni jajatu. Kanaafuu, qindoominni Kitaaba Faarfannaa amantii guddaa gulaalichi karoora Waaqayyo saba isaatiif qabu irratti qabu agarsiisa. Gulaalichi Mootii dhufuuf jiru irratti amanataa ture, osoo ijaan isa hin argin!

Gulaalichi yeroo Faarfannaawwan qindeessetti, kitaabota Kakuu Moofaa kanneen yeroo faarfannaawwan sun jalqaba barreeffaman hin turre argachuu danda'eera. Kana jechuun gulaalichi, Daawit irraa adda ta'uun, kutaa Kakuu Moofaa "Raajota" jedhamu dubbiseera (Iyaasuu, Abbootii Firdii, 1-2 Saamu'el, 1-2 Mootota, Isaayyaas, Ermiyaas, Hisqi'eel, Hose'aa, Yoo'el, Amos, Obaadiyaa, Yoonas, Miikiyaas, Naahom, Inbaaqom, Sefaaniyaa, Haagee, Zakkaariyaas fi Miilkiyaas). Dhugumatti, wantoonni waa'ee Kiristoos, Kakuu Haaraa fi Mootummaa Waaqayyoo isa dhufuuf jiru ilaalchisee "Raajota" keessatti barreeffaman, gulaalichi wantoota Faarfannaawwan keessatti barreeffaman caalaatti akka hubatu gargaaraniiru.

Dhugaa dubbachuuf, Faarfannaawwan Raajotaan caqasamaniiru (Ermiyaas 17:7-8, Hisqi'eel 47:12 fi Zakkaariyaas 9:10 ilaali). Kana jechuun yoo xiqqaate raajota keessaa tokko tokko yeroo kitaaba isaanii barreessan wantoota Faarfannaawwan keessatti barreeffaman of-eeggannoon qorachaa turan jechuudha. Dhugumayyuu, yeroo Caaffata Qulqulluu barreessan wanti raajonni godhan kanuma (1Phexros 1:10-12 ilaali)! Kutaan "Raajota" jedhamu Macaafa Qulqulluu Ibrootaa keessatti Macaafa Faarfannaa dura kaa'amuun isaa hiika guddaa qaba. Kunis gulaalaan dhumaa kan Macaafa Qulqulluu Ibrootaa, dubbisaan barsiisa "Raajotaa" sammuu keessa jabeesse qabachuun akka

Faarfannaawwan dubbisu kan barbaade ta'uu isaatiif ragaadha.

4. Faarfannaawwan “kitaabota” shanitti qoodamu: kitaaba 1 (1-41), kitaaba 2 (42-72), kitaaba 3 (73-89), kitaaba 4 (90-106), fi kitaaba 5 (107-150).

Gareen kitaabota shanii kun, akkuma tartiiba Faarfannaawwan dhuunfaa, hojii gulaalaa calaqqisiisa. Kitaabonni Faarfannaa shanan kun Kitaabota Seeraa shanan (Uumama, Ba'uu, Lewwota, Lakkoofsa, fi Keessa Deebii) calaqqisiisuuf kan yaadaman ta'uu hin oolu. Karaa biraatiin, Faarfannaawwan calaqqee fi ibsa ergaa wangeelaa kanneen duraan Kitaabota Seeraa shanan keessatti argaman (garuu kan guutummaatti hin ibsamin) dha (waa'ee barreeffamoota Musee dubbii Yesus Luqaas 24:26-27, 24:44-47, fi Yohannis 5:45-47 irratti dubbate ilaali).

Faarfannaawwan Kitaabota Seeraa shanan calaqqisiisuu isaaniitiif ragaan, karaa Faarfannaawwan kutaalee Seeraa adda ta'an caqasuun, jechoota Seeraa sana gara Kiristoosii fi gara ta'ii wangeelaatti hiikuun (firoomsuun) mul'achuu danda'a.¹

Kitaabonni Faarfannaa shanan bifa adda addaa seenaa Kiristoos calaqqisiisu. Kanaaf, Faarfannaawwan dubbisaa “imala” walaloo keessa dabarsu: dibata Kiristoos irraa (Faarfannaa 2), gara dhiphinaa fi Waaqayyoon oolamuu isaa, gara uumamuu saba qulqulluu kan fayyisuu Kiristoos irratti hundaa'eetti, gara dhiphina saba qulqulluu Waaqayyootti, gara injifannoo dhumaa kan Kiristoositti, fi dhumarrattis, gara galata bara baraa isa injifannoo dhumaa kan Kiristoos irraa madduutti geessu. Kitaabonni shanan, kallattiiwwan seenaa Kiristoos hundi saba Waaqayyootiin yaadatamuufi kabajamuu akka qaban argisiisu.

Kitaaboliin Faarfannaa arfan jalqabaa eebbaan xumuramu

¹ Fakkeenyaaf, akkaataa Faarfannaan 118:14-16 “faarfannaa Musee” isa Ba'uu 15:2 keessatti argamu itti caqasu mee ilaalaa. Faarfannaan kun Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee caqasameera. Inni waa'ee dhiphinaa fi oolamuu Kiristoos, akkasumas galata dhufaatii fi oolamuu Kiristoos irraa kan ka'e namoota hundaan Yihoowaaif kennamuu qabu ilaalchisee ti. “Itti fayyadamni” Faarfannaan kun Faarfannaa Musee (Ba'uu 15 irraa) itti fayyadame, ta'ii wangeelaa sana oolamuu saba Waaqayyoo Gibiixii ba'uu sana wajjin wal qabsiisa. Faarfannaan kun, Gibiixii ba'uun sun gaaddidduu “ba'uu” isa baay'ee caaluu fi Far. 118 keessatti kabajamee sanaa qofa ta'uu isaa agarsiisa. Faarfannaan 18's Ba'uu 15 haaluma wal fakkaatuun itti fayyadama. Akkasumas akkaataa Faarfannaan 110 (Faarfannaa biraa inni Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee caqasame) waa'ee lubummaa Kiristoos dubbachuuf seenaa Melkisedeq isa Uumama 14:18-20 keessatti argamutti fayyadamu mee ilaalaa.

(Faarfannaa 41:13, 72:18-20, 89:52, fi 106:48 ilaali). Eebbawwan arfanu, yoo garaagarummaa qabaatanis, jechoota “Gooftaan haa eebbifamu” fi “Ameen” jedhan of keessaa qabu. Tokkoon tokkoon eebbaa kun dubbisaadhaaf mallattoo kitaabni Faarfannaa sun xumuramuu isaa agarsiisudha. Kana malees, eebbawwan kun dubbisaan akka dhaabbatu (jecha “Ameen” jedhuun agarsiifame), ergaa kitaabichaa irratti akka xiinxalu, fi ergaa kitaabichaa irratti hundaa’uun Yihoowaa’in akka galateeffatu (kanaaf jechoota “Gooftaan haa eebbifamu” jedhuun) isa waamu. Eebbawwan kun tarii gulaalaa Faarfannaa tartiiba isaanii dhumaa qabsiiseen kan barreeffaman ta’uu hin oolu. Isaan amantii gadi fagoo gulaalichaa agarsiisu. Kitaabni shanaffaan akkuma kitaabota arfan jalqabaa eebbaan hin xumuramu. Kunis tarii kitaabni shanaffaan kitaaba xumuraa Macaafa Faarfannaa keessaa waan ta’eef, qoodinsa kitaabota gidduu jiru dubbisaatti agarsiisuun waan hin barbaachisneef ta’uu danda’a. Haata’u malee, kitaabni shanaffaan karaa adda ta’een xumuramuu isaa jechuun, kitaabni shanaffaan eebba malee xumurama jechuu miti. Boqonnaawwan shanan dhumaa kan kitaaba shanaffaa hundi jechoota wal-fakkaataa, “Waaqayyoon jajadhaa!” jedhuun xumuramu. Boqonnaawwan kun xumura sirrii kitaaba shanaffaa fi guutummaa Kitaaba Faarfannaatiif ta’an ta’anii akka tajaajilaniif ta’e jedhamee walitti qabamaniiru. Ergaa Faarfannaawwanii, isa seenaa...

Kiristoos, sabni Waaqayyoo “Waaqayyoon jajadhaa!”² ergaa jedhu qaba.

5. Faarfannaawwan walaloodha. Walaloon gosa barreeffamaa Macaafa Qulqulluu keessatti argaman keessaa tokkodha. Ergaawwan (akka Roomaa ykn 1 Phexros) fi seenaawwan (akka 1 Saamu’el ykn Asteer) gosoota barreeffamaa biroo lamaan Macaafa Qulqulluu keessatti argamanidha. Tokkoon tokkoon gosa barreeffamaa kennaa Waaqayyoo ti. Tokkoon tokkoon gosa barreeffamaa kaayyoo mataa isaa qaba.

² "Eebbi (benediction) Kakuu Haaraa keessattis itti fayyadamamuun isaa bakka guddaa qaba. Garuu, kun eebba Faarfannaa keessatti argamu sana miti. Kana bifa adda ta’een, Ergamoonni hariiroo Waaqa Abbaa fi Kiristoos gidduu jiru calaqqisiisuuf jecha eebbichaa jijjiiraniiru. Ergamoonni, “Gooftaan haa eebbifamu” (Blessed be the Lord) jechuu mannaa, “Waaqayyoo fi Abbaan Gooftaa keenya Yesus Kiristoos haa eebbifamu” (2 Qorontos 1:3, 11:31, Efesoon 1:3, fi 1 Pheexros 1:3 ilaali) jedhu. Dhufaatii Kiristoosii fi hariiroo inni Waaqa Abbaa waliin qabuun kan ka’e, eebbi hafuura Faarfannaa keessatti (akkasumas Kakuu Moofaa guutuu keessatti) waadaa gale hundi warra Kiristoos keessa jiraniif ni ta’a!”

Walaloon miira namaa tuquu irratti humna qaba. Akka faarfannaatti, walaloon **jechoota fi bifa jechootaa** karaa garaa namaa tuquu danda'uun fayyadama. Kana jechuun humni walaloo inni guddaan miira dubbisaan akka dhagahu godhu keessa jira jechuudha. Yeroo walaloo dubbisu dubbisaan gadi fageenyaa miirri isaa tuqamuu qaba, sababiin isaas **walaloon dubbisaan gara walalichaa akka "seenu" affeera.** Faarfannaawwan, haala itti barreeffamaniin, dubbisaan akka ofii isaa/ishee akka qaama dhimma sanaatti akka ilaalu/ilaaltu waamu. Caqasa kana mee ilaalaa: "Yaa Waaqayyo gooftaa ko, ani sitti kooluu nan gala na gargaari, warra na ari'atan hundumaa jalaa na baasi! Lafa inni oolchu na bira hin jirretti, isaan akka leencaa ana cuffatanii hin kukkutatin!" (Far. 7:1-2). Kun Faarfannaa Daawit ta'ullee, akkasumas karaa adda ta'een Kiristoosiin kan ilaallatu ta'ullee, haalli faarfannichi itti barreeffame (jechoota "koo", "ani", fi "na" jedhan fayyadamuun) dubbisaan ofii isaa/ishee akka qaama dhimma sanaatti akka ilaalu/ilaaltu affeera. Seenaan akkana miti. Kanaa irra, seenaan dubbisaa fageenyarra kaa'a, ta'iiwwan waa'ee namoota biroo galmeessa. Dubbisaan gara seenaa sanaa akka seenu fi qaama dhimma sanaa akka "ta'u" afferraan hin kennamuuf (fkn, seenaan waa'ee Phexros, waa'eema Phexrosi).

Walaloon gosoota barreeffama biroo Macaafa Qulqulluu keessa jiran irraa adda kan ta'u, walaloon salphaatti waan yaadatamuufi dha. Jechoonni fi bifti jechootaa haala qabachuuf salphaa ta'uun kan yaadamanidha. Kanaan kan ka'e Faarfannaawwan waggoota kumaatamaaf kutaalee dubbii Waaqayyoo keessaa warra baay'inaan sammuu qabataman ta'aniiru.

6. Walaloowwan Macaafa Qulqulluu keessaa, yeroo seenaa keessa (yookiin dhuma seenaa irratti) kaa'aman, kaayyoo barbaachisaa ta'e qabu. Yeroo tokko tokko, walaloowwan seenaawwan keessatti argamu. Kana jechuun isaan seenaadhaan kan marfamanidha (fakkeenyaaf, Uma. 9:25-27 yookiin Lakkoofsa 23-24 ilaali). Yeroo walaloon seenaa keessatti argamu kamiyyuu (addumaan Uumama, Ba'uu, Lewwota, Lakkoobsa, yookiin Keessa Deebii keessatti) xiyyeeffannoo addaa barbaada. Walaloowwan kun, karaa ta'een, yeroo baay'ee qabxii guddaa seenaa sanaa cuunfu, akkasumas gara Kiristoosii fi gara ta'ii wangeelaatti agarsiisu.

Faarfannaawwan walaloowwan seenaa bal'aa keessatti argamanidha. Macaafni Faarfannaa of keessatti seenaawwan qabaachuu baatus, dubbisaan yeroo hunda wanti yaadachuu qabu, Macaafni Faarfannaa seenaa baay'ee bal'aa guutummaa dubbii Waaqayyoo keessatti himamuun kan marfame ta'uu isaati.

Seenaan bal'aan Faarfannaawwan keessatti argaman sun, seenaa Kiristoos saba isaa fayyisuuf dhufuu isaa ti; kunis akka isaan mootummaa Waaqayyoo keessa jiraatanii fi isa waaqeffataniifi. Ragaan seenaa bal'aa kanaa guutummaa Kitaaba Faarfannaa keessatti ni argama. Kanaafuu, walaloowwan Faarfannaa keessa jiran hundi seenaa isa bal'aa sanaa wajjin wal qabatu. Isaan keessaa tokko illee kophaa isaa hin dhaabbatu.

7. Walaleessitoonni jechoota “qabatamaa” fayyadamu.

Jechoonni qabatamaan jechoota wantoota dhugaa kan ati arguu, tuquu, dhandhamuu, dhaga'uu, yookiin fuunfachuu dandeessu wajjin wal qabatanidha. Walaleessitoonni waa'ee yaadota qabatamaa hin taane yeroo barreessan illee jechoota qabatamaa fayyadamu. Fakkeenyaaf, Faarfannaa 18:34 keessatti, faarfatiichi “iddaa sibiila diimaa akka dabsutti,” jedhee dubbata. Iddaan sibiila diimaa wanta dhugaa harka namaa keessa qabamuu danda'udha. Haa ta'u malee, walaleessichi dhugumatti iddaa sibiila diimaa irraa hojjetame darbachuu danda'a jechuu isaa miti. Dhugaa dubbachuuf, inni gonkumaa waa'ee meeshaa waraanaa dhugaa barreessaa hin jiru. Kanaa irra, “iddaa sibiila diimaa” karaa qabatamaa humna guddaa Waaqayyo isaaf kenne ibsuudha, kunis akka diinonni isaa isa hin mo'anneefi.

Jechoonni qabatamaan yaadachuuf salphaadha. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko hubachuuf ulfaataa ta'uu danda'u. Walaleessichi yeroo, “Isin yaa mata-duree balbala kellootaa, ol banamaa! Isin yaa balbaloota durii durii, ol qabamaa!” (Faarfannaa 24:7) jedhu maal jechuu isaati? Karrawwan magaalattii akkuma waan mataa qabanii, fi namni barbaachisaan tokko karrawwan sana keessa darbuuf waan jiruuf akkuma waan hawwiidhaan ol ilaalaa jiraniitti yaadaa jiru fakkaata! Afaan qabatamaadhaan dubbisaan waa'ee hiika walalichaa cimsee akka yaadu dirqisiisa.

8. Walaloowwan warra Ibrootaa bifa addaa qabu.

Macaafa Qulqulluu keessaa bifa walaloo *parallelism* (wal-tarree adeemuu yaadaa) jedhamuun barreeffame. Yaadni wal-tarree ykn Wal-fakkaattiin caaseffama sararri walaloo tokko wanta tokko itti dubbatuu fi sararri battaluma itti aanu yaada sarara jalqabaa sana calaqqisiisuun (yeroo baay'ee) karaa ta'een kan itti cimsu dha. Wal-fakkaattiin yaadaa sarara walaloo armaan gadii keessatti mul'achuu danda'a:

Ka'i yaa Waaqayyo, na gargaari yaa gooftaa ko!

na gargaari yaa gooftaa ko!” (Faarfannaa 3:7)

Gaaleen jalqabaa (“Ka’i yaa Waaqayyo!”) gaalee lammaffaa (“na gargaari yaa gooftaa ko!”) wajjin akkamitti akka wal fakkaatu hubadhaa. Kana jechuun isaan karaa baay’eedhaan wal fakkaatu. Tokkoon tokkoon gaalee kutaa lama qaba. Dabalataanis, jechoonni gaalee lamaan keessatti bifa wal-fakkaataa hordofu. Tokkoon tokkoon gaalee faarfatiichi Waaqayyo waan tokko akka godhu gaafachuun jalqaba (gaalee jalqabaa keessatti “Ka’i” kan jedhu gaalee lammaffaa keessatti “Na gargaari” jedhuun calaqqisiifameera). Tokkoon tokkoon gaalee faarfatiichi maqaa Waaqayyoo waamuudhaan xumurama (gaalee jalqabaa keessatti “Yaa Waaqayyo” kan jedhu gaalee lammaffaa keessatti “Yaa Gooftaa koo” jedhuun calaqqisiifameera).

Haa ta’u malee, gaaleen lammaffaa gaalee jalqabaa calaqqisiisuu qofa caalaa waan godhu akka qabu hubadhaa. Waan tokkos itti dabala. Gaalee jalqabaa keessatti, walaleessichi Waaqayyo akka ka’u gaafata, garuu gaalee lammaffaa keessatti, Waaqayyo akka isa gargaaruuf jecha akka inni ka’u gaafata.

Ciminni yaadaa kun kutaa lammaffaa gaalee sanaa keessattis ni mul’ata. Gaalee jalqabaa keessatti, walaleessichi kadhannaa isaa gara “Waaqayyoo”tti qajeelcha. Inni “Waaqayyoo” wajjin akkamitti akka walitti dhufeenya qabu hin dubbatu. Gaalee lammaffaa keessatti garuu, kadhannaa isaa gara “Gooftaa koo”tti qajeelcha. Gaalee lammaffaa irratti hundaa’uudhaan, faarfatiichi Gooftaa akka beekuu fi Isa akka amanu ifaadha. Inni Waaqayyo akka isa gargaaru kan gaafatuuf isaan walitti dhufeenya waan qabaniifi.

Caqasni armaan olii maqoota Waaqayyoo adda addaa lama fayyadamuun isaa: “Gooftaa” fi “Waaqayyo” jechuun isaa hubachuun barbaachisaadha. Kun Faarfannaawwan keessatti yeroo baay’ee ni mul’ata. Maqaan ulfinaa “Gooftaa” (Ingiliffaan qubee gurguddaan “LORD” jedhamee barreeffamu) kun akkaataa itti hiikawwan Macaafa Qulqulluu Ingiliffaa baay’een maqaa “YHWH”—maqaa Waaqayyoo isa qulqulluu—itti hiikanidha.

Hayyoonni maqaan kun jalqaba irratti akkamitti akka waamamaa ture mirkaneeffachuu hin dandeenye. Haa ta’u malee, “Yihoowaa” jedhamee waamamaa akka ture waan fakkaatuudha. Yihoowaa ofii isaa hiika maqaa kanaa Ba’uu 3:13-17 fi Ba’uu 6:2-8 irratti ibseera. Yeroo tokko tokko Faarfannaawwan keessatti, maqaan “Yihoowaa” jedhu gara “Yaa”tti gabaabbata. Kunis sababa walalootiif kan godhame fakkaata. Maqaan gabaabbate kun Ingiliffaa keessatti ifa hin taasifamne. Qorannoo kana keessatti, yeroo maqaan “Gooftaa” jedhu barruu Ingiliffaa keessatti mul’atu, yaadannoowwan yeroo baay’ee maqaa “Yihoowaa” jedhutti

fayyadamu.

Dubbisaan Faarfannaawwan adda addaa akkamitti Waaqayyoon karaa adda addaatiin akka waaman hubachuu qaba. “Yihoowaa” kitaaba 1 (Faarfannaa 1-41) fi kitaaba 2 (Faarfannaa 42-72) keessatti yeroo baay’ee tajaajila irra ooleera. Haa ta’u malee, kitaaba 3ffaa Faarfannaawwanii (Faarfannaa 73-89) keessatti, maqaan “Yihoowaa” jedhu baay’inaan tajaajila irra hin oollee. Kun waa’ee ilaalcha faarfattootaa yeroo faarfannaawwan kun barreeffaman waan tokko ibsuu danda’a.

- 9. Faarfannaawwan tokko tokko bifa adda ta’een caaseffamaniiru.** Faarfannaawwan tokko tokko (akka Faarfannaa 9 fi 10) tartiiba qubeetiin (Afaan Ibrootaatiin) qindaa’aniiru. Tartiibni qubee kun yeroo Faarfannaawwan gara afaan biraatti (akka Afaan Oromootti) hiikaman ifatti hin mul’atu. Faarfattoonni Faarfannaawwan adda ta’an qindeessuuf kalaqaa addaa fayyadamaniiru. Amaloonni kun miidhagina Faarfannaawwanii ni dabaluu. Haa ta’u malee, Ergamoonni amaloota Faarfannaawwanii kana takkaa kan hin eerre ta’uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Ergamoonni jechoota Faarfannaawwan keessaa irratti xiyyeeffatu. Hiika isaa hubachuuf qindoomina kalaqaa Faarfannaa tokkoo beekuun barbaachisaa miti.
- 10. Faarfannaawwan jalqaba Afaan Ibrootaatiin barreeffaman.** Faarfannaawwan afaan bara duriitiin waan barreeffamaniif, hayyoonni hiika jechoota muraasaa irratti (fakkeenyaaf, *See/aa*) amansiisoo miti. Hiika Faarfannaawwanii hubachuuf Afaan Ibrootaa beekuun barbaachisaa miti.
- 11. Kakuu Haaraa keessatti, Ergamoonni yeroo baay’ee hiika Afaan Giriikii Kakuu Moofaa isa bara durii, kan “Septu’ajiintii” (yeroo tokko tokko LXX jedhamee waamamu) fayyadamuun Faarfannaawwan caqasu.** Hiikni Faarfannaawwanii kun sababoota hedduuf baay’ee barbaachisaadha. Isaan keessaa arfan isaanii kunooti. **Tokkoffaa**, Septu’ajiintiin hiika Macaafa Qulqulluu kan waldaan kristiyaanaa jaarraa jalqabaa itti fayyadamaa turte dha. Kunis Kristiyaanonni bara ammaa, Kristiyaanonni jaarraa jalqabaa Faarfannaawwan akkamitti akka hubachaa turan akka hubatan gargaara. **Lammaffaa**, Septu’ajiintiin kutaalee Afaan Ibrootaatiin hubachuuf ulfaataa ta’an hubachuuf hayyootaaf gargaarsa dabalataa kenna (fakkeenyaaf, Faarfannaa 22:16 ilaali). Septu’ajiintii fayyadamuun, hayyoonni bara ammaa, hiikaan bara durii gara Afaan Giriikiitti hiike sun

barruu Afaan Ibrootaa itti fayyadamaa ture sana akkamitti akka hubate arguu danda'u. **Sadaffaa**, Septu'ajiintiin barreeffamoota Kakuu Haaraa barreeffamoota Kakuu Moofaa wajjin karaa kallattii ta'een walitti hidhuuf tajaajila. Kunis sababa kitaabonni Kakuu Haaraa, akkuma Septu'ajiintii, Afaan Giriikiitii barreeffamaniifidha. Jechoonni Septu'ajiintii keessatti tajaajila irra oolan Kakuu Haaraa keessattis tajaajila irra oolaniiru. Jechoota kana keessaa inni hundumaa caalaa barbaachisaan **Kiristoos** kan jedhudha. **Afaffaa**, Septu'ajiintiin, hiika Afaan Ibrootaa har'a dubbistootaaf argamuun dabalataan, barreeffamoota jalqabaa (*autographs*) Caaffata Qulqulluu wajjin wal-qunnamtii biraa ni agarsiisa. Dhugaa dubbachuuf, bakka hayyoonni barruun Septu'ajiintii keessa jiru Barruu Afaan Ibrootaa isa har'a hayyootaaf jiru caalaa ifatti akka caalu itti mirkaneeffatan ni jira. Hayyoonni wanta Septu'ajiintii irraa baratan gara hiikawwan har'a dubbistootaaf argamanitti galchuuf ciminaan hojjetaniiru. Hiika Faarfannaawwanii hubachuuf Afaan Giriikii isa Septu'ajiintii keessatti tajaajila irra oole beekuun barbaachisaa miti.

12. Faarfannaawwan baay'een mata-dureewwan

(*superscriptions*) of keessaa qabu. Mata-dureen jechoota osoo walaloon sirrii kan Faarfannichaa hin jalqabin dura mul'atanidha (fkn, "FAARFANNAA DAAWIT, YEROO INNI ILMA ISAA ABSAALOM JALAA BAQATETTI" yookiin "GEGGEESSITUU FAARFATTOOTAAF: FAAGGAADHAAN. FAARFANNAA DAAWIT"). Mata-dureewwan kun maxxansawwan Macaafa Qulqulluu nuti qabnu keessa waan jiraniif, of-eeggannoon ilaalamu fi lallabaa fi barsiisa keessatti tajaajila irra ooluu qabu. Barreeffamoota harkaa kan bara durii kan mata-dureewwan kana hin qabne hin jiran.

Isaan dubbisaa gargaaruuf kan yaadamanidha. Mata-dureewwan kun maxxansawwan Faarfannaawwanii kan Ergamoonni dubbisaa turan keessas turaniiru. Haa ta'u malee, Ergamoonni gonkumaa haala mata-dureen sun hiika Faarfannichaa murteessuun mata-dureewwan kanatti hin fayyadamne. Dubbisaan barreessitoonni Kakuu Haaraa akkamitti mata-dureewwan kanatti akka fayyadamanii fi akkamitti akka itti hin fayyadamne of-eeggannoon xiinxaluu qaba. Mata-dureewwan baay'een qajeelfamoota muuziqaa gosa ta'e tokko of keessaa qabu. Qajeelfamoonni kun, Faarfannaawwan waaqeffannaa waloo keessatti tajaajila irra ooluuf kan yaadaman ta'uu isaanii saba Waaqayyoo har'a jiran yaadachiisu.

13. Mata-dureen ijoo Faarfannaawwan baay'ee “Kiristos”

dha. Faarfannaawwan waggoota dhibbootaan lakkaa'aman keessatti barreeffaman. Yeroo kana keessa, mootota baay'eetu bulchaa ture. Haa ta'u malee, Faarfannaawwan mootota garaagaraa BAAY'EE irratti hin xiyyeeffatan. Isaan Mootii addaa TOKKO irratti xiyyeeffatu. Eenyummaan Mootii tokkicha kanaa jalqaba Faarfannaa 2 irratti labsame. Inni Dibamaa Gooftaati—Kiristoos.

Kana jechuun mata-dureen Faarfannaawwanii Kiristoos qofa jechuu miti. Akkasumas Faarfannaan hundi karaa wal-fakkaatuun waa'ee Kiristoos fi ta'ii wangeelaa dubbata jechuu miti. Haa ta'u malee, waa'ee Kiristoos fi ta'ii wangeelaa hubachuun akkaataa Faarfannaan hundi itti ilaalaman irratti dhiibbaa qabu qaba jechuudha. Kiristoos mata-duree ijoo Faarfannaawwanii ta'uu isaatiif ragaan Kakuu Haaraa guutummaa keessatti ni argama. Fakkeenyaaf, Luqaas 24:44, Yohannis 5:46, Hojii Ergamootaa 3:18-24, fi 1 Phexros 1:10-12 ilaali.

Faarfannaawwan waa'ee Kiristoos fi ergaa wangeelaa ta'anis, isaan seenaa miti (akka Maatewos, Maarqos, Luqaas fi Yohannis), akkasumas isaan ergaa miti (akka Roomaa ykn Qolosaayiis). Isaan akka seenaatti yookiin akka ergaatti dubbifamuuf kan yaadaman miti. Faarfannaawwan walaloodha (#5 ilaali). Walaloon Faarfannaawwanii fi ergaan Faarfannaawwanii wal ta'uun seenaa Kiristoos fi seenaa saba isaa karaa miidhagaa ta'een himu. Walaloon Faarfannaawwanii amanaan waa'ee Kiristoos fi ta'ii wangeelaa ilaalcha “maashinaa” (miira malee) kan miira dhugaa irraa adda ba'e akka hin qabanne eega. Faarfannaawwan Kiristoosii fi ta'ii wangeelaa dubbisaatti dhiyeessu. Walaloon dubbisaan gara dhiphina Kiristoos akka seenu isa dandeessisa. Dubbisaan aaduu Kiristoos ni dhaga'a, dhiphina isaas ni hubata. Dubbisaan gammachuu Kiristoos walitti dhufeenya Yihoowaa wajjin qabuu fi gammachuu inni saba Yihoowaa irratti qabu ni arga. Walaloon Faarfannaawwanii dubbisaan Kiristoos wajjin akka kadhatu isa dandeessisa. Walaloon Faarfannaawwanii dubbisaan diinota Kiristoos, fuulaa fuulatti, akka qunnamu isa dandeessisa.

14. Faarfannaan tokko qofti guutummaatti waa'ee Kiristoos hin

ibsu. Faarfannaan 2 Kiristoosiin kan beeksisuu fi waa'ee isaa wanta baay'ee kan barsiisu ta'us, inni guutuu miti.

Faarfannaawwan biroo waa'ee Kiristoos odeeffannoo guddaa

dabalu. Kanaafuu, dubbisaan “barsiisa waa’ee Kiristoos” (theology of the Christ) isaanii Faarfannaa irraa gara Faarfannaatti ijaarrachuu qabu. Dubbisaan Faarfannaa hunda keessatti “Mooticha akka haaraatti yaaduu hin qabu. Fakkeenyaaf, waa’ee Mootichaa Faarfannaa 2 keessatti wanti baratame yeroo dubbisaan Faarfannaa 3 dubbisu yaadatamuu qaba. Ibsawwan waa’ee Kiristoos kanneen baay’ee adda adda ta’an yeroo tokko tokko wal-simsiisuuf ulfaataa ta’uu danda’u. Ibsawwan Mootichaa kanneen baay’ee adda adda ta’an kana wal-simsiisuun gammachuu dubbisaa fi dirqama lallabaa ti.

15. Faarfannaawwan garaagarummaa guddaa of keessaa qabu. Akkuma waltajjii muuziqaa gosa muuziqaa baay’ee qabuu, Kitaabni Faarfannaa gosa Faarfannaawwanii baay’ee of keessaa qaba. Faarfannaawwan adda addaa kun Kiristoosii fi ta’ii wangeelaa kallattii baay’een dhiyeessu. Kallattiiwwan sana argachuun gammachuu dubbisaa fi dirqama lallabaa ti.

16. Dubbistoonni Ergamoonni akkamitti Faarfannaawwan akka caqasan of-eeggannoon xiinxaluu qabu. Ergamoonni akka guutummaatti qajeelchitoota amanamoo hiika Kakuu Moofaa akka ta’anitti ilaalamuu qabu. Dubbii Inni Kutaa gara olii keessatti Ergamootatti dubbateen, Yesus Kiristoos duuka buutonni isaa barsiisni Ergamootaa Caaffata Qulqulluu keessatti galmeeffame dhugaa fi amansiisaa ta’uu isaa akka beekan kan barbaadu ta’uu isaa ifaadha.

“Ani abbaa nan kadhada, inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraa kan isiniif dubbatu, isiniif in kenna.”

Yohannis 14:26

“Ani waan baay’ee kanan isinitti himu illee qaba, ammaaf garuu baachuu hin dandeessan*. Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa; inni waan dhaga’u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti in mul’isa. Dubbii koo keessaa fuudhee waan isinitti mul’isuuf, inni anaaf ulfina in kenna. Waan abbaan qabu hundinuu kan koo ti; kanaafan inni dubbii koo keessaa fuudhee isinitti in mul’isa, jedhee isinitti dubbadhe? jedhe” **Yohannis 16:12-15**

Dubbii Yesus Yohannis 14:26 fi 16:12-15 irratti dubbate irratti hundaa’uun, Kristiyaanni barsiisa Ergamootaa isa Faarfannaawwan irratti hundaa’e akka dhugaa fi amansiisaatti fudhachuu qaba.

17. Daawit, inni barreessaa Faarfannaawwan baay’ee ta’e,

waa'ee Kiristoos barreessaa akka ture beeka ture. Daawit raajii ture (Hojii Ergamootaa 2:30). Akka Phexros Ergamichaatti, raajonni hundi waa'ee guyyoota Kiristoos fi ta'ii wangeelaa dursee dubbachaa turan (Hojii Ergamootaa 3:18-24 fi Hojii Ergamootaa 10:43 ilaali). Akka Phexrositti, raajonni dubbiin isaanii namoota gara fuulduraatti dhufaniif gargaarsa guddaa akka ta'u beeku turan (1 Phexros 1:10-12 ilaali). Kana jechuun Daawit, akka raajii tokkootti, waa'ee Kiristoos barreessaa akka ture beeka ture; akkasumas dubbiin isaa namoota isa booda dhufaniif gargaarsa akka ta'u beeka ture.

Dubbii Phexros waa'ee Daawit Hojii Ergamootaa 2:29-31 irratti dubbates ilaali. Akkasumas dubbii Kiristoos waa'ee Daawit Maarqos 12:35-37 irratti dubbates ilaali. Daawit Faarfannaa 110:1 irratti Kiristoosiin "Gooftaa" koo jedhee waamuun isaa hiika guddaa qaba. Kunis Daawit mootiin isa caalu tokko akka jiru beekuu isaa agarsiisa. Faarfannaawwan hundi hubannoo kana keessatti dubbifamuu qabu.

"Jechoota dhumaa" Daawit, 2Saamu'el 23:1-7 irratti argamanis inni waa'ee Kiristoos barreessaa akka ture beekuu isaa agarsiisu (gabateewwan fuula 127 fi 128 irra jiran ilaali). Barruun Afaan Ibrootaa inni yeroo baay'ee tajaajila irra oolu (yeroo tokko tokko *Masoretic Text* yookiin "MT" jedhamee kan waamamu) caqasoota kana haala Daawit ofii isaa "isa Waaqayyoo dibe Yaaqoob" fi "faarfataa mi'aawaa Israa'el" godhee akka waamutti kan dhiyeessu ta'us, barruun sun tarii haala kanaan dubbifamuu hin qabu. Septuajintiin caqasoota kanuma karaa baay'ee adda ta'een hiika; kunis Daawit waa'ee Kiristoos akka faarfatuuf kan kaafame ta'uu isaa agarsiisa!

Inni "waa'ee isa Waaqayyoo dibe Yaaqoobii fi faarfannaawwan Israa'el warra miidhagoo ilaalchisee" akka kaafame dubbata. Karaa biraatiin, Daawit, waa'ee Kiristoos saba Waaqayyootiif Faarfannaawwan akka barreessuuf Waaqayyoon akka kaafame dubbachaa jira. Kanaafuu, 1Saamu'el walaloo waa'ee Kiristoos dubbatuun jalqaba (1Saamu'el 2:1-10 ilaali), 2Saamu'el immoo walaloo waa'ee Kiristoos dubbatuun xumurama (2 Saamu'el 23:1-7 ilaali). Walaloowwan lamaan kana gidduutti, walakkaa kitaabota kanaatti (2 Saamu'el 7:1-17), abdi Yihoo'aa biraa waa'ee dhufaatii Kiristoos kennameetu jira! **Yeroo kitaabni 1-2Saamu'el gara Mootii isa guddaa sanaatti agarsiisaa jiru kana keessatti, Daawit ofii isaa jajachuun isaa waan keessummaa (waan hin amaleeffatamne) dha!**

18. Yesusii fi Ergamoonni Faarfannaawwan haala ifa ta'een akkataa karaa Masiihichaa (*Messianic way*) dubbisu turan.

Dubbisaan, Yesusii fi Ergamoonni akkamitti Kitaaba Faarfannaa akka eeran of-eeggannoon xiinxaluu qaba. Faarfannaawwan isaan caqasan hunda, Yesus Kiristoos wajjin, yookiin saba isaa wajjin, yookiin diinota Waaqayyoo wajjin, yookiin ta'ii wangeelaa wajjin wal qabsiisu. Ergamoonni Faarfannaa Masiihii hin ilaallannee fi wangeela irratti hin xiyyeeffanne yeroo hiikan FAKKEENYI TOKKO ILLEE hin jiru. Ergamoonni, hiikni dhumaa Faarfannaa tokkoo ta'iiwwan yeroo Faarfannaan sun barreeffame Israa'el keessatti ta'aa turan ilaallata jedhanii GONKUMAA hin dubbatan. Kun jechuun Ergamoonni haala seenaa sanaa wallaalanii turan jechuu miti. Mata-dureewwan Faarfannaawwan baay'ee dura mul'atan sun maxxansawwan Ergamoonni itti fayyadamaa turan keessa turaniiru. Haa ta'u malee, hiikni isaa, isaan haala seenaa sanaa yaada kennuu malee bira darbu jechuudha. Ifatti, Ergamoonni kun hiika isa hundarra caalaa barbaachisaa Faarfannaawwanii akka ta'etti hin fudhatan. Yesusis, yeroo Faarfannaawwan eeru haala seenaa sana guutummaatti jechuun ni danda'ama, xiyyeeffannoo itti hin kennu (bira darba). Yesus yookiin Ergamoonni yeroo haala seenaa sana eeran, hubannoo dogoggoraa dhaggeeffattoota isaanii sirreessuuf qofa godhu.

Caqasawwan kallattiin Faarfannaawwan irraa fudhatamanii Wangeelota keessatti argaman armaan gaditti tarreeffamanii jiru. Faarfannaawwan armaan gaditti caqasaman hundi waa'ee Yesus Kiristoos, yookiin saba isaa, yookiin diinota Waaqayyoo, yookiin ta'ii wangeelaa kan ilaallatan ta'uu isaanii hubachuun barbaachisaadha. **Maatewos:** Maatewos 4:6 (Faarfannaa 91:11-12 ilaali),³ Maatewos 7:23 (Faarfannaa 6:8 ilaali), Maatewos 13:32 (Faarfannaa 104:12 ilaali), Maatewos 13:35 (Faarfannaa 78:2 ilaali), Maatewos 16:27 (Faarfannaa 62:12 ilaali), Maatewos 21:9 (Faarfannaa 118:25-26 fi

³ Seexanni iyyuu Faarfannaawwan karaa Masiihichaa dubbiseera! Yeroo qorumsa lafa onaa Yesus irratti, Seexanni Faarfannaa 91:11-12 caqaseera; kunis Faarfannaan kun abdi "Ilma Waaqayyoo" isa dhugaatiif kenname ta'uu isaa akka inni hubate agarsiisa (Maatewos 4:6 fi Faarfannaa 91:11-12 ilaali). Yesus hubannoo Seexanni Faarfannaa 91 irratti qabu sirreessuu dhiisuun isaa hiika guddaa qaba. Yesus Faarfannaan kun dhugumatti Isa kan ilaallatu ta'uu isaa beeka. Akkasumas Faarfannaan kun abdi armaan gadii of keessaa qabaachuun isaa hiika guddaa qaba: "Ati leencaa fi bofa irra ni deemta; leenca dargaggeessaa fi bofas miilla keetiin ni dhiitta" (Faarfannaa 91:13). Kun abdi Waaqayyoo waa'ee mo'amu dhumaa "bofichaa" Uumama 3:15 irratti kenne kan agarsiisudha! Yesus isa abdi jalqaba Uumama 3:15 irratti kenname raawwatu dha.

Faarfannaa 148:1 ilaali), Maatewos 21:16 (Faarfannaa 8:2 ilaali), Maatewos 21:42 (Faarfannaa 118:22-23 ilaali), Maatewos 22:44 (Faarfannaa 110:1), Maatewos 23:39 (Faarfannaa 118:26 ilaali), Maatewos 26:38 (Faarfannaa 42:5-6 ilaali), Maatewos 27:35 (Faarfannaa 22:18 ilaali), Maatewos 27:46 (Faarfannaa 22:1 ilaali).

Maarqos: Maarqos 4:32 (Faarfannaa 104:12 ilaali), Maarqos 11:9 (Faarfannaa 118:25-26 ilaali), Maarqos 11:10 (Faarfannaa 148:1 ilaali), Maarqos 12:10 (Faarfannaa 118:22-23 ilaali), Maarqos 12:36 (Faarfannaa 110:1), Maarqos 14:34 (Faarfannaa 42:5-6 ilaali), Maarqos 15:24 (Faarfannaa 22:18 ilaali), Maarqos 15:34 (Faarfannaa 22:1 ilaali).

Luqaas: Luqaas 4:10-11 (Faarfannaa 91:11-12 ilaali), Luqaas 13:19 (Faarfannaa 104:12 ilaali), Luqaas 13:27 (Faarfannaa 6:8 ilaali), Luqaas 13:35 (Faarfannaa 118:26 ilaali), Luqaas 19:38 (Faarfannaa 118:26 ilaali), Luqaas 20:17 (Faarfannaa 118:22), Luqaas 20:42 (Faarfannaa 110:1), Luqaas 23:34 (Faarfannaa 22:18 ilaali), Luqaas 23:46 (Faarfannaa 31:5 ilaali).

Yohannis: Yohannis 2:17 (Faarfannaa 69:9 ilaali), Yohannis 6:31 (Faarfannaa 105:40 ilaali), Yohannis 10:34 (Faarfannaa 82:6 ilaali), Yohannis 12:13 (Faarfannaa 118:25-26 ilaali), Yohannis 15:25 (Faarfannaa 35:19 ilaali), Yohannis 19:24 (Faarfannaa 22:18 ilaali), Yohannis 19:36 (Faarfannaa 34:20 ilaali).

- 19. Ergamoonni Faarfannaa hunda hin caqasan.** Faarfannaan Ergamootaan caqasame kamiyyuu karaa ta'een Kiristoos wajjin, saba isaa wajjin, yookiin ta'ii wangeelaa wajjin wal qabata. Haa ta'u malee, Ergamoonni Faarfannaa hunda hin caqasan. Kun dubbistoonni har'aa itti fayyadamuu, hiikuu, yookiin...

Faarfannaawwan kana irraa lallabuu hin danda'an jechuu miti. Dubbisaan, Ergamoonni wangeela lallabuu fi Kiristoosiin jajachuuf Faarfannaa hundaatti fayyadamaa akka turan beekuu qaba.

- 20. Ergamoonni dubbisaan Kakuu Moofaatti akka fayyadamu barbaadu.** Akkaataa isaan Faarfannaawwan (fi kutaalee Kakuu Moofaa hafan) itti fayyadaman irratti hundaa'uun, Ergamoonni yeroo baay'ee bal'aa Faarfannaawwan (fi Kakuu Moofaa) qorachuu irratti akka dabarsan ifaadha. Yeroo Ergamoonni Faarfannaa tokko caqasan, dubbisaan guutummaa Faarfannichaa akka dubbisuu fi Faarfannaa sana haala isaa wajjin of-eeggannoon akka qoratu barbaadu. Fakkeenyaaf, Maatewos 27 keessatti, Maatewos Ergamichi irra deddeebi'uun Faarfannaa 22 eera. Inni dubbisaan gara Faarfannaa 22 akka deemuu fi guutummaa Faarfannichaa of-eeggannoon akka qoratu barbaada. Inni guutummaan Faarfannichaa ta'iiwwan yeroo fannifamuu

raawwatamaa turan kan ilaallatu ta’uu isaa dubbistoota isaatti mallattoo ergaa jira.

21. Faarfannaawwan diinota Waaqayyoo fi diinota Kiristoos irratti xiyyeeffannoo guddaa kennu. Kunis lakkoofsa jalqabaa Kitaaba aarfannaa irraa eegala. Xiyyeeffannoon diinota saba Waaqayyoo irratti kennamu barruu Faarfannaa keessatti qofa miti. Mata-dureewwan Faarfannaawwan baay’ee dura mul’atan keessattis mul’achuu danda’a (fkn, “FAARFANNAA DAAWIT. YEROO INNI ILMA ISAA ABSAALOM JALAA BAQATETTI”).
22. Dhiphinni Kiristoos mata-duree guddaa Faarfannaawwanii ti. Kitaaba 1ffaa Faarfannaawwanii (Faarfannaa 1-41) keessaa yoo xiqqaate Faarfannaawwan 30 ta’an waa’ee dhiphina namicha tokkoo (Mooticha Dibamaa) fi iyya inni oolamuuf iyyu bal’inaan ibsu. Kristiyaanonni dhiphina Kiristoos yaadachiifamuu fi inni akkamitti akka deebii kenne arguu qabu; kunis yoo xiqqaate sababoota lamaaf. Tokkoffaa, dhiphinni fi duuti Kiristoos dhiifamaa fi jireenya saba Waaqayyoo hundaaf biteera. Dhiphinni isaa gara galateeffannaa, waaqeffannaa, fi jajannaatti nama geessuu qaba. Lammaffaa, Kristiyaanonni dhiphina Kiristoos keessatti akka qooda fudhatan waamamaniiru. Kanaafuu, Kristiyaanonni yeroo dhiphatan wanti keessummaan isaan irra ga’aa akka jiru akka hin yaadneef (1 Phexros 4:12-13 ilaali), dhiphinni Kiristoos yeroo hunda yaadachiifamuun barbaachisaadha.
23. Kristiyaanni, “Kiristoos keessa” waan ta’eef, dhugumatti namicha ijoo Faarfannaawwan baay’ee keessa jiru wajjin of tokkoomsuu danda’a. Mootichi Dibamaan saba Waaqayyoo mata-duree ijoo Faarfannaawwan baay’ee ta’us, sabni Waaqayyoo waggoota kumaatamaaf ofii isaanii akka mata-duree ta’anitti Faarfannaawwan dubbisaa turaniiru. Sababni tokko kanaaf dhugaa ta’e duraan ibsameera: walaloon Faarfannaawwanii dubbisaan akka ofii isaa/ishee mata-duree Faarfannaa sanaatti akka ilaalu “affeera”. Haa ta’u malee, Kristiyaanonni dhuunfaatti Faarfannaawwan wajjin wal-simsiisuu kan danda’aniif sababni kana qofa miti (baay’een isaanii waa’ee Kiristoos ta’anis). Kristiyaanonni

Kiristoos wajjin tokko ta’aniiru. Jireenya isaa jireenya Kristiyaanaati. Phaawulos Ergamichi kana fakkeenyaaf, Rom. 12:1-11, Efe. 2:4-6, fi Qol. 3:1-4 keessatti ibseera. Kristiyaanni “Kiristoos keessa” waan ta’eef, wantoonni waa’ee Isaa dhugaa ta’an Kristiyaanichas dhugumatti kan ilaallatan ta’uu danda’u. Kanaafuu, ta’ii wangeelaa irraa kan ka’e, barreessitoonni Caaffata Qulqulluu wantoota addatti Kiristoosiin ilaallatan fudhatanii warra “Kiristoos keessa” jiraniif oolchu. Kana jechuun Faarfannaawwan addatti waa’ee Kiristoos ta’an qulqulloota (amantoota) eeruuf tajaajila irra ooluu danda’u.

Fakkeenyaaf, Faarfannaa 2 keessatti, Kiristoos akka “Ilma” Waaqayyooti waamameera. Faarfannaan kun yeroo baay’ee Kiristoos qofa eeruuf caqasameera. Haa ta’u malee, qulqulloota eeruufis caqasameera. Jireenya, du’a, fi du’aa ka’uu Yesus irraa kan ka’e, Inni “ilma Waaqayyoo” isa tokkicha miti. Inni “ilmaan” baay’ee gara ulfinaatti fideera (Ibroota 2:10 fi Roomaa 8:14 ilaali). Kanaafidha barreessitoonni boodaa caqasoota Faarfannaa 2 keessatti Kiristoosiin ilaallatan fudhatanii qulqullootaaf oolchuu kan danda’an. Fakkeenyaaf, Faarfannaa 2:9 addatti Kiristoosiin ilaallata. Mul’ata 12:5 fi Mul’ata 19:15 keessatti, Yesusiin eeruuf caqasameera. Haa ta’u malee, Mul’ata 2:26-27 keessatti, caqasni kun qulqullootaaf ooleera! Faarfannaa 2:7 caqasa biraa ifatti waa’ee Kiristoos dubbatudha. Ta’us Yohannis Ergamichi Mul’ata 21:7 irratti qulqulloota eeruuf itti fayyadameera. Ammas, jireenya, du’a, fi du’aa ka’uu Yesus irraa kan ka’e, amanaan dhugumatti Kiristoos wajjin tokkoomeera.

24. “Namichi ijoo” Faarfannaawwan keessaa hordofamuu qaba. Namni Faarfannaawwan keessatti dubbatu sun, namni Waaqayyoof bule tokko (dhiiras ta’e dubara) akkamitti jiraachuu, dhiphachuu, kadhachuu, waaqeffachuu, Waaqayyoon amanuu, fi qalbi diddiirrachuu akka qabu agarsiisa.
25. Kiristoos geggeessaa waaqeffannaa saba Waaqayyooti. Ga’een tajaajila Kiristoos kun yeroo baay’ee sababa ga’ee Inni akka Aarsaa, Fayyisaa, fi Mootii ta’uun qabuuf dagatama. Faarfannaawwan ifatti kan agarsiisan, Kiristoos Waaqayyoon waaqeffachuu fi saba Waaqayyoo, waaqeffannaa keessatti geggeessuutti akka gammadu dha; waaqeffannaan sun gadda keessatti, amantii keessatti, galateeffannaa keessatti, yookiin jajannaa keessatti yoo mul’ates. Kanaafuu, Faarfannaawwan akka agarsiistuu jaalala Yesus Waaqayyoo Abbaadhaaf qabuu fi hawwii guddaa inni sabni Waaqayyoo hundi haala jireenyaa kamiyyuu keessatti hafuuraa fi dhugaadhaan Waaqayyoon akka waaqeffatan arguuf qabuutti ilaalamuu qabu. Faarfannaawwan, Yesus har’a osoo lafa irra waldaa kristiyaanaa wajjin jiraatee, akkamitti saba isaa waaqeffannaa keessatti akka geggeessu nu barsiisu.

Faarfannaa 1 ...

... **Faarfannaa jalqabaa Kitaaba Faarfannaa keessaati; kanaafuu, hiika addaa qaba.** Gulaalaan dhumaa kan Faarfannaa (namicha ykn namoota Faarfannaa tartiiba dhumaa qabsiisan) sababa adda ta'eef Faarfannaa kana jalqaba irratti kaa'an. Kanaaf, Faarfannaan kun akka seensaatti guutummaa Kitaaba Faarfannaatiif tajaajila. Faarfannaa 1 ergaa Kitaaba Faarfannaa keessatti argamu cuunfee dhiyeessa. Faarfannaa 1 dubbisaan Faarfannaawwan hafan keessatti maal akka arguuf deemu isa qopheessa.

... **namoota Faarfannaawwan hundi isaaniif barreeffaman ibsa.** Macaafni Faarfannaa kitaaba faarfannaa namoota Waaqayyo biraa eebbifamaniiti. Namoonni kun dhugaa kanaan adda ba'u: (1) hammeenya ni mormu, (2) dubbii gaarii Waaqayyoo isa "Seera Gooftaa" keessatti ibsame of-eeggannoon dhaggeeffatu, itti gammadu, hojii irras ni oolchu, (3) yeroo hunda Waaqayyoon ni sooramu, (4) ija guddaa ni godhatu, fi (5) Waaqayyo biratti waan beekamanii fi Isaan waan eebbifamaniif firdii dura dhaabbachuu ni danda'u.

... **xiyyeeffannoo gosa namoota lama addunyaa irra jiran irratti kenna: warra hamootaa fi warra qajeelota.** Faarfannaan addaa kun (yoo xiqqaate kallattiin) hamoota gara qalpii diddiirraatti hin waamu (Faarfannaa 2 garuu hamoota gara qalpii diddiirraatti ni waama - Faarfannaa 2:10-12 ilaali). Kanaa irra, qajeelotaaf gargaarsa fi jajjabina kenna, kunis dhiphina guddaa gidduutti illee jireenya abdiin guutame akka jiraataniif. Faarfannaan kun amantii qajeelotaa ijaaruuf kan yaadameedha. Waaqayyo warra hammeenya mormanii fi dubbii isaa gaarii Caaffata Qulqulluu keessatti ibsame of-eeggannoon dhaggeeffatan, itti gammadan, fi hojii irra oolchan ni badhaasa.

... **gochawwan yeroo ammaa kan qajeelotaa fi gochawwan yeroo ammaa kan hamootaa irratti xiyyeeffata.** Qajeelonni yeroo ammaa hammeenya irraa fagaachaa, dubbii gaarii Waaqayyoo isa Caaffata Qulqulluu keessatti ibsame xiinxalaa fi ajajamaa jiru; hamoonni garuu yeroo ammaa waa'ee hammeenya yaadaa fi raawwachaa jiru.

... **bu'a-qabeessummaa qajeelotaa fi bu'a-dhabeessummaa hamootaa irratti xiyyeeffata.** Qajeelonni baay'ee bu'a-qabeessa waan ta'aniif, faarfataan sun biqilaa of-eeggannoon bo'oo bishaanii cina dhaabame waliin isaan wal-bira qaba. Hamoonni immoo baay'ee bu'a-dhabeeyyii waan ta'aniif, habaqii qilleensi fuudhee badu waliin wal-bira qabaman.

... **carraa egeree hamootaa fi carraa egeree qajeelotaa irratti xiyyeeffata.** Firdiin jira. Firdiin kun “karaa” (akkaataa jireenyaa) namaa irratti hundaa’aa. Yeroo firdiitti namoonni tokko tokko Yihoowaa biratti qajeelota jedhamanii labsamu, namoonni tokko tokko immoo yakkamtoota jedhamu. Qajeelonni Yihoowaa biraa badhaasa argatu, hamoonni garuu Yihoowaa biraa itti murtaa’aa.

... **barbaachisummaa dubbii Waaqayyoo itti siqanii xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun jalqaba.** Kutaaleen sadan Kakuu Moofaa Ibrootaa (Seera, Raajotaa fi Faarfannaa—Luqaas 24:44 ilaali) gaarummaa dubbii Waaqayyoo fi barbaachisummaa dubbii isaa itti siqeenyaan xiinxaluu fi ajajamuu irratti xiyyeeffachuun jalqabu. Seerri, Waaqayyoo dubbii isaatiin waan hundumaa akka uume, wanti gaariinii fi hamaan maal akka ta’e dubbii isaatiin akka labse, fi ilmi namaa dubbii isaatiif ajajamuu akka qabu cimsudhaan jalqaba (Uumama 1-3 ilaali). Raajonni dubbii Iyaasuudhaaf qajeelfameen jalqabu. Inni dubbii gaarii Waaqayyoo akka xiinxaluu fi akka isaaf ajajamu ajajameera: “Cimi, ija jabaadhus! Seera Museen garbichi koo si abboome hundumaa eeguudhaaf of eeggadhu! Iddoo dhaqxu hundumaatti wanti ati gootu akka wal siif qixxaatutti isa irraa gara mirgaatti yookiis gara bitaatti hin jal’atin! Macaafni seeraa kun afaan kee keessaa hin dhabamin! Halkanii fi guyyaas waa’ee isaa yaadi! Karaan kee akka siif qajeelutti, wanti ati gootus akka wal siif qixxaatutti, wanta isa keessatti caafame hundumaa gaarii godhii eegi!” (Iyaasuu 1:7-8). Faarfannaa 1 jalqaba Faarfannaawwanii ti (yeroo tokko tokko *Barreeffamoota* jedhamu), kutaa sadaffaa Macaafa Qulqulluu Ibrootaa ti. Akkuma Iyaasuu 1, Faarfannaa 1 eebba nama dubbii Waaqayyoo guyyaa fi halkan duukaa bu’uuf dhufu irratti xiyyeeffata.

... **mata-duree (jechoota seensaa kan akka “Faarfannaa Daawit” jedhu) of keessaa hin qabu.** Kitaaba 1ffaa Faarfannaa (1-41) keessatti, Faarfannaa 1, 2, 10, fi 33 qofatu mata-duree of keessaa hin qabu. Dhabamuun mata-duree, Faarfannaa 1 Faarfannaawwan isa hordofan irraa adda ba’uu isaa kan agarsiisu fakkaata. Kunis Faarfannaan kun guutummaa Kitaaba Faarfannaatiif seensa ta’uu isaatiif mallattoo tokkodha

... **lyaasuu 1:8 ni caqasa.** Ajajni yeroo lyaasuun Israa'eloota gara Biyya Abdachiifameetti akka geggeessuuf muudametti isaaf kenname, yeroo Faarfannaa kana qorannu of-eeggannoon qoratamuu qaba; sababiin isaas faarfatiichi "Namicha Eebbifamaa" Faarfannaa 1 keessaa, yoo xiqqaate karaa ta'een, lyaasuu wajjin wal qabsiisaa akka jiru ifaadha. lyaasuun saba Israa'el gara Biyya Abdachiifameetti akka geggeessuuf nama Yihoowaaiin filatame ture. Haa ta'u malee, lyaasuun diinota isaanii hunda irraa boqonna isa dhumaa sabaaf fiduu hin dandeenye. Ajaja lyaasuuf kenname caqasuudhaan, faarfatiichi dubbistoota isaatiif, "Namichi Eebbifamaan" sun, akkuma lyaasuu, saba Waaqayyoo gara Biyya Abdachiifamee Isaatti akka geggeessuuf nama Yihoowaaiin filatame ta'uu isaa mallattoo ergaa waan jiru fakkaata. Haa ta'u malee, lyaasuu irraa adda ta'uun, "Namichi Eebbifamaan" sun ni milkaa'a, hojii isaas guutummaatti ni raawwata.

... **Kakuu Haaraa keessatti kallattiin hin caqasamne.** Haa ta'u malee, Faarfannaa 1 Ermiyaas 17:7-8 fi Hisqi'eel 47:12 keessatti caqasameera. Kutaaleen Faarfannaa 1 wajjin wal qabatan kun of-eeggannoon qoratamuu qabu.

1

Namni⁵ akka gorsa warra jal'ootaatti hin deddeebine⁶, karaa cubbamooni irra adeeman irra kan hin ejjenne, warra ga'isanii wajjinis tarree kan hin teenye gammachuu qaba⁴

⁴ “**Eebbifamaa/Gammachuu kan qabu**” jechuun ibsa jaalalaa, ayyaanaa, araaraa, fudhatama argachuu, michummaa, gammachuu, bu’a-qabeessummaa, fi gargaarsa Waaqayyoo biraa nama inni “eebbise” irratti dhangala’uu ti. Kun gaarummaa Waaqayyoo, bifa isaa hundaan, nama Inni filate irratti roobu dha (Ba’uu 34:6-7a ilaali).

Faarfannaa 1:1 namicha “eebbifamaa” sana ibsuudhaan jalqaba. Faarfannaa 2 (inni akkuma Faarfannaa 1, Faarfannaa seensaa ta’e) saba “eebbifamaa” ibsuudhaan xumurama: “Warri isatti kooluu galan hundinuu eebbifamoodha” (2:12). Itti fayyadamni jecha “Eebbifamaa” lameen kun hidhata Far. 1 fi Far. 2 walitti qabsiisu uuma. Walitti hidhamni kun, Faarfannaawwan lamaanuu waa’ee eenyummaa, gochawwan, fi carraa egeree namoota Yihoowaa biraa eebbifamanii ta’uu isaa agarsiisa. Faarfannaawwan lamaanuu akkasumas waa’ee eenyummaa, gochawwan, fi carraa egeree warra Waaqayyoo fi saba isaa mormanii ti. Eebbawwan seensaa lamaan kana booda, jechi eebbifamaa jedhu guutummaa Faarfannaawwanii keessatti caalaatti ibsameera. Far. 32:1-2 (Phaawulos caqasoota kana Rom. 4:5-8 irratti caqaseera), 33:12, 34:8, 40:4, 41:1, 65:4, 84:4-5, 84:12, 89:15-16, 94:12-13, 106:3, 112:1, 119:1-3, 127:5; 128:1-2, 137:8-9, 144:15, fi 146:5 ilaali.

⁵ Jechi **namni** jedhu namoota (dhiiraa fi dubara) walumaa galatti agarsiisuu danda’a. Jecha biraa, Faarfannaan kun nama dhuunfaa kamiyyuu (dhiiras ta’e dubara) kan Waaqayyoo biraa eebbifame ilaallata.

Haa ta’u malee, kun karaa tokkicha Faarfannaan kun itti dubbifamu miti. Faarfannaan kun xiyyeeffannoo kan kennu **namicha** hir’ina tokko malee Waaqayyoo duratti deddeebi’e irratti ta’uun isaa barbaachisaadha. Namichi kun hammeenya fi hamaa hojjetoota mormeera; dubbii Waaqayyootis gammadeera. Kanaafis, inni akka muka ija godhatuu ta’eera. Namichi kun waanuma Waaqayyoo akka namni hojjetu uume hunda hojjetaa jira (Uumama 1:26-28 fi Far. 8 ilaali). Dubbistoonni Kakuu Moofaa fi Haaraa ni beeku, yeroo cubbuu Addaam irraa jalqabee, namichi akkasii takkaa jiraatee hin beeku (Far. 14 fi Rom. 3:9-18 ilaali). Wanti Faarfannaa 1 keessatti dubbatame dhugumatti kan dubbatamu waa’ee **Yesus qofaa** ti. Isa qofatu guutummaatti hir’ina kan hin qabneedha. Namoota lafa irraa hunda keessaa, Isa qofatu hammeenya irraa fagaate, **Seera Gooftaa** tis guyyaa fi halkan gammade. **Yesus dhugumatti Namicha Eebbifamaa SANA dha.** Haa ta’u malee, du’aa fi du’aa ka’uu isaa irraa kan ka’e, wanti Faarfannaa 1 keessatti dubbatame warra amantiidhan “Kiristoos keessatti” lakkaa aman hundaafis dhugaadha. Kanaafuu, amanaan “eebbifamaa” dha, sababiin isaas inni yookiin isheen “Namicha Eebbifamaa” sana—Yesus **keessa** waan jiraniif. Faarfannaawwan faarfannaa fi kadhannaa Namicha Eebbifamaa SANA (Yesus) fi saba eebbifamaa warra “Isa keessa” waan jiraniif qofa eebbifamanii ti.

⁶ Jal’oonni karoora (“gora”) kan namichi eebbifamaan sun keessatti hin hirmaanne qabu. Karoorri jal’ootaa Faarfannaa 1 keessatti adda ba’ee hin ibsamne. Karoorri jal’ootaa, garuu, Faarfannaa 2 keessatti adda ba’ee ibsameera. Karoorri isaanii bulchiinsa Yihoowaa fi bulchiinsa Mootii Isaa isa Dibame, Kiristoos (Afaan Ibrootaan Masihiin) irratti finciluudha. Kanaaf, Far. 1 waa’ee “gora” jal’ootaa dubbata malee, amala gorsa isaanii isa hamaa hin ibsu. Far. 2 garuu amala gorsa isaanii isa jal’aa ni ibsa. Gochawwan murtaa’oon jal’oonni karoora isaanii isa hamaa fiixaan baasuuf fudhatan Faarfannaawwan hafan keessatti bal’inaan ibsamaniiru. Haaluma wal fakkaatuun, gochawwan murtaa’oon Yihoowaa Kiristoosiin diinota isaa jalaa oolchuu fi bakka bu’a-qabeessummaa guddaa irra isa kaa’uuf fudhatu Faarfannaawwan hafan keessatti bal’inaan ibsamaniiru.

warra ga'isanii wajjinis tarree kan
hin teenye ⁷gammachuu qaba!

2

Qooda kanaa isa gammadu ⁸kanatti seerri Waaqayyoo ⁹itti in tola,

⁷ Faarfannaan 1 namicha qajeelaa ("Eebbifamaadha namichi") gareewwan namoota jal'oota guutummaatti mormaa ture ("inni gorsa hamootaa irra hin deemne, karaa cubbamootaa irra hin dhaabbanne, teessoo warra ga'istootaa irra hin teenye") gabaabaatti eeruun jalqaba. Lakkoofsi seensaa kun guutummaa Kitaaba Faarfannaatiif mata-duree kaa'a. Yeroo baay'ee, Faarfannaan namicha qajeelaa tokko, isa osoo hammeenya tokko illee hin raawwatin harka diinota hamoo baay'een dhiphachaa jiru irratti xiyyeeffata. Kun, dhugumatti, dhiphina Kiristoosiin guutummaatti ibsa. Osoo yakka hin qabaatin, harka hamootaan dhiphachaa, kophaa isaa dhaabbate (Faarfannaa 26:4-5 ilaali). Kun dhiphina warra "Kiristoos keessa" jiraniis ni ibsa. Karaa kanaan, Faarfannaan 1 dhugumatti waa'ee dhiphina (fi fayyuu) Namicha Eebbifamaa SANAA—Kiristoos ibsuuf, fi yeroo wal-fakkaataatti, waa'ee dhiphina (fi fayyuu) namoota eebbifamoo warra Kiristoos keessa waan jiraniif qajeelota jedhamanii labsamanii sana ibsuuf tajaajila. Hiika gargaaraa "ga'isaa" argachuuf Macaafa Fakkeenya 21:24 ilaali.

⁸ Namni eebbifamaan waa'ee "seera Gooftaa" yaaduu fi ajajamuu irratti gammachuu guddaa argata. Caaffata Qulqulluutti gammaduun mallattoo qulqullootaati. Isaan dubbii Waaqayyoo ni jaallatu. Kana malees, "seera Gooftaa"tti gammaduun wantoota biroo Faarfannaa kana keessatti raawwataman wajjin walitti dhufeenya cimaa qaba. "Seera Gooftaa"tti gammaduun, humna namichi eebbifamaan sun jal'inaan mormuuf qabu (lakkoofsa 1), ija baay'ina qabu godhachuu isaa (lakkoofsa 3), fi yeroo firdii dhumaatti murtii gaarii argachuu isaa (lakkoofsa 5-6) wajjin wal qabata.

Waa'ee namicha eebbifamaa isa guutummaatti seera Waaqayyootti gammaduu sana ilaalchisee, dubbii Musee Seera Keessa Deebii 17:14-20 irratti argamu of-eeggannoon dubbisaa. Kutaa kana keessatti, Museen waa'ee mootii Israa'eloonni of irratti moosisuuf jiran sanaa qajeelfama bal'aa kenneera. Akka Museetti, mootiin saba Waaqayyoo bulchuuf gahumsa qabu, isa seera Waaqayyoo "bara jireenya isaa hundumaa" ciminaan dubbisuu fi ajajamuu danda'u qofa. Akkuma Macaafonni Saamu'el 1-2, Mootota 1-2, fi Seenaa Baraa 1-2 agarsiisanitti, mootota Israa'el keessaa tokko illee dubbii Musee kana guutummaatti hin raawwanne. **Yesus Mooticha dha kutaa kana kan fiixaan baasu.** Inni MOOTICHA guutummaatti seera Waaqayyootti gammaduu fi guutummaatti isaaf ajajamu dha. Seenaan Yesus yeroo mana qulqullummaa ture, umrii waggaa 12tti, akka inni umrii ijoollummaa isaa irraa jalqabee xiinxala dubbii Waaqayyoo jaallachaa ture agarsiisa (Luqaas 2:41-52 ilaali). Jireenyi Yesus inni hafes jaalala inni dubbii Waaqayyoottiif qabuu fi ajajamuu isaa isa mudaa hin qabne mirkaneessa (Maatewos 5:17-20 fi Yohannis 4:34 ilaali). Yesus dubbii Waaqayyoo guutummaatti waan hordofuuf akka Mootii keenyaatti amanamuu ni danda'a. Inni dhiirotaa fi dubartoota eebbifaman hunda caalaa "namicha eebbifamaa" dha. Faarfannaa 119:35, 47, 92, fi 97s ilaali.

⁹ Faarfannaan 1 gaaffii, "Seerri ilmaan namaa maali?" jedhu deebisa. Deebiisaa "Seera Gooftaa" ti. Faarfannaan 2 immoo gaaffii kanaa wajjin wal qabatu: "Eenyutu ilmaan namaa irratti geggeessaadha?" jedhu deebisa.

innoo halkanii fi guyyaa ¹¹waa'ee seera Waaqayyoo in yaada ¹⁰

3

Inni akka muka isa bishaan yaa'aa qarqara dhaabamee, ¹²

¹⁰ Namni qajeelaan “seera Gooftaa” duukaa in bu’aa. Yeroo hunda sammuu isaa fi arraba isaa irra jira. Hamoonni garuu, hammeenya xiinxalu. Jechi Faarfannaa 2:1 keessatti “malatu” (“sabni maaliif waan hin taane malatu”) jedhamee hiikame jecha Faarfannaa 1:2 keessatti “xiinxalu” jedhamee hiikame wajjin tokko ta’uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qajeelonni seera Waaqayyoo duukaa bu’u, jal’oonni garuu bulchiinsa Waaqayyoo fi bulchiinsa Mootii Isaa of irraa dhiibu. Of irraa dhiibuun kun, dhugumatti, hin raawwatamu. Akkuma Faarfannaa 2:1 ifa godhutti, yaadni hamootaa “waan bu’aa hin qabne” dha.

Raajichi Ermiyaas Ermiyaas 17:7-8 keessatti Faarfannaa 1 eera. Haa ta’u malee, inni waa’ee seera Yihoowaa xiinxaluu hin eeru. Kanaa irra, inni waa’ee Yihoowaa iin amanuu dubbata: “Namni Waaqayyoon amanatu, inni abdiin isaa Waaqayyoo ta’e eebbifamaadha.” Akkaataa Ermiyaas Faarfannaa 1 itti fayyadame irratti hundaa’uun, seera Gooftaa duukaa bu’uun Yihoowaa irratti amantii qabaachuu wajjin wal-qixa.

¹¹ Jechoonni “inni guyyaa fi halkan in yaada” jedhan Macaafa Iyaasuu irraa fudhataman (Iyaasuu 1:8 ilaali). Faarfatiichi, karaa ta’een, “Namicha Eebbifamaa” Faarfannaa 1 keessaa fi Iyaasuu gidduu walitti dhufeenya uumaa jira, sababiin isaas ajajni guyyaa fi halkan akka yaaduuf kenname jalqaba isaaf dubbatame waan ta’eef. Iyaasuun saba Israa’el gara Biyya Abdachiifameetti akka geggeessuuf nama Yihoowaa iin filatame ture. Haa ta’u malee, Iyaasuun garaa saba sanaa jijjiiruu hin dandeenye. Akkuma barreessaan Ibrootaa jedhutti, inni dhuma irratti saba sana gara “boqonnaa Waaqayyoo” tti fiduu hin dandeenye (Ibroota 4:8 ilaali). Faarfatiichi dubbistoota isaatiif, “Namichi Eebbifamaa” sun, akkuma Iyaasuu, saba Waaqayyoo gara Biyya Abdachiifamee Isaatti akka geggeessuuf nama Yihoowaa iin filatame ta’uu isaa mallattoo ergaa jira fakkaata. Haa ta’u malee, Iyaasuu irraa adda ta’uun, “Namichi Eebbifamaa” sun ni milkaa’aa.

Seera Gooftaa “guyyaa fi halkan” yaaduu jechuun itti fufiinsaan yaaduu jechuudha. Faarfannaawwan seensaa lamaan wal hordofanii dhufan, Kiristoos guyyaa fi halkan Yihoowaa iiti iyya isaa dhiyeessuu isaa agarsiisuun isaanii hiika guddaa qaba (Faarfannaa 3:5, 4:8, 5:3, fi 6:6 ilaali). Inni wantuma Faarfannaa 1:2 irratti dubbatame sirriitti raawwachaa jira! Faarfannaawwan kana keessatti, Kiristoos dhiphina guddaa kana gidduutti illee seera Gooftaa yaadaa akka jiru hubachuun barbaachisaadha. Yaadni Kiristoos seera Gooftaa irratti qabu warra Isa keessa jiran hundaan hordofamuu qaba. Dhiphina guddaa gidduutti illee, sabni Waaqayyoo dubbii isaa gaarii yaaduu qabu. Yoo sabni Waaqayyoo dubbii gaarii Waaqayyoo hin yaadan ta’e, jabaatanii dhaabbachuu hin danda’an. Xiyyeeffannoon seera Waaqayyoo yaaduu Kiristoos kan guyyaa fi halkan irratti kenname, tarii sababa gulaalaan sun Faarfannaa 3-6 Faarfannaa 1 tti dhiyeessee kaa’eef ta’uu danda’aa.

¹² Namichi eebbifamaan baay’ee ija-qabeessa. Inni muka bishaanii qarqara dhaabameen wal-bira qabama. Bu’aan kunuunsa muka sanaa, mukichi yeroo hongeeitti illee ija akka godhatuuf yeroo hunda sooramuu isaati. Caqasoota kanaa wajjin wal qabsiisuun Yohannis 15:1-11 of-eeggannoon ilaalaa. Sababiin isaas Yesus Namicha Eebbifamaa SANA waan ta’eef, Innis baay’isee ija godhata. Warri Isa keessa jiran hundi ija baay’ee godhatu, sababiin isaas Inni isa ija godhatuudha. Faarfannaan 1 dhugumatti bu’aa-qabeessummaa Namicha Eebbifamaa SANAA, Kiristoos ibsuu, fi yeroo wal-fakkaataatti, bu’aa-qabeessummaa namoota eebbifamoo warra Kiristoos keessa waan jiraniif ija akka godhatan taasifamanii ibsuuf tajaajiluu danda’aa. Waa’ee ija jireenya amanaa keessatti mul’atuu, Galaatiyaa 5:22-23 ilaali. Ermiyaas kutaa Faarfannaa kanaa muraasa Ermiyaas 17:7-8 irratti caqaseera: “Inni akka muka bishaan bira dhaabamee, hidda isaa gara lagaatti erguu ti”. Bishaan kun Ermiyaas 17:13 irratti “bishaan jireenyaa” jedhamee waamameera. Akkasumas dubbii Yesus Yohannis 4:7-15 fi 7:37-39 fi dubbii Yohannis Ergamichaa Mul’ata 7:17, 21:6, fi 22:17 irratti dubbate ilaali.

yeroo yeroo isaatti ija kennuu¹³, baalli isaas
gogee hin harcaanee ti;¹⁴
wanti inni hojjetu hundinuus wal in qixxaataaf¹⁵

4

Warri jal'oonni garuu akka kana miti;

isaan akka abaqii qilleensi fuudhee adeemuu ti¹⁶

13

Mukichi, kunuunsa sanaa irraa kan ka'e, ija baay'ee godhata. Haa ta'u malee, ijji battalumatti akka hin mul'anne hubadhaa. Kanaa jechuun, "yeroo isaatti" mul'ata. Lakkoofsi sadii, eгаа, bu'a-qabeessummaa egeree namicha eebbifamaa sanaa mirkaneessa. Kun waa'ee Kiristoos dhugaa ture. Yeroo tajaajila isaa lafa irraatti ija itti fufiinsa qabu godhachaa waan ture hin fakkaatu. Du'aa fi du'aa ka'uu isaa irraa kan ka'e garuu, har'as ija godhachaa jira! Yeroo tokko tokko, nuti Kristiyaanota taanee iyyuu, "ija" waan hin argineef tattaaffiin keenya "ija kan hin godhanne" waan fakkaatuuf abdi kutachuuf qoramuu dandeenya. Haa ta'u malee, Waaqayyo dubbii isaa akka eegu amantii qabaachuu qabna. Yeroo ammaa dubbii Waaqayyooti gammaduun "yeroo isaatti" bu'a-qabeessummaa argamsiisa.

14

Hisqi'eel kutaa lakkoofsa kanaa muraasa Hisqi'eel 47:12 irratti caqaseera: "Qarqara lagichaa garasii fi garanaan mukti iji isaa nyaatamu akaakuun garaa garaa jira; bishaan lagichaa iddoo qulqullaa'aa keessaa waan ba'uuf mukkeetiin sun baalli isaanii hin harca'u, ji'a ji'aanis ija in godhatu malee hin dhan; iji isaanii nyaataaf baalli isaanii immoo qorichaaf in ta'a" naan jedhe." Dubbiin Hisqi'eel kutaa kitaaba isaa kan waa'ee mana qulqullummaa guddaa guyyoota dhumaatti ijaaramuuf jiru ilaallatu keessa jira. Manni qulqullummaa kun Kiristoosii fi warra Isa keessa jiran bakka bu'a (Yohannis 2:18-22, 4:19-24, 7:37-39, Efesoon 2:19-22, fi 1 Phexros 2:4-8 ilaali). Yohannis Ergamichi dubbii Hisqi'eel Mul'ata 22:1-2 irratti caqaseera: "Ergasiis ergamichi laga bishaan jireenyaa, isa akka kiristaalaa calaqqisu, teessoo Waaqayyoo fi Hoolichaa jalaa ba'ee, karaa magaalattii walakkaa yaa'u na argisiise; lagicha gamaa fi gamana muka jireenyaa kan ji'a ji'aan ija kennu, gosa kudha lamaan ija godhatuutu ture. Baalli mukichaas saba fayyisuuf ture." Yohannis muka kana "muka jireenyaa" jedhee waama. Kanaafuu, muka bo'oo bishaanii cinaa dhaabame kan Faarfannaa 1 keessaa fi muka jireenyaa isa jalqaba Uumama 2:9 irratti ibsame gidduu walitti dhufeenyi uumameera. Faarfannaan kun fakkii muka jireenyaa isa dhugaa ti— Namicha Eebbifamaa SANAA, Yesus! Akkasumas fakkii warra Isa keessa jiran hundaa ti!

15

Waaqayyo namichi eebbifamaan akka milkaa'u godha. Kun namichi eebbifamaan gongumaa hin dhiphatu jechuu miti. Faarfannaan kun waa'ee dhiphina qajeelotaa akeekuudhaan jalqabe. Dhiphinni Faarfannaa 3 irraa eegalee xiyyeeffannoo guddaa ta'a! Kun jechuun Waaqayyo namicha sana, haala kamiyyuu keessatti (dhiphina keessattis), kaayyoo isaa gaarii galmaan ga'uu irratti akka milkaa'u godha. Roomaa 8:31-39 ilaali.

16

Hamoonni ija hin qaban. Hojiin isaanii ragaa gargaarsa fi eebba Waaqayyoo hin qabu. Ija dhabuu isaanii irraa kan ka'e, hamoonni ni murtaa'uuf. Iyoob 21:18s ilaali.

5

Egaa warri jal'oonni firdii duratti hin jabaatan,
cubbamoonnis walga'ii qajeelotaa keessa hin dhaabatan¹⁷.

6

Waaqayyo karaa qajeelotaa duukaa bu'ee in beeka¹⁸,
karaan jal'ootaa garuu gara badiisaatti in geessa¹⁹.

-
- ¹⁷ Lakkoofsi 5 gochawwan yeroo ammaa kan qajeelotaa fi hamootaa irraa gara yeroo firdii dhumaatti darba. Yeroo sanatti, hamoonni ni faradama. Hammeenya isaanii irraa kan ka'e, cubbamoota jedhamanii labsamu; "waldaa qajeelotaa" keessatti akka hafanis hin eeyyamamuuf. Maatewos 25:31-46, Luqaas 21:36, fi Mul'ata 20:11-15 ilaali.
- ¹⁸ Haala Faarfannaa kanaa keessatti, qajeelaa jechuun, nama guyyaa fi halkan seera Waaqayyoo yaadu fi cubbuu keessa hin deddeebine jechuudha.
- ¹⁹ Qajeelonni abdi qabaachuu ni danda'u, sababiin isaas "injifannoon" yeroo gabaabaa kan hamootaa ni xumurama. "Karaan" hamootaa, yeroo ammaa milkaa'aa kan jiru fakkaatus, ni bada. Garuu "karaan" qajeelotaa, yeroo ammaa kufaa kan jiru fakkaatus, bu'a-qabeessa ni ta'a, gara jireenya bara baraattis ni geessa.

Faarfannaa 2 ...

... akkuma Faarfannaa 1, Faarfannaa seensaa ta'uuf kan yaadameedha.

Faarfannaan kun sababa barbaachisummaa isaa guddaa irraa kan ka'e, Kitaaba Faarfannaa keessatti ta'e jedhamee lammaffaa irratti kaa'ameera. Faarfannaan 2 mata-duree Mootii Waaqayyoo isa Dibamee (Kiristoos) gara Faarfannaawwaniitti beeksisa. Mata-dureen kun guutummaa Kitaaba Faarfannaa keessatti ni dagaaga, ni kabajamas. Haa ta'u malee, mata-dureen waa'ee Kiristoos Faarfannaa 2 keessatti beeksisamee cuunfameera.

Faarfannaan 2 mata-duree Mootii Waaqayyoo isa Dibamee gara Kitaaba Faarfannaatti ibsuun isaa, kun Kakuu Moofaa keessatti waa'ee Kiristoos caqasamuun isaa isa jalqabaa ti jechuu miti. Kitaabni Kakuu Moofaa keessa jiru hundi, karaa ta'een, waa'ee Kiristoos dubbata. Kiristoos kitaaba hunda keessatti akkamitti akka labsame argachuun gammachuu dubbisaa fi itti-gaafatamummaa lallabaa ti. Waa'ee Kiristoos mata-duree Caaffata Qulqulluu Kakuu Moofaa ta'uu isaa ilaalchisee, dubbii Yesus Luqaas 24:25-27, 24:44-48, Yohannis 5:39-40, fi 5:46-47 irratti dubbate ilaali.

... akka seensaatti Faarfannaawwan Daawitiif tajaajila.

Faarfannaawwan Daawit (gareen Faarfannaawwanii Faarfannaa 3 irraa jalqabu) Faarfannaa 2 sammuu keessa qabaachuun dubbifamuu qabu. Kanaaf, Faarfannaan 2 mooticha isa dubbisaan yeroo Faarfannaawwan dubbisu yaaduu qabu adda baasee agarsiisa. Jecha biraatiin, Faarfannaawwan Daawit, duraan dursee, waa'ee Daawit miti. Kanaa jechuun, isaan Daawitiin kan barreeffaman waa'ee Kiristoos—Mooticha isa Faarfannaa 2 keessatti adda ba'ee ibsamee ti. Kunis akkaataa Yesus waliigalatti Faarfannaawwan itti caqasu (Luqaas 24:44 ilaali), fi akkaataa Ergamoonni Faarfannaawwan “kan Daawit” adda addaa itti hiikan irratti hundaa'uun ifaadha. Fakkeenyaaf, dubbii Phexros Hojii Ergamootaa 2:22-36 irratti dubbate ilaali. Caqasoota kana keessatti, Phexros Faarfannaawwan lama caqasa. Inni Faarfannaawwan “kan Daawit” kun waa'ee Daawit akka ta'an hin dubbatu. Kanaa jechuun, inni Faarfannaawwan lamaanuu waa'ee Yesusiif dhimma itti bahe (Yesusiin kan ilaallatan ta'uu isaa ibsa).

... Faarfannaa 1 wajjin wal qabata. Faarfannaawwan seensaa lamaan kun wal guutu. “Seera Gooftaa” (Faarfannaa 1) tti gammaduun uumamumaan nama gara jaalala Kiristoositti (Faarfannaa 2) geessa, sababiin isaas Caaffanni Qulqulluun hundi waa'ee Kiristoos waan dubbatuuf ³⁴ammammas, Luqaas 24:25-27 fi

24:44-48 ilaali). Jaalalli Kiristoos (Far. 2), uumamumaan nama gara “Seera Gooftaa” tti gammaduu fi ajajamuutti geessa, sababiin isaas Yesus dubbii Waaqayyoo ni jaallata, saba isaas Waaqayyoof akka hin ajajamne gara gochuutti gonkumaa hin geessu (Yoh.14:15 ilaali). Hubannoo sirrii waa’ee Waaqayyoo qabaachuun, hubannoo sirrii waa’ee barbaachisummaa Seera Isaa (Far. 1) fi Mootii Isaa (Far. 2) malee hin danda’amu.

Faarfannaawwan lameen kun caalaatti kan wal qabatan, Kiristoos (inni Faarfannaa 2 keessatti ibsame) akka Namicha Eebbifamaa isa dhumaa (isa Faarfannaa 1 keessatti ibsame) ta’eetti ilaalamuu waan qabuufi. Sabni Waaqayyoo gammachuudhaan ajajamuu, tajaajiluu, waaqeffachuu, fi Kiristoosiin jaallachuu ni danda’u; sababiin isaas inni guyyaa fi halkan seera Gooftaatti akka gammadu ni beeku. Xiyyeeffannoo yeroo hunda inni dubbii Waaqayyootiif kennu irraa kan ka’e, warra isa hordofan dubbii nama kan biraatti akka gammadan gonkumaa hin qajeelchu. Yoh. 4:34 fi 14:31 ilaali.

... **uumamumaan Faarfannaa 1tti aanee dhufa.** Tariibni Faarfannaawwan lamaan kanaa, Kiristoos “seera Gooftaa” gararraa akka hin taane agarsiisa. Kanaa jechuun, akka Mootii mudaa hin qabneetti, Kiristoos dubbii gaarii Waaqayyooti ni gammada, guyyaa fi halkanis ni waa’eesaa yaada. Kiristoos raawwii dubbii Musee isa Seera Keessa Deebii 17:14-20 irratti waa’ee mootichaa dubbatamee ti.

... **hamoota jalqaba Faarfannaa 1 keessatti ibsaman caalaatti ibsa.** Faarfannaa 1 keessatti, hamoonni mul’famaniiru, garuu Faarfannaan 1 wantoota murtaa’oo hamoonni sun hojjetan hin dubbatu. Faarfannaa 2 keessatti garuu, gochawwan hamootaa ibsamaniiru. Isaan Waaqayyoo fi Kiristoos Isaa lolaa jiru.

... **2 Saamu’el 7:1-17 wajjin wal qabata.** Kutaa barbaachisaa kana keessatti, Waaqayyoo “sanyii” Daawit keessaa tokko saba Waaqayyoo irratti akka Mootiitti bara baraa akka gaggeessu abdi kenneera. Waaqayyoo Mootiin dhufuuf jiru kun ilma Isaa akka ta’u abdi kenneera: “Ani Abbaa nan ta’aaf, inni immoo ilma naaf ta’a” (2 Saamu’el 7:14). Faarfannaan 2 fi 2 Saamu’el 7:1-17 lamaanuu waa’ee ilma Waaqayyoo waan ta’aniif, waliin dubbifamuu qabu. Dhugumatti, Ibroota 1:5 kutaalee lamaanuu walitti qabee caqasa, kunis barreessaan Ibrootaa kutaaleen kun lamaan walitti dhufeenya akka qaban hubachuu isaa agarsiisa. Kutaaleen Kakuu Haaraa Yesus akka Ilma Waaqayyoo ta’eetti ibsan Faarfannaa 2 fi 2 Saamu’el 7:1-17 wajjin wal qabsiifamanii dubbifamuu qabu.

"... cuuphaa Yesusitti hidhata. Sagaleen Faarfannaa 2:7 irratti galmeeffame ("Ati Ilma kooti") Maatewos 3:17, Maarqos 1:9-11, Luqaas 3:21-22, fi Yohannis 1:29-34 keessatti deebi'anii dhageessifamaniiru. Cuuphaan Yesus yeroo itti Kiristoos (inni Faarfannaa 2 fi 2 Saamu'eel 7:1-17 keessatti dubbatame) saba Waaqayyoo irratti Mootii ta'ee ifatti dibame dha. Kakuu Moofaa keessatti, raajonni Waaqayyoo mootota Israa'el zayitiidhaan dibu turan. Zayitiin sun mallattoo Hafuura Qulqulluu ture (1 Saamu'eel 16:13 ilaali). Akka Mootii Waaqayyoo isa dhuma fi fiixaan ba'aatti (perfect) garuu, Yesus bakka bu'aa Waaqayyoof dubbatuun hin dibamne. Inni ofuma isaa Waaqayyoon dibame. Akkasumas, inni mallattoo Hafuura Qulqulluutiin hin dibamne; Hafuura Qulqulluumaan dibame malee.

Sagaleen Waaqayyoo samii irraa dhufee fi Hafuura Qulqulluun dibamuun isaa, Yesus isa Faarfannaa 2 fi 2 Saamu'eel 7 keessatti caqasame ta'uuf mallattoolee jiran qofaa miti. Mallattoolee biroo hedduun ni jiru. Dhugumatti, Yohannis wangeela isaa keessatti, "Yesus barattoota isaa duratti mallattoolee biroo hedduu kitaaba kana keessatti hin barreeffamin hojjeteera," jedhee kan barreeseef kanaafi.

... cuuphaa Yesus wajjin wal qabata. Jechoonni Faarfannaa 2:7 irratti barreeffaman ("Ati Ilma koo ti") Maatewos 3:17, Maarqos 1:9-11, Luqaas 3:21-22, fi Yohannis 1:29-34 irratti calaqqisu. Cuuphaan Yesus yeroo itti Kiristoos (inni Faarfannaa 2 fi 2 Saamu'el 7:1-17 irratti dubbatame) ifatti Mootii saba Waaqayyoo ta'ee dibame dha. Kakuu Moofaa keessatti, raajonni Waaqayyoo mootota Israa'el zayitiidhaan dibu turan. Zayitiin sun mallattoo Hafuura Qulqulluu ture (1 Saamu'el 16:13 ilaali). Haa ta'u malee, akka Mootii Waaqayyoo isa dhuma fi mudaa hin qabneetti, Yesus nama Waaqayyo bakka bu'uun hin dibamne. Inni Waaqayyo ofii isaatiin dibame. Akkasumas inni mallattoo Hafuura Qulqulluutiin hin dibamne. Inni Hafuura Qulqulluudhaan dibame. Dubbiin Waaqayyoo samii irraa dhufe sunii fi dibamni isaa Hafuura Qulqulluudhaan ta'e sun, mallattoowwan Yesus isa Faarfannaa 2 fi 2 Saamu'el 7 keessatti eerame ta'uu isaa agarsiisan qofa miti. Mallattoowwan biroo baay'ee jiru. Dhugumatti, kanaafidha Yohannis wangeela isaa keessatti akkana jedhee kan barreesse, "Yesus mallattoowwan kan biroo baay'ee kan kitaaba kana keessatti hin barreeffamin bartoota isaa duratti hojjeteera; garuu isaan kun, Yesus Kiristoos Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa akka amantaniif, amanachuudhaanis maqaa isaatiin jireenya akka qabaattaniif barreeffaman" (Yohannis 20:30-31).

Kakuun Haaraa Yesus Kiristoos ta'uu isaa ifatti labsa. Naataana'el, bartoota Yesus keessaa tokko, "Kana irratti Naataanaa'el, "Rabbii! Ati ilma Waaqayyoo ti, ati mootii Israa'el!" jedhee labsa (Yohannis 1:49). Phexros, "Ati Kiristoos" jedha (Maarqos 8:29). Yesus mataan isaas Inni Kiristoos ta'uu isaa ni ibsa (Yohannis 4:25-26). Namoonni har'as Yesus Kiristoos ta'uu isaa hubachaa jiru, Isattis amanaa jiru.

... jijjiiramuu bifa Yesus wajjin wal qabata. Jechoonni Faarfannaa 2:7 irratti barreeffaman ("Ati Ilma koo ti") Maarqos 9:7 irrattis ni mul'atu: "Yommus duumessi dhufee hunduma isaaniitti uffise; sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee, Kun ilma koo isa ani jaalladhu, isa dhaga'aa! jedhe." Jechoota kanaan, Waaqayyo Abbaan, ammas yeroo biraa, Yesus Ilma isaa isa bara baraa—Ilma 2Saamu'el 7:1-17 fi Faarfannaa 2 irratti abdachiifame sana ta'uu isaa ni labsa. Jijjiiramuun bifa isaa sun, akkuma cuuphaa Yesus, bulchiinsa fi mootummaa Yesus kan Mootummaa Waaqayyoo keessaa wajjin wal qabata. Yeroo bifa jijjiirrachuu sanaa, Ergamoonni mul'ata "Mootummaa Waaqayyoo erga humnaan dhufee" argaa turan (Maarqos 9:1). Isaan "Ilmicha" ulfina isaa guutuu wajjin argaa turan. Yesus "Ilma isaa isa jaallatamaa" ta'uu isaa erga labsee booda dubbiin Waaqayyo Abbaan dubbate sunis hiika guddaa qaba. "Isa dhaga'aa" jechuudhaan, Waaqayyo Abbaan "Ilmicha" nama dhufuuf jiru kan biraa—isa "Raajicha" Seera Keessa Deebii 18:15-19 irratti dubbatame sana wajjin wal qabsiisaa ture. Dubbii Abbaa irratti hundaa'uudhaan, Yesus Ilma Daawit Faarfannaa 2 irratti dubbate sanaa fi Raajii Museen Seera Keessa Deebii 18 irratti dubbate sana ta'uun isaa ifaadha. Waa'ee Yesus "Raajicha" ta'uu isaa ilaalchisee Yohannis 6:14, 7:40, Hojii Ergamootaa 3:22-23, fi 7:37 ilaali.

... du'aa fi du'aa ka'uu Yesus wajjin wal qabata. Hojii Ergamootaa 4:23-31 ilaali.

... warra Kiristoosin hin hordofneef akeekkachiisa, warra Isa hordofaniif garuu jajjabina guddaadha.

... mata-duree of keessaa hin qabu. Eenyu akka Faarfannaa kana barreesse yookiin yoom akka barreeffame ilaalchisee Faarfannicha dura jechoonni yoo jiraachuu baatanis, Hojii Ergamootaa 4:25 irratti Faarfannaan kun Daawitiin akka barreeffame ni agarsiisa.

... Hojii Ergamootaa 4:25-26, 13:33, Ibroota 1:5, 5:5, Mul'ata 2:26-27, 12:5, fi 19:15 keessatti caqasameera (yookiin eerameera). Caqasoonni Faarfannaa 2f kennaman kunii fi barreeffamoonni naannoo caqasoota kanaatti argaman of-eeggannoon qoratamuu qabu.

Faarfannaa 2

1

Sabni biyya lafaa ²⁰ maaliif raafaman ²¹
 Namoonnis ²² maaliif akkasumaan itti koratan ²³

2

Waaqayyoon, isa inni dibee moosiseenis
 mormuudhaaf,
 mootonni lafa irraa ²⁴ in ka'u,

²⁰ Saboonni addunyaa, walumaa galatti yeroo ilaalaman, “seera Gooftaa” tti hin gammadan. Kanaa mannaa, faarfaticchi saboonni Waaqayyo irratti akka gunguman labsa. Ammas, Faarfannaawwan keessatti, hamoonni akka baay’ina guddaatti (“saboota”) dhiyaatu, qajeelonni garuu akka baay’ee xiqqaatti ilaalamu. Lakkoofsi kun Faarfannaawwan (fi Caaffanni Qulqulluun hafan) faarfannaa waa’ee saba xinnoo lafa irraa tokkoo qofa ilaallatan akka hin taane agarsiisa. Faarfannaawwan (fi Caaffanni Qulqulluun) guutummaa addunyaa ilaallatu

²¹ Faarfannaa 46:6 ilaali

²² Jechi kun jechuma Faarfannaa 1:2 keessatti tajaajila irra oole dha. “Namichi eebbifamaan” seera Gooftaa “guyyaa fi halkan” xiinxala. “Saboonni” garuu bulchiinsa Yihoowaa fi kan Kiristoos Isaa of irraa darbuu xiinxalu.

²³ “Akkasumaan” jechuun saboonni fi ummanni waan hin raawwatamne fi raawwatamuu hin dandeenye tokko irratti xiinxalaa jiru jechuudha. Kun dhiira yookiin dubartii “seera Gooftaa” tti gammaduu fi Kiristoosiin hordofuuf amantii guddaa kennuu qaba. Diinonni Waaqayyoo fi kan Kiristoos hamam yoo jabaatanis, mormiin hamootaa “akkasumaani” (kan bu’aa hin qabne).

Qindoominni walaloo “sabootaa” fi “ummattootaa” Faarfannaa 33:10 fi 149:7 irrattis ni mul’ata. Caqasoonni kun calaqqee Faarfannaa 2:1 ti. Faarfannaawwan kun of-eeggannoon qoratamuu qabu, sababiin isaan ibsa Faarfannaa 2ffaaf tajaajilu. Faarfannaa 149:9 “warri Waaqayyoon sodaan” (the godly) “firdii barreeffame isaan irratti ni raawwatu” jechuu isaa hubachuun hiika guddaa qaba. Kun firdii “sabootaa” fi “ummattootaa” isa Faarfannaa 2 irratti barreeffame sana kan agarsiisu fakkaata (Mul’ata 2:26-27s ilaali). Kanaafuu, Faarfannaan lammaffaa fi Faarfannaan xumura irraa lammaffaa ta’e seenaa wal-fakkaataa himaa jiru!

²⁴ Faarfannaa 2 gaaffii, “Enyutu ilmaan namaa irratti gaggeessaa dha?” jedhu deebisa. Deebiinsaa Yihoowaa fi Mootii Isaa isa Dibame dha. Saboonni Yihoowaa yookiin “inni dibame” akka bulchan hin barbaadan. “Mootonni lafaa” Yihoowaa fi Mootii Isaa (Kiristoos) ni mormu. Isaan bulchiinsa isaanii (isa seera Gooftaa keessatti ibsame) of irraa darbuu fi ofii isaanii of bulchuu barbaadu.

Waaqayyoon, isa inni dibee moosiseenis ²⁵ mormuudhaaf,

²⁵ Kun kitaaba Faarfannaa keessatti "isa dibame" Gooftaa ilaalchisee eeruu isa jalqabaa ti. Jechi Afaan Ibrootaa "isa dibame" jedhu Masiihii dha (Faarfannaawwan jalqaba Afaan Ibrootaatiin barreeffaman). Jechi Afaan Giriikii "isa dibame" jedhu Kiristoos dha. Kiristoos jecha yeroo baay'ee Kakuu Haaraa keessatti tajaajila irra oole dha, sababiin isaas Kakuu Haaraa Afaan Giriikiitiin barreeffame. Yeroo Yesus lafa irra tajaajilaa turetti, duuka buutonni Yesus inni Kiristoos ta'uu isaa ni shakku turan. Erga Yesus du'aa ka'ee booda, duuka buutonni isaa inni Kiristoos ta'uu isaa beekan. Kanaafidha kitaabota boodaa kan Kakuu Haaraa keessatti, maqaan ulfinaa "Kiristoos" jedhu yeroo baay'ee maqaa "Yesus" jedhuun wal qabsiifamee kan argamu (Yesus Kiristoos yookiin Kiristoos Yesus). Duuka buutonni Yesus sana booda inni Kiristoos ta'uu isaa hin shakkane. Du'aa ka'uu isaa irraa kan ka'e, inni Kiristoos ta'uu isaa beeku. Kanaafidha Maatewos, Maarqos, fi Yohannis haala kanaan kan jalqaban (Maatewos 1:1, Maarqos 1:1, fi Yohannis 1:17 ilaali). Yeroon jalqabaa jechi "isa dibame" jedhu Mootii dhufuuf jiru fi saba Waaqayyoo fayyisu wajjin wal qabatee tajaajila irra oole walaloo 1 Saamu'el 2:10 irratti galmeeffame keessatti: "Waaqayyoo hamma andaara lafaatti firdii ni kenna; mootii isaatiif humna ni kenna, gaana dibamaa isaa ol ni qaba." Jechoonni walaloo kana keessaa of-eggannoon qoratamuu qabu, sababiin isaas Waaqayyoo humna isa dibameef (Kiristoosiif) kennuudhaan akkamitti saba isaa akka fayyisu ibsu. Jechoonni kun Maariyaam haadha Yesusiin Luqaas 1:46-55 irratti dhiyeenyaan calaqqisiifamaniiru. Walitti dhufeenyi walaloo 1 Saamu'el 2:1-10 fi walaloo Maariyaam Luqaas 1:46-55 gidduu jiru, Yesus Kiristoos isa Kakuu Moofaa keessatti abdachiifame ta'uu isaatiif ragaa dabalataa ti.

"Inni Dibamaan" Waaqayyoo nama Waaqayyoo Mootii akka ta'uuf "Dibe" dha. Kakuu Moofaa keessatti, mootonni saba Waaqayyoo dubbi-himtoota Waaqayyoo keessaa tokkoon dibamu turan. Raajiin tokko namichi ta'e tokko mootii ta'uu isaa ni labsa ture (fakkeenyaaf, 1 Saamu'el 16:13 ilaali). Haa ta'u malee, yeroo Yesus Mootii ta'ee dibametti Waaqayyoo dubbi-himaatti hin fayyadamne. Yeroo cuuphaa isaa, Waaqayyoo ofii isaatiin Yesus Mooticha ta'uu isaa labse (Faarfannaa 2 fi 2 Saamu'el 7:1-17 irratti hundaa'uun, hiikni "Ilma koo isa jaallatamaa" jedhuu kana). Akkuma dibatni Daawit irratti dhangalaafame, Hafuurri Qulqulluu Yesus irratti "dhangalaafame": "Bara sanatti Yesus Galilaa, Naazireetii dhufee, Yordaanositti Yohannisii cuuphame. Bishaanicha keessaa akkuma ba'een, samiiwwan yommuu banaman, Hafuurris akka gugeetti gadi bu'ee isarra yommuu qubatu arge. Sagaleenis samii irraa dhufee, 'Ati Ilma koo isa jaallatamaa dha; gammadi koo sitti in raawwatama [anis sitti gammadeera]" (Maarqos 1:9-11).

Faarfannaa 2:1-2 Hojii Ergamootaa 4:25-26 keessatti (Septuajjintii irraa) caqasameera. Kutaan kun qorannoo gadi fageenyaa barbaada. Kutaan kun gara Ingiliffaatti gochibsa yeroo darbeetiin (*past tense verbs*) akkamitti akka hiikame hubadhaa: "'Saboonna maaliif wacan? Namoonnis maaliif waan hin taane malatan? Mootonni lafaa of qopheessan, warri biyya bulchani Gooftaa fi Masiihii isaa irratti walitti qabaman' — dhugumaan magaalaa kana keessatti tajaajilaa kee isa qulqulluu Yesus, isa ati dibbe irratti, Heerodsii fi Phonxos Philaaxos, saba Waaqayyoo hin beeknee fi saba Israa'el wajjin walitti qabaman; kunis waan harki kee fi karoorki kee akka ta'uuf duraan dursee murteesse raawwachuufi." Hojii Ergamootaa 4 "saboona" fi "ummattoota" Faarfannaa 2 keessatti eeraman adda baasee agarsiisa! "Heerodsii fi Phonxos Philaaxos" fi "saboonna Waaqayyoo hin beeknee" sun "saboona" Faarfannaa 2:1 keessatti eeramanidha. Sabni Yihudootaa immoo "ummattoota" lakkoofsa kanuma keessatti eeramanidha. Heerodsii fi Phonxos Philaaxos "mootota lafaa" lakkoofsa 2 keessatti eeramanidha. Gegeessitoonni Yihudootaa "warra biyya bulchan" lakkoofsa kanuma keessatti eeramanidha. Hundumaa caalaa immoo, Kristiyaanonni jalqabaa "Isa Dibamaa" Faarfannaa 2:2 keessaa sana akka Yesus Kiristoos ta'etti fudhachaa turan. **Kristiyaanonni jalqabaa Faarfannaa** kun yeroo du'a Yesusitti akka raawwatametti argan! Yesus kan du'eef saboonni Ormootaa fi sabni Yihudootaa Isa irratti waan wacaniif ture! Haa ta'u malee, Inni du'ee hin hafne. Waaqayyoo du'aa gara jireenyaatti isa kaase, kunis saboonni Kiristoosiin akka hin mo'anne mirkanessa. Inni, yeroo sirrii kanatti, jiraataadha, nama hundumaa irrattis bulcha dha. Kun hundi qaama karoora Waaqayyoo ture.

3

Isaan, "Kottaa hidhaa²⁷ isaanii²⁶ of irraa in cabsinaa!
Funyoo isaanis of irraa in darbannaa!" in jedhu*.

4

Inni bantiwwan waaqaa gara irraa taa'u²⁸
itti in kolfa²⁹, gooftichi isaanitti in ga'isa^{30*}.

5

Kana booddee gooftichi
aarii isaatiin isaanitti in dubbata³¹,
dheekkamsa isaatiinis isaan in naasisa.

-
- 26** Gooftaan (Yihoowaa) fi Isanni dibe (Kiristoos) as irratti walitti hidhamaniiru. Kanaafuu, tokko mormuun isa kan biraa mormuu dha.
- 27** Diinonni Yihoowaaii fi kan Kiristoos bulchiinsa isaanii akka gabrummaatti ilaalu. Warri Yihoowaaii fi Kiristoosiin jaallatan immoo bulchiinsa isaanii akka gaarii fi mudaa hin qabneetti ilaalu (Faarfannaa 1:2 ilaali)
- 28** Cimina walaloo lakkoofsa kana keessa jiru hubadhaa. Faarfatchi salphaadhumatti, "Gooftaan itti kolfa" jechuu danda'a ture. Haa ta'u malee, "Inni samii irra taa'u ni kolfa" jechuudhaan, faarfatchi Yihoowaa iyya sabootaa sana hunda gidduutti iyyuu, iddoo aangoo fi aboo akkasumas firdii guutuu qabu irra jiraachuu isaa cimsee ibsaa jira. "Teessoon" isaa lafa irra miti. Samii irra. "Teessoon" isaa teessoo lafaa isa barame miti. Inni teessoo mootii ti. Kun walitti dhufeenya biraa Faarfannaa 1 fi Faarfannaa 2 gidduu jiruudha. Faarfannaa 1 keessatti, jal'oonni teessoo irra taa'anii mul'atu. Teessoon isaanii lafa irra, teessoon isaanis teessoo mootii miti. "Teessoo lafaa" isaanii, iddoo aangoo hin qabne irraa ta'anii, "seera Gooftaa" isa samii irratti hundeeffame sana irratti ga'isu. Faarfannaa 2 keessatti garuu, Yihoowaa taa'ee mul'ata. Inni samii irra taa'a, teessoo mootii irras taa'a. Samii irraa, warra lafa irratti Isa morman gadi ilaala, isaanittis ni kolfa. Dadhabbii isaanii isa bu'aa hin qabne, kan bulchiinsa isaa fi bulchiinsa Isa Dibamee of irraa darbachuuf godhan irratti ni kolfa. Faarfannaawwan kan biroo Yihoowaa teessoo mootummaa isaa irra taa'ee namoota hunda akka ilaaluu fi firdii qajeelaa akka raawwatu ibsuu isaanii hubachuun hiika guddaa qaba (Faarfannaa 9:7-8, 33:13-15, 47:8, 99:1-4, fi 113:5-6 ilaali). Firdiin Waaqayyoo diinota isaa biratti sodaa guddaa, warra isa jaallatanii fi isaaf ajajaman biratti immoo abdiin guddaa fidu qaba.
- 29** Yihoowaa kan kolfuuf fiincilli sabootaa waan nama kofalchiisuuf (waan qosaa ta'eef) miti. Inni kan kolfuuf fiincilli sun bu'aa kan hin qabne waan ta'eeffidha. Humni sabootaa humna Yihoowaaii fi humna Dibamaa isaa wajjin yeroo wal-bira qabamu homaa miti.
- 30** Faarfannaa 59:8 ilaali. Faarfannaan kun Faarfannaa 2 eeruu isaati.
- 31** Fiincilli saboonni Yihoowaaii fi isanni dibe irratti kaasan cubbuu isa hunda caalaa guddaa dha. Cubbuun guddaan kun dheekkamsaa fi aarii Yihoowaaii fi kan Kiristoos (lakkoofsa 12 ilaali) warra fiincilan irratti akka dhangala'u godha. Kun eeruu biraa kan firdii hamoota irratti dhufu agarsiisudha (Faarfannaa 1:4-6 ilaali). Dheekkamsi Waaqayyoo akka waan Waaqayyoo gaarummaa fi jaalala hin qabneetti ilaalamuu hin qabu. Waaqayyoo warra Isa mormanii fi warra Kiristoosiin morman mormuu qaba. Osoo Inni dammaqinaan hammeenya loluu baatee, cal'isuu isaatiin, hammeenya deggeraa jira jechuudha. Waaqayyoo gaarii ta'uufi waaqeffannaa kan malu ta'uuf, hammeenya mormuu qaba.

6

Ani mootii isa kan kootii³² immoo
Xiyoon³³ tulluu koo isa qulqulluu irra
teessiseera³⁴ in jedha.

7

Ani mootichi seerrata Waaqayyoo himuufan jira³⁵,
inni anaan, "Ati ilma koo ti"³⁶,

³² Saboonni bulchiinsa Yihoowaai fi isanni dibe of irraa darbachuu barbaadu. Haa ta'u malee, Yihoowaa wanta hawwiin isaanii akka hin raawwanne taasisu tokko godheera. Inni, ofii isaatii fi sababa isatti toleef jecha, Mootii isaa "xiyoon", mandara mootummaa isaa keessatti hundeesseera. Waaqayyo lakkoofsa kana keessatti kophaa isaa akka hojjetutti dhiyaateera: "Ani garuu ...". Saboonni, wal ta'anii, Waaqayyo irratti iyaa jiru. Waaqayyo, kophaa isaa, waan isatti tole godha.

³³ Xiyoon ("tulluu qulqulluu" Yihoowaa) mata-dureewwan gurguddoo Kitaaba Faarfannaa keessaa tokko dha. Maqichi jalqaba kan itti tajaajilame magaalaa mormii guddaa gidduutti Daawitiin qabante ibsuufidha (2 Saamu'el 5:6-7 ilaali). Daawit teessoo isaa magaalaa sana keessatti hundeesse. Maqaan "Xiyoon" bakka Mootiin Waaqayyoo inni Dibame itti bulchu (Faarfannaa 78:67-68 ilaali), bakka Yihoowaa itti waaqeffatamu (Faarfannaa 65:1-2), bakka Yihoowaain jiraatu (Faarfannaa 132:13-18), bakka namoonni Waaqayyoon itti argatan (Faarfannaa 84:5-7), bakka gammachuu fi eegumsi itti argamu (Faarfannaa 48), fi bakka eebbi Waaqayyoo irraa yaa'u (Faarfannaa 134:3) ibsuuf tajaajila. Xiyoon guutummaatti amansiisaadha (Faarfannaa 125:1-2). Xiyoon "mana" saba Waaqayyooti (Ibroota 12:22-24 ilaali), Mootii Waaqayyoo isa Dibameenis ni bulti. Mul'ata 21:9-22:5s ilaali.

³⁴ Waa'ee nama "tulluu qulqulluu" Waaqayyoo irra jiraachuuf malu ilaalchisee, Faarfannaa 15 ilaali. Sababa Waaqayyo mudaa hin qabneef, warri isaa wajjin jiraatanis mudaa qabaachuu hin qaban. Du'aa fi du'aa ka'uu Kiristoos irraa kan ka'e, warri "Isa keessa" akka ta'anitti lakkaa'aman qofti warra iddoo qulqulluu Waaqayyoo jiraachuu danda'anidha.

³⁵ Mootichi, inni "Ilma" Yihoowaa jedhamee waamame, lakkoofsa 7 irratti dubbachuu eegala. Inni yeroo itti Waaqayyo Mootii ta'uu isaa labse sana hima. Ammas, jechoonni Faarfannaa 2:7 hiika guddaa qabu, xiyyeeffannoo cimaas barbaadu. Isaan kallattiidhaan jechoota yeroo cuuphaa Yesu (Maarqos 1:11 ilaali) fi Jijjiiramuu Bifa Isaa (Maarqos 9:7 ilaali) irratti dubbataman wajjin wal qabatu.

³⁶ Jechoonni kun yeroo Yesu cuuphame samii irraa dubbataman: "Ati Ilma koo isa ani jaaladhu dha; ani baay'ee sitti nan gammada" (Maarqos 1:11). Namoonni hawwiidhaan eenyummaa Mootii Waaqayyoo isa Dibamee (kan as irratti "Ilma" jedhamee waamame) beekuuf eegaa turan jechoota kana hubachuu qabu turan; akkasumas Waaqayyo ifatti Yesu Mooticha Faarfannaa 2 fi 2Saamu'el 7:1-17 irratti dubbatame ta'uu isaa labsaa akka ture beeku qabu turan. Jechoonni kun yeroo Jijjiiramuu Bifa Isaa irra deebi'amanii dubbatamaniiru: "Kun Ilma koo isa ani jaaladhu dha; isinis isa dhaga'aa" (Maarqos 9:7). Jireenya, du'a, fi du'aa ka'uu Yesu irraa kan ka'e, Inni "ilma Waaqayyoo" isa tokkicha miti. Inni "ilmaan" baay'ee gara ulfinaatti fideera (Roomaa 8:14 fi Ibroota 2:10 ilaali). Kanaafidha barreessitoonni boodaa caqasoota Faarfannaa 2 keessatti Kiristoosiin ilaallatan fudhatanii qulqullootaaf oolchuu kan danda'an. Kanaaf, Faarfannaa 2:7 fi 2 Saamu'el 7:14 ifatti waa'ee Kiristoos kan dubbatan ta'us, kutaaleen kun Yohannis Ergamichaan Mul'ata 21:7 keessatti qulqulloota eeruuf tajaajila irra oolaniiru. Jireenya, du'a, fi du'aa ka'uu Yesu irraa kan ka'e, amanaan dhugumatti Kiristoos wajjin tokkoomeera! Mul'ata 2:26-27 fi walitti dhufeenya inni Faarfannaa 2:8-9 wajjin qabus ilaali.

Ani har'an si dhalche.³⁷

8

ana kadhadu, anis saba hundumaa kan kee akka godhattuuf,
laftis hamma andaara isaatti qabeenya kee akka ta'uuf siif nan kenna³⁸

9

ati ulee sibiilaatiin isaan in cabsita,
akka qodaa suphees isaan in hurreessita³⁹ jedhe

10

Kanaaf isin mootota nana qalbii godhadhaa!⁴⁰
Isin warri biyya lafaa seerratanis gorfamaa!

37

Gaaleen “ani har'an si dhalche” jedhu kan agarsiisu, yeroo murtaa'aa seenaa keessa (“har'a”), Yihoowaa namni ta'e tokko “Ilma” isaa (jecha biraatiin. Mootii isaa isa Dibamaa) ta'uu isaa labsuu isaati. Yesus yeroo cuuphaa isaatti ifatti Mooticha ta'uu isaa yoo labsamee fi guyyaa sanatti Hafuura Qulqulluudhaan yoo dibame iyyuu, guyyaan inni guutummaatti akka “Ilma Waaqayyoo isa humna qabuutti” teessoo irra taa'e guyyaa du'aa ka'uu isaa ti. Kanaafidha Phaawulos Ergamichi Yesus “Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warra du'an keessaa ka'uudhaan Yesus Kiristoos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta'uun isaa humnaan beeksifameera” kan jedhuuf (Roomaa 1:4). Dubbii Phaawulos Hojii Ergamootaa 13 keessatti dubbates mee yaadaa: “Ammas Waaqayyoo waan abaabilii keenya abdachiise akka raawwate misraachoo isinitti in himna; 33inni Yesusin du'aa kaasuu isaatiin nuyi ijoollee ijoollee isaaniitiifis kunoo abdi isaa nuuf raawwateera. Faarfannaa isa lammaffaa keessatti, “Ati ilma koo ti, ani har'an si dhalche” kan jedhu caafameera” (Hojii Ergamootaa 13:32-33). Efesoon 1:19-23, Filiphisiyyus 2:3-11, fi Mul'ata 3:21s ilaali.

38

Wanti jalqabaa yeroo Kiristoos teessoo isaa irra kaa'ame ta'u, Yihoowaa dhaala isaa akka gaafatu itti himamuu isaa ti: “Na gaafadhu, anis saboota dhaala kee, hamma andaara lafaattis qabeenya kee nan godha”. Ilmi Abbaa “gaafachuun” kun kanaan dura raawwatameera! Maatewos 28:18-20 Yesus aangoo hunda akka argatee fi lafti qabeenya isaa akka ta'e agarsiisa. Kana irraa kan ka'e, bartoonni isaa saboota hunda bartoota taasisuu qabu. Kanaafuu, Yesus Kiristoos yeroo ammaa lallaba wangeelaatiin bakka buutota isaa fayyadamee biyya lafaa “mo'achaa” jira. Dhufaati isaa lammaffaa irratti, Inni ulfina isaa isa guddaan biyya lafaa ni mo'ata. Mul'ata 19:11-16 (isa caqasa Faarfannaa 2 irraa fudhatame of keessaa qabu) ilaali. Faarfannaa 82:8s ilaali.

39

Kiristoos diinota isaa hunda ni mo'ata. Kun warra Isatti amanatan hundaaf jajjabina guddaa fiduu qaba. Ergamichi Yohannis lakkoofsa kana Kiristoosiin ilaalchisee Mul'ata 12:5 fi 19:15 irratti caqaseera. Ergamichi Yohannis Faarfannaa 2:8-9 qulqullootaafis (amantootaafis) hojii irra oolchuu isaa hubachuun hiika guddaa qaba: “Nama mo'uuf, isa hojii koo hamma dhumaatti eeggatee hojjetuufis, saba hin amanne baay'ee irratti aboo nan kennaaf. Inni siiqqee sibiilaatiin saba sana in tiksa, akka qodaa suphees isaan in hurreessa” (Mul'ata 2:26-27). Ergamichi Yohannis Faarfannaa kana qulqullootaaf fayyadamuu kan danda'eef, isaan Kiristoos keessa akka jiranitti waan lakkaa'amaniif, dhaalli isaas dhaala isaanii waan ta'efi. Faarfannaa 149:7-9s ilaali.

40

Hata'u malee, Faarfannaan kunneen ifatti walitti kan hidhaman ta'us, barreeffama Ibirootaa isa hiikkaan Ingiliffaa irraa hojjetame keessatti maaliif addaan akka baafaman sababa mataa isaa qaba. Ergaa gatii jabeessa tokkoon tokkoon faarfannaa kunneen keessatti argaman qorarii bira ga'uun gammachuu dubbisaa fi itti gaafatamummaa lallabaati.

¹³³ Kun tarii gosa jecha muuziqaa tokko dha. Kunis, Faarfannaawwan waaqeffannaa sabaa (kan gamtaatti godhamu) keessatti tajaajilaaf ooluu akka qaban yaadachiisa biraati.

maqaa kees faarfannaadhaan nan jajadha¹³⁴,
yaa aabba!¹³⁵

3

kunis diinonni koo gara booddee isaanii waan deebi'aniif¹³⁶ kufaniis
fuula kee duraa waan balleeffamaniif¹³⁷

4

Ati dubbii koo ilaaltee naaf faraddeetta¹³⁸, abbaa firdii isa qajeelaa
waan taateef barcuma firdii irra teesseetta¹³⁹.

¹³⁴ Kristoos Yihowaa galateeffachuuf waadaa seena. Kun kitaaba Faarfannaa keessatti dhimma yeroo baay'ee mul'atu dha. Galanni kun lakkoofsa 1-12 keessatti mul'achuu danda'a. Galanni Kristoos amantii inni Yihowaa irratti qabu argisiisa; sababni isaas, akkuma lakkoofsa 13 irratti ifa ta'etti, inni kakuu kana yeroo galutti diinota isa jibbanii fi isa ajjeesuuf yaalaniin rakkaachaa (gidiraa argachaa) jira. Kakuun galata dhiheessuu kun, Kristoos diinota isaa jalaa akka ooluu fi jiraatee Yihowaa akka galateeffatu akka amanu argisiisa. Lakkoofsi 1 fi 2, Kristoos akka hooggana sirrii saba Waaqayyoo ta'etti, galata dhiheessuu keessatti isa dursaati. Gochi isaa saba Waaqayyoo hundumaan hordofamuu qaba (lakkoofsa 11 ilaali). Sabni Waaqayyoo yeroo dhiphatanittillee isa galateeffachuu qabu.

¹³⁵ Waadaan Kristoos "maqaa" "Isa Hundumaa gararraa" tiif "galata faarfachuuf" gale kun, kakuu Kristoos Far. 7:17 keessatti gale waliin baay'ee wal fakaata. Kakuuwwan maqaa Yihowaa isa guddaa faarfachuuf galan lamaan kana gidduu Faarfannaa 8'tu jira; inni jalqabaa fi xumura isaa irratti ibsa: "Yaa Waaqayyoo Gooftaa keenya, maqaan kee guutummaa biyya lafaa irratti attam ulfaataa dha!" jedha. Kanaafuu, faarfannaan kunneen xiyyeeffannaa maqaa Yihowaa isa guddaa irratti qabaniin walitti hidhamu (Far. 9:10's ilaali). Kristoos maqaa Yihowaa isa guddaa yeroo mo'ichaa (Far. 8) qofa utuu hin ta'in, yeroo gidiraa guddaa fi yeroo Yihowaan akka waan isa irraanfateetti mul'atutti (Far. 9-14) kabajuu danda'uun isaa baay'ee xiyyeeffannoo barbaada. Galanni fi faarfannaan Kristoos yeroo hundumaa saba Waaqayyoo hundumaan hordofamuu qaba. Lakkoofsi 2, Kristoos maqaa "Isa Hundumaa gararraa" jedhu Yihowaadhaaf fayyadamuu isaan xumurama. Hubannaa maqaa "Isa Hundumaa gararraa" ilaalchisee Far. 7:17 irratti kenname ilaali.

¹³⁶ Waa'ee "diinota" Kristoos ilaalchisee, Faarfannaa 2:1-3 ilaali

¹³⁷ Kristoos diinota isaa mo'uuf mi'a waraanaa biyya lafaa irratti hin hirkatu. Inni diinonni isaa fuula Yihowaa isa ulfaataa duratti akka mo'ataman beeka.

¹³⁸ Akkuma abbaa firdii mana murtii keessa teessoo irra taa'utti, Yihowaan teessoo isaa irra taa'ee "firdii qajeelaa" kenna. Yihowaan boqonnaawwan jalqabaa Macaafa Qulqulluu irraa jalqabee akka abbaa firdii qajeelaatti ibsameera. Abrahaam kadhannaa saba magaalaa Sodooniif kadhate keessatti, Yihowaa "Abbaa firdii guutummaa biyya lafaa" (Seera Uumamaa 18:25) jedhee waameera. Yihowaan "waan qajeelaa akka godhu" waammateera. Akkuma Abrahaam, Kiristaannis Waaqayyoo waan hundumaa akka argu fi waan qajeelaa akka hojjetu amanamummaa guddaa qabaachuu danda'a. Yihowaan teessoo isaa irra taa'ee saboota irratti firdii kennuu isaa ilaalchisee, Far. 2:4 fi 96:10 ilaali.

¹³⁹ Yihowaan akka "Abbaa firdii guutummaa biyya lafaa" (Seera Uumamaa 18:25) ta'etti, hammeenya utuu hin adabin bira darbuu hin danda'u. Utuu hammeenya callisee bira darbee, waaqeffannaa kan madaalu hin ta'u ture. Lakkoofsonni waa'ee "firdii qajeelaa" Yihowaa dubbatan kun, warra Kristoosiin mormaniif akeekkachiisa gaarummaan guutame dha. Diinonni Kristoos utuu Yihowaan firdii hin kennin dura qalbii jijjiirrachuu qabu (Faarfannaa 7:12 ilaali). Lakkoofsonni waa'ee "firdii qajeelaa" Yihowaa dubbatan warra Kristoosiin jaallataniif jajjabina guddaa kennu. Hammeenyi isaan irratti raawwatame firdii ni argata. Firdii qajeelaan Waaqayyoo dhimma ijoo Kakuu Haaraa keessattis mul'atu dha. Roomaa 2:5-16, Roomaa 12:19, Ibroota 10:30-31, fi Mul'ata 20:11-15 ilaali.

5

Ati saba lafarraa hundumaa ifattee¹⁴⁰ warra jal'ootas balleessitee, maqaan isaaniis yeroo hundumaa baruma baraan akka hin yaadatamne in goote¹⁴¹.

6

Diinonni bara baraan caccabanii dhumaniiru, ati mandaroota isaanii iddoodhaa balleessiteetta,¹⁴² seenaan isaaniis badeera¹⁴³

7

Waaqayyo immoo bara baraan teessoo isaa irra jira, barcumma firdii isaas jabeessee dhaabbateera.

8

Inni biyya lafaa qajeelummaadhaan in seerrata,

¹⁴⁰ Firdii "saboota" irratti kennamu dhimma ijoo faarfannaa kanaati (lakkoofsa 15, 17, 19, fi 20 ilaali). Saboonni jalqaba Faarfannaa 2:1 keessatti caqasaman. Faarfannaawwan kurnan jalqabaa keessatti, jechi "saboota" jedhu diinota Kristoosii fi firdii isaan Yihowaa fi Kristoos isaa irraa argatan ibsuuf itti fayyadamameera (2:1, 2:8, 9:5, 9:15, 9:17, 9:19, 9:20, fi 10:16 ilaali). Faarfannaawwan boodaa keessatti immoo, saboonni yeroo tokko tokko karaa biraatiin ibsamu. Isaan Yihowaa akka waaqeffatanii fi Kristoosiin akka tajaajilanitti dhihaatu (fakkeenyaaf, 18:43-49, 22:27-28, 46:10, 86:9, fi 117:1-2). Akkaataan ibsa sabootaa lamaan kun akkamitti dhugaa ta'uu danda'u? Isaan ta'ii wangeelaatiin kan ka'e dhugaa dha. Waaqayyo Kristoosiin kan erge, warri miseensa "sabootaa" turan dhihaatanii akka saba isaatti akka lakkaa'amaniifi (Galaatiyaa 3:7-9, 3:27-29, Efesoon 2:11-22, fi Mul'ata 9:7-17 ilaali). Warri saboota keessa turan saba isaa keessaa tokko ta'u. Hata'u malee, saboonni Kristoos irratti amantii hin qabaanne ni badu. Saboonni utuu hin badin dura waa'ee balleeffamuu isaani akka beekaniif itti himamuun isaa ayyaana Waaqayyooti.

¹⁴¹ Akeekkachiisni kun diinota Kristoos hundumaaf ni hojjeta. "Maqaan" isaani ni bada. Maqaan Yihowaa immoo ni galateeffatama. Ammas, lakkoofsonni kun hamootaaf akeekkachiisa dha. Isaan utuu kun hin ta'in dura qalbii jijjiirrachuu qabu. Maqaa" hamootaa fi maqaa Yihowaa isa ulfaataa gidduu garaagarummaa jiru hubadhu.

¹⁴² Mandaroonni hamootaa (lakkoofsa 6) mandara Waaqayyoo (lakkoofsa 11) waliin wal-bira qabamaniiru. Magaalaawwan hamootaa badiisa bara biraatiin xumuramu (Safaaniyaa 1:14-18 ilaali). Xiyoon (jalqaba Faarfannaa 2:6 keessatti caqasamee) bara baraa fi jiraata. Lakkoofsonni akkasii hamoonni akka firdii argatan akeekkachiisa dha. Karaa biraatiin immoo, lakkoofsonni kun saba Waaqayyootii jajjabina dha. Kitaabota qulqulluu biroo keessatti, mandaroonni hamootaa magaalaa tokkoon—Baabilooniin—gulaalamani dhihaataniiru. Maqaan Baabiloon fakkii mandaroota hamootaa hundumaa ta'a. Diigamuun Baabiloon Mul'ata 18 keessatti ibsameera (Faarfannaa 137:8's ilaali). Magaalaan dhala namaa dhugumatti akka badu beekuun warra Kristoos keessa jiraniif abdi guddaa kenna

¹⁴³ Kristoos utuma gidiraa arguuyyuu, mo'icha Waaqayyo kanaan dura goonfachiise irratti ni calaqqisiisa. Kun Faarfannaa keessatti waan barame dha (Faarfannaa 22:3-5 ilaali). Kristoos mo'ichawwan darban irratti xiinxaluun isaa gidiraa keessatti amantii isaa isaaf jabeessa. Sabni Waaqayyoo hundinuu karaa kanaan Kristoosiin hordofuu qabu.

saba hundumaafis firdii qajeelaa in kenna¹⁴⁴

9

Waaqayyo, warra gad qabamaniif da'oo ol jedhaa dha,
isaan yeroo rakkinaatti da'oo isa in godhatu.¹⁴⁵

10

'Yaa Waaqayyo, warri maqaa kee beekan kooluu sitti in galu¹⁴⁶,
ati warra si barbaadan hin ganne'o.

11

Waaqayyoon isa Xiyoon irra teessoo isaa dhaabbate
faarfannaadhaan jajadhaa!¹⁴⁷

Hojii isaa hundumaas saba lafa irraatti labsaa!¹⁴⁸

12

Inni dhiiga dhangala'eef gumaa baasu,

¹⁴⁴ Teessoon Yihowaa kan bara baraati. Abbaan firdii teessoo sana irra ta'u matumaa hin jijjiiramu. Akkasumas, ulaagaan firdii matumaa hin jijjiiramu. Qajeelummaan ulaagaa isaati. Kun barumsa tiyoolojii Faarfannaa keessatti barsiifamuuf fakkeenya biraati. Namoonni yeroo baay'ee, "Waaqayyo inni gaariin nama irratti firdii hin kennu" jedhu. Kun sirrii miti. Yihowaan biyya lafaa irratti firdii kennuu yoo dhiise, kun qajeelummaa isaa ni hir'isa. Faarfannaan akka barsiisutti Yihowaan saboota irratti firdii ni kenna, firdiin isaas qajeelaa dha.

¹⁴⁵ Abdiin warra cunqurfamanii (oppressed) Yihowaa dha. Inni saba isaatiif bakka itti baqatanii fi da'oo ni ta'a. Kun gidiraa hin argan jechuu miti. Inni gidiraa isaanii keessaa isaan ni oolcha jechuu dha

⁴⁶ Maqaa Yihowaa beekuu jechuun beekamtii isaa isa guddaa beekuu dha. Namni maqaa isaa beeku, guutummaatti Yihowaa irratti hirkata. Beekumsi dhugaa Yihowaa yeroo hundumaa gara amantiitti nama geessa. Yihowaa irratti amanti qabaachuun matumaa gara mo'atamuutti nama hin geessu; sababni isaas Yihowaan "warra isa barbaaddatan matumaa hin dhiisne."

¹⁴⁷ Maqaan Xiyoon caqasamuun isaa saba Waaqayyootiif "bakka" Waaqayyoo yaadachiisa. Faarfannaa keessatti maqaan Xiyoon (yookaan jechoonni akka "Tulluu Waaqayyoo") deddeebi'ee caqasamuun isaa, sabni Waaqayyoo saba mandara qulqulluu kan biroo—mandara qajeelummaan keessa buufatu ta'uu isaanii yaadachisuuf tajaajila. Akkuma Abrahaam, sabni Waaqayyoo hundinuu "biyya isa caalu, jechuunis ishee samii irraa" ni barbaadu (Ibroota 11:13-16 ilaali). Maqaan Xiyoon deddeebi'ee caqasamuun isaa, saba Waaqayyoo warra "mandaroota" hamootaa guutummaa biyya lafaa keessatti gidiraa arganitti amanti fi abdi uuma. Xiyoon jalqaba Faarfannaa 2:6 keessatti caqasamee jira. Inni amma bakka jireenyaa warra "Kristoos keessa" jiran hundumaati—akkuma ambaasaaddara biyya ormaa keessa jiraatuu, ammaaf biyya dhaloota isaanii isa dhugaa irraa fagoo jiraataniit (Ibroota 12:22-24 ilaali)

¹⁴⁸ Lakkoofsa 1 waliin wal-bira qabii ilaali. Lakkoofsa 11 fi 12 keessatti, Kristoos warra maqaa Yihowaa beekan (lakkoofsa 10 ilaali) Yihowaa galateeffachuu keessatti akka isa hordofan ajaja.

warra gadadamoo in yaadata, wawwaannaa isaaniis hin irraanfatu.¹⁴⁹

13

Yaa Waaqayyo anaaf oo'!

Gadamuu koo isa warra na jibban biraa anatti dhufe ilaali,¹⁵⁰

Afaan boollaa irra yoon ga'eyyuu ati ol na deebista,¹⁵¹

14

Yemmuus ani waan ittiin si jajadhu hundumaa,¹⁵²

Karra xiyoon keesstti nan hima,

¹⁴⁹ Sabni Yihowaa utuma gidiraa keessa jiranii akka isa galateeffatan ajajamaniiru. Sabni Yihowaa yeroo baay'ee hamma du'aatti gidiraa ni argu (Ibroota 11 ilaali). Kanaan kan ka'e, akka waan Yihowaan saba isaa "irraanfateetti" mul'achuu danda'a. Kristoos garuu Yihowaan "**iyya warra rakkatan hin irraanfatu**" jedhee lallaba. Dhugaa kana irratti hundaa'uun, Kristoos Yihowaan akka isa oolchu ni beeka (lakkoofsa 13 ilaali). Sabni Waaqayyos, akkuma Kristoos, gidiraa keessa utuu jiranii Yihowaa galateeffachuu ni danda'u; sababni isaas inni "iyya warra rakkatan akka hin irraanfanne" ni beeku! Inni Kristoosiin irraanfachuu dhiisuun isaa, warra "Kristoos keessa" jiran matumaa irraanfachuu akka hin dandeenye argisiisa! (Jechi "irraanfachuu" jedhu Far. 9-14 keessatti karaa adda addaa sadiin itti fayyadamameera. Seensa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.)

¹⁵⁰ Akka Faarfannaa 2 irraatti, warri Kristoosiin "jibban" "saboota" fi "namoota" dha. Isaan Kristoosiin hamma "karra du'aatti" ni geessu.

¹⁵¹ Yihowaan abbaa firdii qajeelaa isa "iyya warra rakkatan hin irraanfanne" (lakkoofsa 12) dha waan ta'eef, Kristoos Yihowaan "karra du'aa" keessaa akka isa ol qabu ni beeka. Gochi "ol qabuu" jedhu nama yookaan waan tokko gara iddoo ol-aanaatti ol butuu jechuu dha. Akkasumas nama tokko ol ol qabuu yookaan ulfeessuu jechuu ta'uu danda'a. Du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos keessatti gochoonni kun lamaanuu raawwatamaniiru. Waaqayyo Abbaan du'aa isa kaasuudhaan isa ol qabeera. Akkasumas Waaqayyo Abbaan baay'ee isa ol ol qabuudhaan isa ol kaaseera (Hojii Ergamootaa 2:32-33, 5:30-31, fi Filiphisuus 2:5-11 ilaali)! 1 Saamu'eel 2:10, Faarfannaa 3:3, fi Isaayyaas 52:13 waliin wal-bira qabii ilaali.

Yesuusis gocha kana karaa lamaan itti fayyadameera. Inni waa'ee diinonni isaa fannoo irratti fannisuudhaan isa ol qabuu fi Abbaan immoo ol ol qabuudhaan isa ol qabuu isaa dubbateera (Yohaannis 3:14-15, 8:28, fi 12:32-34 ilaali.)

¹⁵² Kristoos Yihowaa galateeffachuuf jedhee fayyuu (ooluu) ni hawwa. Kristoos Yihowaa galateeffachuuf kakuu (waadaa) galuun isaa Faarfannaa keessatti waan barama dha. Sabni Kristoos inni Fayyisaa isaanii qofa utuu hin ta'in, **dursaa Galata** isaanii ta'uu isaa arguun isaanii baay'ee barbaachisaa dha. Gammachuun Kristoos inni guddaan Yihowaa galateeffachuu dha.

na gargaaruu keetiifi walga'ii ijoollee ishee duratti¹⁵³
guddaa nan gammada¹⁵⁴

15

Sabni lafa irraa boolla ofii isaaniitii qotanitti gad in
liqimfaman; kiyyoodhuma dhoksaniinis miilli isaanii in
qabame.¹⁵⁵

16

Waaqayyo, firdii kennuu isaatiin of beeksise,
namni jal'aan waan harka isaatiin hojjeten in korokkodame.
*[Sagalee mi'a ribuu qabutu gidduutti dhageessifame.]*¹⁵⁶

17

Warri jal'oonni gara iddoo lafa jalaatti gad haa bu'an,
lafa irraa warri Waaqayyoon irraanfatanis
akkasuma gad haa lixan¹⁵⁷.

¹⁵³ Adeemsa Kristoos "karra du'aa" irraa gara "karra intala Xiyoonitti" godhe hubadhu. Lakkoofsonni 13-14 miidhagina walaloo Afaan Ibirootaa guutummaatti argisiisu. Kutaawwan kunneen hundinuu gad-fageenyaa irratti xiinxalamuu qabu. Lakkoofsonni kunneen karaan Kristoos gara "Xiyoon" (isa jalqaba Faarfannaa 2:6 keessatti caqasamee) itti deemu "karra du'aa" keessa akka darbu argisiisu. Garuu Kristoos Yihowaadhaan akka ol-ol qabamu ni beeka. Inni gara "karra intala Xiyoonitti" akka ol qabamu ni beeka! Kristoos "karra du'aa" jalaa ooluun isaa yeroo Yihowaan Yesuus Kristoosiin du'aa kaasee baay'ee isa ol-ol qabetti raawwatameera (Roomaa 1:1-4 fi 1 Qorontos 15 ilaali). Warri Kristoos keessa jiran hundinuu du'aa fi du'aa ka'uu isaa keessatti "cuuphamaniiru" (Roomaa 6:1-11 fi Efesoon 2:1-10 ilaali).

Hata'u malee, yommuu muraasni Kristoos waliin kaafaman, warri kaan immoo cubbuu isaaniitiin kan ka'e gara "karra du'aatti" gadi bu'u. Ol-ol qabamuu Kristoos isa Far. 9:13-14 keessatti ibsame, gadi buufamuu Qifirnaahom isa Yesuus Luqaas 10 keessatti dubbate waliin wal-bira qabii ilaali: "Atimmoo yaa Qifirnaahom, hamma waaqaatti ol ol kaafamuu barbaaddee? Baddu baasayyuu gara lafa jalaatti gad in darbatamta" (Luq. 10:15). Kanaafuu, kaan Kristoos waliin ol-ol ni qabamu. Warri kaan immoo, akkuma Qifirnaahom (ishee Kristoosiin tuffattee), "gara Si'oolitti gadi ni buufamu."

¹⁵⁴ Kristoos fayyina Yihowaatti ni gammada. Fayyinni kun kan Kristoos qofaa miti. Fayyina warra isa keessa jiran hundumaati! Sabni Kristoos Mootii isaanii waliin fayyina kanaan bara baraaf ni gammadu—fayyina NAMA TOKKOO isa fayyina NAMOOTAA BAA'EEETIIF sababa ta'e sanaan!

¹⁵⁵ Faarfannaa 2 akka agarsiisutti kaayyoon sabootaa bulchiinsa Kristoos of irraa gatuuf dha. Isaan Kristoosiin gara "karra du'aatti geessuudhaan" bulchiinsa isaa of irraa gatuuf yaalaniiru. Kun karoori isaanii akka hin milkoofne waadaa biraati. Kun hamoota akka qalbii jijjiirrataniif akeekkachiisa gaarummaan guutame kan biraati.

¹⁵⁶ Kun tarii qajeelfama muuziqaa dha. Kunis faarfannaawwan waaqeffannaa sabaa keessatti tajaajilaaf ooluu akka qaban yaadachiisa biraati.

¹⁵⁷ Saboonni Waaqayyoon irraanfatan gara "Si'oolitti gadi bu'u" (ibsa waa'ee Si'ool Faarfannaa 6:5 irratti kenname ilaali). Waaqayyoon irraanfachuun jechuun saboonni waa'ee Waaqayyoo hin beekan jechuu miti. Kana mormuu, guddina isaa yookaan humna isaa hin yaadan (hin xiyyeeffatan), isa hin jaallatan, isa hin waaqeffatan, isaafis hin abboomaman jechuu dha. Kristoos hamoonni hammeenya guddaa kanaan firdii akka argatan ni lallaba.

18

Warri wanta barbaachisaa dhaban, irraanfatananii hin hafan,¹⁵⁸
abdiin warra gadadamoos¹⁵⁹ bara baraan hin badu.

19

Yaa Waaqayyo, humni namaa harka akka hin fudhannetti ati ka'!
Sabni lafa irraa si duratti firdii akka fudhatan godhi!¹⁶⁰

20

Yaa Waaqayyo, sabni lafa irraa namootuma foon uffatan duwwaa
ta'uu isaanii akka beekaniif, ati pherpheramuu isaanitti fidi!

¹⁵⁸ Jechi “irraanfachuu” jedhu lakkoofsa 17 fi 18 keessatti si’a lama itti fayyadamameera, garuu karaa baay’ee adda addaa ta’een. Lakkoofsa 17 keessatti, “irraanfachuu” kan jedhame adabbii “saboota Waaqayyoon irraanfatanitti” dhufu ilaalchiseeti. Lakkoofsa 18 keessatti immoo, “irraanfachuu” kan jedhame waa’ee “warra dhabeyyii” Waaqayyoon irraanfatumu isaanii. Isaan amma gidiraa argaa yoo jiraataniilee, waadaan jiru dhabeyyiin “yeroo hundumaaf hin irraanfatan” kan jedhu dha. Faafannaa 13:1 ilaali.

¹⁵⁹ Kadhannaa Haannaa 1 Saamu'eel 2:1-10, kadhannaa Maariyaam Luqaas 1:46-55, fi dubbii Yesuus Maatewos 5:3 keessatti argamu ilaali.

¹⁶⁰ “Abdiin hiyyeessaa” firdii qajeelaa Yihowaa irratti hirkata. Inni saboota irratti firdii ni kenna. Qajeelonni isa biratti ooluu (fayyina) ni argatu. Kadhannaan Kristoos saba Waaqayyoo kan wal simatu ta’uu qaba.

Faarfannaa 10 ...

...karaa tokkoon Faarfannaa 9 waliin walitti dhufeenya qaba. Waa'ee walitti dhufeenya Faarfannaa 9 fi 10 ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...unka (pattern) addaa, kan kutaaleen walaloo isaa tartiba qubeewwan Afaan Ibirootiin (Hebrew alphabet) qindaa'an qaba. Faarfannaan 9 tartiba qubeewwan kanaa kan jalqabe yommuu ta'u, Faarfannaan 10 immoo tartibicha ni xumura.

...garee Faarfannaa (9-14) jecha "irraanfachuu" jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa lammaffaa dha. Akkaataa jechi "irraanfachuu" garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...garee Faarfannaa (9-14) jecha "arguu" jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa lammaffaa dha. Akkaataa jechi "arguu" garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...Roomaa 3:14 keessatti caqasameera.

Faarfannaa 10¹⁶¹

1

Yaa Waaqayyo, ati maaliif achi fagaattee dhaabatta?

Yeroo rakkinaattis maaliif of dhoksita?¹⁶²

2¹⁶³

Warri jal'oonni of bokoksanii warra rakkatoo sardanii in ari'u;
isaan yaada namatti qopheessanii fidaniin ofii isaaniitii haa qabaman

3

Namni jal'aan kajeellaa garaa isaatiin of in jaja,
inni bu'aa argachuuf in saama iyyuu dha; in abaara Waaqayyoonis in
tuffata.

4

Namni jal'aan of koorsuu isaatiin yaada isaa guutuudhaan;¹⁶⁴

¹⁶¹ Faarfannaan 10 tarii ibsi waa'ee faarfannicha (superscription) kan hin qabneef kanaan dura Faarfannaa 9 waliin walitti makamee waan tureef ta'uu danda'a. Saptuajantiin (hiikkaan Afaan Giriikii) Faarfannaa 9 fi 10 walitti ni mika.

¹⁶² Faarfannaan kun Kristoos utuu hamoonni qajeelota irratti weerara bananii jiranii, maaliif Yihowaan fagoo akka "dhaabbatuu" fi of dhoksu Waaqayyoon gaafachuun jalqaba. Kristoos hamoonni akka firdii argatan ni beeka. Hata'u malee, Yihowaan qajeelota oolchuuf waan tokko akka hin gooneetti mul'ata. Yeroo baay'ee, Kiristaanonni Waaqayyo waan isaan irraanfate itti fakkatee burjaaja'u. Gaaffiiwwan lakkoofsa 1 keessa jiran gaaffiiwwan Kiristaana hundumaatiin gaafatamanidha; sababni isaas warri Kristoos keessa jiran hundinuu gidiraa ni argu. Faarfannaan kun kadhannaa namni Waaqayyoo duukaa bu'u tokko gaaffii akkasii dhiheessun cubbuu akka hin taane agarsiisa. Isaan mallattoo amantiiti; sababni isaas namni kadhatu sun Waaqayyoon akka amanuu fi badisa ooluu Waaqayyo biraa eeggachaa akka jiru argisiisu

Kiristiyaanonni hundinuu karaa kanaan gidiraa kan argan ta'us, Yesuus Kristoos karaa namni biraa matumaa arguun hin danda'amneen Waaqayyoon akka dagatame hubachuun barbaachisaadha. Yesuus kadhannaa akkasii fannoo irratti kadhateera (Maatewos 27:46 fi Faarfannaa 22:1 ilaali). Waaqayyo yeroo rakkina Yesuusitti "fagoo dhaabbateera", "ofis dhokseera"; kunis gara-jabinaaf utuu hin ta'in, fayyinni gara biyya lafaatti akka dhufuufi. Kanaafuu, faarfannaan kun waa'ee gidiraa Kristoosi. Akkasumas waa'ee gidiraa saba isaati. Kadhannaan faarfannaa kana keessaa kadhannaa Kristoosi. Akkasumas kadhannaa saba isaati

¹⁶³ Lakkoofsa 2-11 keessatti, Kristoos badhaadhina hamootaa fi hammeenya isaan lafa irratti fidan Yihowaa ni yaadachisa. Ergamoonni faarfannaawwan kan biroo hamoota karaa wal-fakkaatuun ibsan caqasani Yihuudaa irratti raawwatamuun isaa baay'ee xiyyeeffannoo qaba. Dubbii Pheexiros HoE1:15-20 keessa jiru, kan Far. 69:2fi Far.109:8 caqasu ilaali. Akkuma Kristoos nama "eebbifamaa" namoota eebbifaman hundumaa caalu ta'etti, Yihudaanis nama hamaa hamoota hundumaa caalu ta'ee dhihaateera.

¹⁶⁴ Of-tuulummaan cubbuu guddaa fi adabbiin hunda caaluun kan isaa malu dha. Akkuma lakkoofsi kun agarsiisutti, inni waaqeffannaa Waaqayyoof gufuu dha. Waaqayyoon barbaaduu dhiisuun cubbuu guddaa fi adabbii guddaa kan madaalu dha. Rom. 3:11 ilaali.

“Waaqayyo nama hin adabu,
Waaqayyo hin jiru” in jedha ¹⁶⁵

5

Karaan isaa yeroo hundumaatti wal in qixxaataaf; ¹⁶⁶
Firdiin kee isarraa ol fagoo dha,
Warra isaan mormanitti immoo tuffiidhaan in qummaada.

6

Inni garaasaatti, “ani matumaa hin mittiqu, dhaloota hundumaa
keessattis wanti hamaan ana hin argatu” jedhee in yaada

7

Dubbiin afaan isaa keessa ba’u abaars, wallaalchisa, gadi nama
qabuutu guute, arraba isaa jala jal’inaa fi hamminatu jira. ¹⁶⁷

8

Gandeen keessa riphee hin taa’a; iddoo dhokannaattimmoo warra
yakka hin qabne in ajjeesa
ija isaatinis warra rakkatanii of gargaaruu dadhaban in gaada;

¹⁶⁵ Kun hamoonni Waaqayyo hin jiru jedhanii amanu jechuu miti. Kana mannaa, akka Faarfannaa 10:11 agarsiisutti, hammeenya raawwataniiif Waaqayyo ni firdii kenna jedhanii hin aman. Kun qajeelummaa Waaqayyoo irratti mormii kaasuu dha. Faarfannaa 14:1 fi 53:1 ilaali.

¹⁶⁶ Kun, dhugumatti, dhugaa miti. Hamoonni yeroo hundumaa kan milkaa’an (badhaadhan) fakkaatu. Hata’u malee, firdii ni argatu. Qajeelonni guyyoota dukkanaa, yeroo hamoonni mo’atan fakkaatutti, obsaan jabaatanii dhaabbachuun isaanirra jira.

¹⁶⁷ Lakkoofsi 7 Rom. 3:14 keessatti caqasameera. Phawulos caqasa kana—fi kutaawwan Kakuu Moofaa biroo (Far. 5:9 fi 14:1-3 dabalatee)—namoonni hundinuu hamoo akka ta’anii fi ayyaana Waaqayyoo akka barbaadan mirkaneessuuf itti fayyadama (Rom. 3:9-18 ilaali). Akka Phawulos jedhutti, namoonni hundinuu "cubbuu jala jiru" (Rom. 3:9 ilaali). Itti fufuun, "namni gaarii hojjetus tokkollee hin jiru" jedha (Rom. 3:12 ilaali). Waaqayyo abbaa firdii qajeelaa waan ta’eef (Far. 9:4 ilaali), namoonni hundinuu firdii qajeelaa Waaqayyoo duratti balaa jala jiru. Kana malees, faarfannaa kana (fi kanneen biroo baay’ee) keessatti, Kristoos firdii isaa hamoota irratti akka dhangalaasu Yihowaa ni waama. Yihowaanis, akkuma faarfannaa keessatti mul’ate, kadhannaa Kristoos ni dhaga’a, ni deebisaafis! Kanaafuu, faarfannaan kun, hunda dura, nama biyya lafaa irra jiru hundumaaf akeekkachiisa suukanneessaa dha

Hata’u malee, oduun gaariin wangeelaa, du’aa fi du’aa ka’uu Yesuusiin kan ka’e, Waaqayyo namoonni hamoon qalbii jijjiirrachuudhaan gara isaa akka dhufan (Far. 7:12 ilaali), Kristoos irratti amantii akka qabaatan isaan waama. Warri Waaqayyoof abboomamanii qalbii jijjiirrachuudhaan Kristoos irratti amantii qabaatanii gara isaa dhufan "qajeelota" jedhamanii ni waamamu (Rom. 3:21-26 fi 2 Qor. 5:17-21 ilaali). Kanaafuu, ta’ii wangeelaatiin kan ka’e, faarfannaan kun dhiira yookaan dubartii "Kristoos keessa" jiraniif ni jijjiirama. Namni tokko amantiidhaan gara Kristoos yoo dhufe, sanaan booda akka "hamaatti" hin lakkaa’amu. Kanaafuu, nama sanaaf, faarfannaan kun sanaan booda faarfannaa sodaa fi firdii miti. Kana mannaa, dhiira yookaan dubartii sanaaf, kun faarfannaa kadhannaa mi’aawaa ta’a. Inni yookaan isheen kadhannaa fi hawwii Kristoos waliin walitti makamu.

9

Inni akka leenca caakkaa gobbuu keessaatti, dhokatee in eeggata. inni nama rakkataa qabaa isaa keessa galfachuudhaaf in eeggata; kiyyoo isaatiin harkisees isa rakkataa sana in qabata.

10

Inni rakkatee of gargaaruu dadhabe sunis caccabee walitti in gala, humna harka isa qabe sanaanis in kuffifama

11

Yommus namni jal'aan sun garaa isaa keessatti, "Waaqayyo isa irraanfateera, fuula isaas isa duraa dhokseera, deebi'ees matumaa isa hin argu" jedhee in yaada.¹⁶⁸

12

Ka'i yaa Waaqayyo, yaa gooftaa harka ol fudhadhu!
Warra rakkatan hin irraanfatin.¹⁶⁹

13

Inni jal'aan maaliif Waaqayyoon tuffata? Maaliifis garaa isaatti, "Ati nama hin adabdu" siin jedha ree?¹⁷⁰

14

Atooo in argita¹⁷¹, eyyee, ati rakkinaa fi gadda in caqasta, waan gochuun ta'us ati harka keetti qabatteetta inni rakkatee of gargaaruu dadhabes kana sitti in kennata; ati gargaaraa warra abbaan irra hin jirree taateetta.

¹⁶⁸ Lakkoofsa 11 keessatti, Kristoos gocha nama hamaa ibsuu isaa yaada keessoo nama hamaa ibsuudhaan xumura. Namni hamaan hammeenya inni raawwatuuf Waaqayyo ni dhimma jedhee hin amanu. Waaqayyo Abbaa firdii guutummaa biyya lafaa ta'uu isaa akka irraanfatee fi gocha lafa irratti raawwatamu irraa fuula isaa akka dhokse hamaan sun ni yaada. Yaadoonni kunneen gowwummaa guddaa dha (Far. 14:1 ilaali); sababni isaas Waaqayyo waan hundumaa ni arga, akkasumas Abbaa firdii guutummaa biyya lafaa waan ta'eef tarkaanfii ni fudhatu

¹⁶⁹ Kadhannaan Kristoos warra "Kristoos keessa" jiran hundumaan hordofamuu qaba. Waaqayyo rakkina qajeelotaa akka argu, akka ka'uu fi qajeelota akka oolchu waammachuu qabna!

¹⁷⁰ Waaqayyo hamoota irratti firdii hin kennu jechuun hammeenya guddaa dha. Kun amala qajeelummaa isaa mormuu dha. Utuu Waaqayyo hammeenya irratti firdii hin kennu ta'ee, waaqeffannaan kan maluuf hin ta'u ture.

¹⁷¹ Lakkoofsa 11 keessatti, hamoonni "inni matumaa hin argu" jedhu. Lakkoofsa 14 keessatti immoo, Kristoos Yihowaan waan hamoonni hojjetan akka argu ni lallaba. **Hamma ammaatti firdii isaa dhandhamuu dhiisuun isaanii, inni firdii isaanii hin kennu jechuu miti.** Amantoonni waa'ee Waaqayyoo isaanii kana beekuun baay'ee barbaachisaa dha. Hamoota hatattamaan adabuu dhiisuun isaa, gocha isaanii ni deeggara (ni mirkaneessa) jechuu miti. Utuma hamoota amma adabaa hin jirreellee, inni qajeelaa dha.

ati gargaaraa warra abbaan irra hin jirree taateetta. ¹⁷²

15

Ati irree isa jal'aa fi irree isa hamaa godhu cabsi, jal'ina isaa duukaa bu'ii adabi, deebi'ees akka inni hin argamne godhi ¹⁷³

16

Waaqayyo yeroo hundumaa, baruma baraanis mootii dha, sabni warri kan isaa hin ta'in biyya isaa irraa in badu. ¹⁷⁴

17

Yaa Waaqayyo, ati himata warra gadadamoo in dhageessa, garaa isaanii in jajjabeessita, gurra kees gara isaaniitti in qabda ¹⁷⁵

18

kanaanis warri abbaan irra hin jirree fi warri gad qabaman qabaa qajeelaa akka argatan namni lafa kanaa deebi'ee pherpherama akka hin fidne in goota. ¹⁷⁶

¹⁷² Macaafni Qulqulluun yeroo baay'ee Yihowaan gargaaraa ijoollee abbaa hin qabnee, hiyyeeyyii, dubartoota abbaan manaa irraa du'ee fi warra cunqurfamanii ta'uu isaa dubbata. Lakkoofsa 18' ilaali

¹⁷³ Firdiin Yihowaan hammeenya irratti kennu guutuu dha. Gochi hamaan tokkoyyuu ija isaa jalaa dhokachuu hin danda'u. Kun qajeelotaaf abdi baay'ee namatti tolu dha. Diinni Waaqayyoo hundinuu ni mo'atama. Akkuma kutaawwan Macaafa Qulqulluu gara boodaa agarsiisanitti, inni kana kan raawwatu bulchiinsaa fi mootummaa Kristoosiini. 1 Qorontos 15:24-26 ilaali.

¹⁷⁴ "Lafni" Yihowaa guutummaa biyya lafaati. Inni waan hundumaa ni dhuunfata. Kun hamootaaf akeekkachiisa, qajeelotaaf immoo abdi guddaa dha. Hamoonni matumaa hin mo'atan.

¹⁷⁵ Lakkoofsi 14 Yihowaan gocha hamaa hamootaa akka argu dubbata. Lakkoofsi 17 immoo Yihowaan iyya saba isaa akka dhaga'u dubbata. Kun hamootaaf akeekkachiisa, qulqullootaaf immoo jajjabina dha. Yihowaan kadhannaa qajeelotaa dhaga'uun isaa yeruma sana gidiraa keessaa isaan oolcha jechuu miti. Faarfannaan kuni fi kanneen biroo baay'een qajeelonni gidiraa akka argan agarsiisu. Hata'u malee, yeroo qajeelonni gidiraa argan sanattillee, Yihowaan isaan jajjabeessuudhaan saba isaa ni gargaara. Inni kana kan godhu hamma xumuraatti obsaan akka danda'aniifi. Kanaafuu, faarfannaan kun hamoonni qalbii akka jijjiiratan waamicha dhiheessu qofa miti. Qajeelonni gidiraa guddaa keessatti amanummaan jabaatanii akka dhaabbatan waamicha dhiheessu dha. Kun ergaa xalayaawwan kutaalee Mul'ata 2 fi 3 keessatti waldaaleef barreeffaman keessatti mul'atu waliin tokko dha. Xalayaan hundinuu abdi "nama mo'uuf" kennameen xumurama.

¹⁷⁶ Ibsa waa'ee namicha kan lakkoofsa kana keessa jiru ibsa namicha kan Faarfannaa 8 keessa jiru waliin wal-bira qabii ilaali. Kristoos keessatti qofa namni ibsa lakkoofsa kana keessatti argamu irraa gara ibsa Faarfannaa 8 keessatti argamuutti jijjiirama.

Faarfannaa 11 ...

...garee Faarfannaawwan (9-14) jecha “irraanfachuu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa sadaffaa dha. Akkaataa jechi “irraanfachuu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...garee Faarfannaawwan (9-14) jecha “arguu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa sadaffaa dha. Faarfannaa 11:4 ilaali.

...dubbii Kristoos isa amantiidhaan guutame, yeroo inni warra hamoota irraa akka fagaatu isa gorsanitti dubbatu qabateera. Dubbisaan/qorataan eenyu akka dubbachaa jiruu fi eenyutti akka dubbachaa jiru tokkoon tokkoon faarfannaa keessatti gad-fageenyaan qorachuu qaba. Faarfannaan inni duraa (Faarfannaa 10) dubbii Kristoos yeroo inni gara Yihowaatti iyyatu qabateera. Faarfannaan kunis (Faarfannaa 11) akkasuma dubbii Kristoos isa amantii isaa Yihowaa irratti qabu sana qabatee dhihaata.

...bakka lamatti qoodama (lakkoofsa 1-3 fi lakkoofsa 4-7). Lakkoofsa 1-3 keessatti, Kristoos amantii isaa erga ibsee booda, dubbii warra inni akka baqatu isa amansiisuuf yaalanii caqasa. Lakkoofsa 4-7 keessatti immoo, Kristoos maaliif amantii isaa Yihowaa irratti akka gatu, kanaan kan ka'es maaliif akka hin baqanne ni ibsa.

...kutaawwan Kakuu Moofaa ijoo firdii hamootaa irratti kennamuun walitti dhufeenya qaban waliin walitti hidhata qaba. Seera Uumamaa 19:24 fi Hisqi'eel 38:22 ilaali. (Macaafni Hisqi'eel boqonnaan 38 fi 39 guutummaatti faarfannaa kana waliin qoratamuu qabu; sababni isaas Hisqi'eel 38-39 firdii diinota saba Waaqayyoo irratti dhuftu ilaalchiseeti.)

...kutaawwan Kakuu Moofaa ijoo dhaala qajeelotaatiin walitti dhufeenya qaban waliin walitti hidhata qaba. Hisqi'eel 39:29 ilaali.

...Kakuu Haaraa keessatti kallattiin hin caqasamne. Hata'u malee, jechoonni ijoo faarfannaa kana keessatti firdii hamootaa fi dhaala qajeelotaa ilaalchisee itti fayyadamaman Kakuu Haaraa keessatti caqasamaniiru. Luqaas 17:29, Mul'ata 14:10, 20:10, fi 21:8 ilaali. Kutaawwan kunneen Seera Uumamaa 19:24 fi Hisqi'eel 38 fi 39 waliinis walitti dhufeenya qabu.

Faarfanna 11

Geggeessituu warra faarfattootaaf,
Faarfannan Daawit.

1

Anoo Waaqayyotti kooluu galeera;¹⁷⁷
isin attamitti, “Akka allaattii tulluu keetti ol
baqadhu!” anaan jechuu dandeessu ree?¹⁷⁸

2

Kunoo warri jal'oonni, dukkana keessa warra gara-qajeelotatti gad
dhiisuudhaaf, iddaa dabsataniiru, xiyya isaaniis ribuutti kaa'ataniiru.¹⁷⁹

3

Wanti gaarii ta'ee namaaf hojjetu hundinuu hundeen isaa yoo diigame,
namni qajeelaan maal gochuu danda'a ree”¹⁸⁰

¹⁷⁷ Faarfannaan kun deebii Kristoos isa amantiidhaan guutamee dha; kunis namoota hamoota jalaa akka baqatu warra isa gorsaniif kan kennamee dha. Dubbiin baninsaa faarfannaa kanaa Kristoos amantiin isaa Yihowaa irratti ta'uu isaa jabeessee kan itti lallabe dha. Faarfannaan kun Kristoos maaliif amantii isaa Yihowaa irratti akka gatuu fi kanaan kan ka'es maaliif namoota akka baqatu warra isa jajjabeessan sana akka hin dhageenyee ibsuudhaan xumurama.

Akkuma faarfannaawwan biroo nuyi irratti xiinxalaa turre sanaa, du'aa fi du'aa ka'uu Kristoosiin kan ka'e, faarfannaan kun sanaan booda faarfannaa Kristoos qofa miti. Ta'ii wangeelaatiin kan ka'e, faarfannaan kun faarfannaa warra Kristoos keessa jiran hundumaa ta'a. Warri Kristoos keessa jiran Yihowaa keessatti da'oo argataniiru. Akkuma Kristoos, isaan hamootaan hin mo'ataman.

¹⁷⁸ Kristoos, ammas, kophaa isaa gidiraa argaa jira. Yeroo kana gidiraan isaa kan dhufe hamoota qofa irraa utuu hin ta'in, namoota biroo warra hamoota jalaa akka baqatu dhiibbaa irratti gochaa jiran irraas dabalateeti. Sababni namoonni sun Kristoos akka baqatu barbaadaniif lakkoofsa 2 fi 3 keessatti tarreeffameera. Kristoos maaliif akka hin baqanne immoo lakkoofsa 1, caqasa jalqabaa irratti firdii argata— **“Ani Waaqayyoon nan amana”** (Waaqayyo keessatti nan baqadha).

¹⁷⁹ Hamoonni akka loltoota iddaa (xiyya) isaanii gara warra “garaa qajeelotaatti” qabataniitti fakkeeffamaniiru. Kristoos hin sodaatu, sababni isaas Yihowaa keessatti da'oo argateera. Lakkoofsi kun Hisqi'eel 39:3 keessatti calaqqisa. Kutaan sun hamoonni qajeelota irratti xiyya isaanii gadhiisuuf yaaliin isaan godhan akka hin milkoofne agarsiisa. Yihowaan hamootaan akkas jedha: **“Ani iddaa kee harka kee bitaa irraa nan rukuta, xiyya kees harka kee mirgaa irraa nan buusa.”** Waadaan Yihowaa qulqullootaaf gammachuu fi ofitti amanamummaa guddaa kennuu qaba. 1 Saamu'eel 2:4 (walaloo waa'ee Kristoos dubbatu) fi Faarfannaa 7:12-16 ilaali.

¹⁸⁰ Namoonni Kristoos waliin dubbachaa jiran ni sodaatu, sababni isaas hamoonni akka waan humna hundumaa qabanitti mul'atu. Isaan waan barbaadan hundumaa gochuu akka danda'anii fi qajeelonni immoo waan tokko gochuu akka hin dandeenyeetti mul'atu. Hamoonni “hundee” diiguu dandeenya jedhanii amanu, qajeelonni immoo homaa gochuuf humna akka hin qabneetti yaadu.

4¹⁸¹

Waaqayyo mana qulqullummaa isaa keessa jira;
Waaqayyo teessoo isaa waaqa irraa qaba;¹⁸²
ija isaatiin ilmaan namaa in arga,¹⁸³
agartuun isaas namoota qoree in ilaala

5

Waaqayyo, nama qajeelaa, nama jal'aas in qora,¹⁸⁴
isa humnaan nama irratti ka'uu jaallatus
garaa guutuudhaan in jibba.

¹⁸¹ Lakkoofsa 4 keessatti, Kristoos warra akka inni baqatu isa gorsan sana lammata hin caqasu. Lakkoofsonni 4-7 deebii Kristoos warra akka inni baqatu barbaadaniif kenne dha. Lakkoofsonni kun maaliif Kristoos Yihowaa keessa akka baqate (da'oo godhate) ibsu

¹⁸² Utuma hamoonni isa sodaachisaa jiranillee, Kristoos isaan angoo akka hin qabnde ni hubata. Kristoos Yihowaan qofti teessoo humnaa, angoo fi firdii irra akka taa'e ni beeka. Faarfannaa 2:4 ilaali.

¹⁸³ Ammas, dhimmi ijoo Faarfannaa kutaa kanaa ilaalcha Yihowaa ti. Inni gocha hamaa hamootaa ni argaa? Hamoonni, "Waaqayyo irraanfateera, fuula isaa dhokseera, inni matumaa hin argu" jedhu (Faarfannaa 10:11). Waaqayyo waan hin argineef, firdii nu irratti hin kennu jedhanii amanu. Kristoos garuu Yihowaan akka argu—hamoota irrattis firdii akka kennu ni lallaba (dubbii Kristoos Faarfannaa 10:14-15 jiru ilaali). Faarfannaan kutaa kanaa qajeelonni utuma rakkoo fi ari'atama keessa jiraniillee jabaatanii akka dhaabbatan jajjabeessuuf kan barreeffame dha. Yihowaan waan hundumaa ni arga, qajeelota ni oolcha, ofii isaas akka dhaalaatti isaaniif ni kenna. Faarfannaawwan kunneen hamoonni utuu firdii bara baraa Yihowaa jala hin bu'in dura hammeenya isaanii irraa akka qalbi jijjiiratan akeekkachiisu (Faarfannaa 7:12-16 ilaali).

¹⁸⁴ Namoonni hundinuu, qajeelota dabalatee, Yihowaadhaan ni qoratamu. Kanarraan kan ka'e, namni hundinuu dubbii Faarfannaa kanaatiif xiyyeeffannoo guddaa kennuufii qaba. Warra ija Yihowaa duratti xurii (mudaa) hin qabne qofatu isa waliin jiraachuu danda'a (Faarfannaa 15 ilaali). Kristoosii fi warra isa keessa jiran qofatu "qajeelota" jedhamee dubbatama. Warri kaan hundinuu firdii Faarfannaa kana keessatti dubbatame sana ni argatu.

6

Inni barbadaa ibiddaa, dhagaa boba'us jal'oota irratti in roobsa Qoodi isaaniis qilleensa gubaa finiinaa dha.¹⁸⁵

7

Waaqayyo qajeelaa dha;¹⁸⁶
inni hojii qajeelaa in jaallata;¹⁸⁷

¹⁸⁵ Firdiin dhimma ijoo kitaaba Faarfannaa keessatti argamu dha. Jalqaba kitaaba Faarfannaa keessatti Faarfannaa 1:5 irratti ibsameera. Akka Faarfannaa 11tti, adabbiin hamootaa “ibiiddaa fi dhagaa boba’u, akkasumas qilleensa gubaa” ta’a. Galanni qajeelotaa Yihowaa biraa argatan immoo “fuula isaa arguu” dha.

Faarfannaan kun jechoota ijoo yeroo adabbii Sodoomii fi Gomoraa irratti dhufe sana ibsuuf itti fayyadamanitti fayyadamuun isaa xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Seera Uumamaa 19:24 akkas jedha: “**Yommus Waaqayyo bantii waaqaa keessa dhagaa boba’u, ibidda boba’u mandaroota Sodoomii fi Gomoraa irratti in roobse.**” (Seenaan badiisa Sodoomii fi Gomoraa guutummaatti Seera Uumamaa 18:16–19:29 keessatti argama). Yesuusis Luqaas 17:29 keessatti yeroo badiisa Sodoomii fi Gomoraa ibsu **jechoota wal-fakkaataatti fayyadameera:** “guyyaa Loox Sodoomii ba’etti garuu, ibiddii fi dhagaan boba’u waaqarraa isaanitti roobee hunduma isaanii in fixe.” Jechoonni kun adabbii dhuma baraa irratti hamoota irratti dhufu ibsuufis itti fayyadamanii. Hisqi’eel 38:22 akkas jedha: “Ani dha’ichaa fi dhiiga dhangalaasuudhaan isatti nan farada; ani bokkaa yandoo, cabbii, ibiddaa fi dhagaa boba’us isa irratti, loltuu isaa irratti, saba baay’ee warra isaa wajjin jiran irrattis nan roobsa; ani guddaadhaa fi qulqulluu ta’uu koo nan argisiisa; saba baay’ee durattis nan beekama; yommus ani Waaqayyo akkan ta’e isaan in beeku” jedha. Mul’ata 21:8 keessattis akkas jedha: “Qoodi warra lugnootaa, warra amantii hin qabnee, warra ciigga’amoo, warra gumaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, warra waaqayyolii tolfaman waaqessanii, warra sobduu hundumaas garuu, kuufama ibiddii fi dhagaan boba’u keessaa balalchu in ta’a; innis du’a lammaffaa dha? naan jedhe.” Mul’ata 14:10 fi 20:10’s ilaali.

¹⁸⁶ Sababni Yihowaan hamoota adabuuf inni qajeelaa waan ta’eefi. Hammeenya callisee bira darbuun qajeelummaa isaa ni hir’isa. Inni warra hammeenya hojjetan adabuu qaba. Lakkoofsonni kun Yihowaan gara-jabeessa ta’uu isaa hin agarsiisani. Kana mannaa, inni qajeelaa ta’uu isaa fi qajeelotaa fi hojii qajeelaa kan jaallatu ta’uu isaa ragaa dha. Akkasumas hamoonni (akka Faarfannaa 14tti namoota hundumaa jechuudha) akka qalbii jijjiirrataniif akeekkachiisa gaarummaan guutame dha.

¹⁸⁷ Qajeelummaan Yihowaa fi jaalalli inni hojii qajeelaaf qabu ilmaan namootaatiif rakkoo suukanneessaa dhiheessa; sababni isaas, akka Faarfannaa 14:1-3tti namni gaarii godhu tokko illee hin jiru. Namni gaarii hojjetu tokkoyyuu hin jiru. Abdiin dhiiraa, dubartii, yookaan ijoollee kamiyyuu Kristoos irratti amanuu qofa. Waaqayyo warra Kristoos irratti amantii qabaniif qajeelummaa ni kenna. Yohaannis 3:16-21 fi 2 Qorontos 5:21 ilaali. Warri qajeelummaan Waaqayyo biraa kennameef, sanaan booda qajeelummaa Waaqayyo isaan irraa barbaadu sana raawwachuu danda’u dha (Galaatiyaa 5:22-23 ilaali)

warri waan qajeelaa hojjetan fuula isaa arguuf jiru.¹⁸⁸

¹⁸⁸ Warra qajeelotaatiif dhaalli gatiin isaa dorgommii hin qabne waadaa galeera: isaan fuula Yihowaa ni argu (Mul'ata 22:3-4 ilaali). Fuula Yihowaa arguun, qajeelonni argama Yihowaa keessa akka jiraatanii fi ulfina isaa guutuudhaan dhugumaan akka isa beekan jechuu dha. Museen raajii Waaqayyo waliin "fuulleetti" dubbachaa ture jedhamee beekama (Ba'uu 33:11 ilaali). Hata'u malee, akkuma Yihowaan Museedhaan, "Namni na argee hin jiraatu" jedhetti, inni iyyuu ulfina Waaqayyoo guutuudhaan akka argu hin eeyyamamneef (Ba'uu 33:20 ilaali). Kristoos garuu Waaqayyo biraa waan dhufeef, akkasumas qulqulluu fi mudaa kan hin qabne waan ta'eef, karaa kanaan Waaqayyoon ni arga (Faarfannaa 15 fi Yohaannis 1:18 ilaali).

Yesuus Kristoos namoonni gara argama Waaqayyootti akka deebifamaniif dhufe! Namoonni Waaqayyoon fuulleetti beekuu kan danda'an, cubbuun isaanii dhiifamee ija Waaqayyoo duratti qajeelota jedhamanii waan jedhamaniif qofa (Hisqi'eel 39:23-24 ilaali). Warri "Kristoos keessa" jiran hundinuu dhaala kana ni argatu. Dhaalli qajeelotaa kun guutummaatti kan beekamu yommuu Yesuus Kristoos deebi'ee dhufu dha.

Hata'u malee, waadaan kun gara fuulduraatiif qofa miti. Hisqi'eel 39:29 keessatti Yihowaan, "Ani hafuura koo mana Israa'el irratti waanan dhangalaaseef, si'achi fuula koo isaan duraa hin dhoksu" jedhee lallaba. Hafuurri Qulqulluun dhangala'eera! Kunis sabni Yihowaa utuma guyyaa mootummaan Waaqayyoo guutummaatti itti mul'atu eeggachaa jiranittuu, ammumaa iyyuu fuula Waaqayyoo argaa jiru jechuu dha! Sabni Waaqayyoo ammuma iyyuu isa beekuu ni danda'u! Dubbiin Yesuus Yohaannis 14:8-11 keessatti Filiphosiif dubbate dhugaa kana ni mirkaneessa.

Faarfannaa 12

...garee Faarfannaawwan (9-14) jecha “irraanfachuu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa afuraffaa dha. Akkaataa jechi “irraanfachuu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...garee Faarfannaawwan (9-14) jecha “arguu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa afuraffaa dha. Akkaataa jechi “arguu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...dubbii hamootaa fi dubbii Yihowaa wal-bira qabee ilaala. Dubbiin hamootaa sobaa fi gowwoomsaadha (lakkoofta 2-4 ilaali). Dubbiin Yihowaa immoo qulqulluudha (lakkoofta 6 ilaali). Qajeelonni dubbii Yihowaa isa qulqulluu irratti amantii gatuudhaan beekamu.

...jechoota “ilmaan namootaa” jedhuun jalqabee xumurama. Moggaasni ilmaan namootaatiif kenname kun faarfannaa kana faarfannaa naannoo isaa jiran waliin walitti hidha. Faarfannaa 11:4 fi 14:2 ilaali.

...haala gaddisiisaa ta’een xumurama. Faarfannaawwan baay’een haala mo’ichaatiin xumuramu. Faarfannaan kun garuu hamoonni asiis achiis yommuu deddeebi’anii fi hammeenya (jibbisiisummaan) yommuu ol ol qabamuun xumurama. Karaa kanaan xumuramuun isaa, dubbiin Waaqayyoo inni qulqulluun hamma ammaatti raawwatamuu baatus, sabni Waaqayyoo amantiidhaan jabaatanii itti fufuu akka qaban addeessa.

...Kakuu Haaraa keessatti hin caqasamne.

Faarfannaa 12

GEGGEESITUU WARRA FAARFATOOTAAF; KUN TOORA
SADDEETAFFAA IRRATTI FAARFATAME¹⁸⁹; FAARFANNAA DAAWIT

1

Yaa Waaqayyo, namni siif of kenne hin jiru, ati nu gargaari!¹⁹⁰
Warri amanamoonni ilmaan namootaa gidduudhaa badaniiru'o¹⁹¹

2

namoonni adduma addaan walii isaaniitti soba in dubbatu,
afaaniin namatti kuuluudhaaf garaa walaallammiidhaan in
dubbatu¹⁹².

3

hidhii sobaan namatti kuuluu hundumaa, arraba jajuu gurguddaa
dubbatus, gooftichi haa kukkutu!

4

Namoonni," Nuyi arraba keenyaan humna in godhanna,
hidhiin keenya nutti jira, eenyutu nu irratti gooftaa ta'a ree?" in
jedhu¹⁹³

¹⁸⁹ lbsa waa'ee durandisa (superscription) Faarfannaa 6 irratti kenname ilaali.

¹⁹⁰ Saptuajantiin (hiikkaan Afaan Giriikii) "Na oolchi" jedhee dubbata. Akkuma dubbisni Saptuajantii agarsiisutti, kunneen dubbii Kristoositi.

¹⁹¹ Jechi "ilmaan namootaa" jedhu jalqabaa fi xumura faarfannaa kanaa irratti itti fayyadamameera. Jechoota kanneen gidduutti kutaaleen waa'ee hammeenya "ilmaan namootaa" fi waraana isaan saba Yihowaa irratti banan dubbatutu jiru. Kakuu Moofaa keessatti jechi "ilmaan namootaa" jedhu yeroo jalqabaatiif kan itti fayyadamame, warra ajaja Yihowaa isa "lafa guutaa" jedhu dhiisanii, bakka ulfina Waaqayyoo ulfina ofii isaanii itti kabajatan magaalaa fi gamoo (gamoo Baabiloon) ijaaran sanaaf ture (Seera Uumamaa 11:5 ilaali). Akkuma faarfannaan kun agarsiisutti, namoonni biyya lafaa irra jiraatan ammas waanuma wal faakkatu gochaa jiru

¹⁹² Dubbiin Kristoos sodaachisaa dha. Bakka hundumaatti namni Waaqayyoof bulu hin jiru. Namni amanamaan lafa irratti hin argamu. Namni hundinuu sobaa dha. Faarfannaa 14:1-3 fi Roomaa 3:9-18 ilaali.

¹⁹³ "Ilmaan namootaa" akka waan humna hundumaa qabanii fi carraa fuulduraa isaanii akka dhuunfaatti to'atanitti yaadu. Humni isaanii dubbii isaanii akka ta'e dubbatu. Faarfannaa 57:4's ilaali. Kristoos Yihowaan hidhii fi afaan isaanii akka kutu ni waama. Yihowaan qofti ol ol ni qabama.

5

Waaqayyo gooftaan immoo, "Warri jara gadadamoo irratti humnaan ka'an waan jiraniif, warri wanta barbaachisaa dhabanis waan aadaniif,¹⁹⁴ amma ani ka'uufan jedha,"¹⁹⁵ gargaarsa isaan hawwanis akka argatan nan godhaaf"¹⁹⁶ in jedha

6

Dubbiin Waaqayyoo dubbii qullaa'aa dha, inni akka meettii iddoo ibiddaatti, si'a torba baqfamee qullaa'ee ti.¹⁹⁷

7

yaa Waaqayyo, ati nu irra in golgita;¹⁹⁸
dhaloota¹⁹⁹ kanattiis yeroo hundumaa nu eegda.

8

Amalli gadheen ilmaan namootaa gidduutti akkuma ol ka'aa adeemu.

¹⁹⁴ "Ilmaan namootaa" hamoonni warra "gadadamoo/ hiyyeessota" fi " warri wanta barbaachisaa dhabanis " balleessuuf yaalu. Kristoos qajeelota ibsuuf jechoota kanaan fayyadamuun isaa, namoonni kun humna yookaan qabeenya ittiin of oolchan akka hin qabne argisiisuufi. Isaan jabaa, soressa yookaan humna-qabeeyyii miti. Waa'ee humna ofii isaanis waan ittiin of jajan guddaa hin qaban. Isaan dubbii ofii isaanii irratti hin hirkatan. Kana irra, isaan akka isaan oolchuuf dubbii Yihowaa irratti amanamu (lakkoofsa 5 ilaali). Jechoonni " gadadamoo/hiyyeessota " fi " warri wanta barbaachisaa dhaban" jedhan yeroo baay'ee Faarfannaa keessatti Kristoosii fi saba isaa ibsuuf itti fayyadamu. Faarfannaa 35:10, 37:14, 40:17, 70:5, 72:12-13, 74:21, 86:1, 109:16, 109:22, fi 113:7 ilaali. Akkasumas dubbii Haannaa 1 Saamu'eel 2:8 fi dubbii Yesuus Maatewos 5:3 keessatti argamu ilaali.

¹⁹⁵ Museen Seera Lakkoofsa 10:35 keessatti Yihowaa "ka'i" jedhee yommuu waammatu ilaali.

¹⁹⁶ Lakkoofsi 5 waadaa Yihowaa biraa dhufe dha. Inni "hiyyeessotaa" fi "warra waan barbaachisu dhaban" f jaalala waan qabuuf, ka'ee isaan ni oolcha. Kadhannaan Kristoos Faarfannaa 10:12 keessatti dhiheesse, deebii isaa sagalee Yihowaa ofii isaatiin Faarfannaa 12:5 keessatti argateera!

¹⁹⁷ Caqasni waa'ee dubbii Yihowaa kun kallattiin lakkoofsa 5 waliin walitti dhufeenya qaba. Lakkoofsa 5 keessatti, Yihowaan hiyyeeyyii fi warra waan barbaachisu dhabaniif akka furu waadaa galuuf dubbii isaatti fayyadameera. Lakkoofsi dubbii Yihowaa "dubbii qulqulluu" ta'uu isaa dubbatu kun hiyyeeyyii fi warra waan barbaachisu dhaban abdii guddaa kennu qaba. Inni waan raawwatamuu hin dandeenye matumaa hin dubbatu. Dubbiin isaa hundinuu kan mirkanaa'e dha. Hata'u malee, dubbii Yihowaa kun qajeelotaaf jajjabina yommuu fidu, hamootaaf immoo sodaa guddaa fiduu qaba. Hamoonni ni sodaatu, sababni isaas dubbii Yihowaa inni qulqulluudhaan isaan akka mo'ataman waan mirkaneessuufi.

¹⁹⁸ Yihowaan akka "ilmaan namootaa" sobduu miti. Kristoos Yihowaan dubbii isaa akka eegu ("Yaa Waaqayyo, ati isaan ni eegda") fi hiyyeeyyii fi warra waan barbaachisu dhaban akka oolchu ni lallaba

¹⁹⁹ Ibsi hamoota "ilmaan namootaa" akka "dhaloota kanaatti" dhihaachuun isaa, faarfannaa kana ibsa Yihowaan namoota bara Noh turaniif kenneen walitti hidha (Seera Uumamaa 7:1 ilaali). Akkasumas faarfannaa kana ibsa Yesuus namoota bara isaa turanii fi isa mormaa (tuffachaa) turan ibsuuf itti fayyadame waliin wal-qabsiisa (Maatewos 11:16, 12:41-42, 23:36, Maarqos 8:12, Luqaas 7:31, 11:29-32, 11:50-51, fi 17:25 ilaali). Qajeelonni yeroo hundumaa Yihowaadhaan ni eegamu, kanaan kan ka'es "dhaloota kanaan" hin mo'ataman.

warri jal'oonni gara hundumaan caqasaa yoo marsan iyyuu, ati nu eegda²⁰⁰

²⁰⁰ Faarfannaan kun haala mo'ichaatiin waan hin xumuramneef faarfannaawwan biroo irraa adda (xumura Faarfannaa 1-11 waliin wal-bira qabii ilaali). Utuma Yihowaan ka'ee hiyyeeyyii fi warra waan barbaachisaa dhaban akka oolchu dubbatee, dubbiin isaas "dubbii qulqulluu" fi raawwatamuun isaa kan mirkanaa'e ta'us, dhuma faarfannaa kanaa irratti hamoonni ammas asiis achiis deddeebi'aa hammeenya ol ol qabaa jiru. Kanaafuu, faarfannaan kun utuma dubbiin Waaqayyoo inni qulqulluun guutummaatti hin raawwatamin, sabni Waaqayyoo dubbii Yihowaa irratti amantii guutuudhaan itti fufuu akka qaban addeessuun xumurama. Kun immoo Faarfannaa 13 waliin walitti dhufeenya guutuu uuma. Faarfannaan 13 Kristoos utuu Yihowaan isa oolchu hamma yoomiitti eeggachuu akka qabu gaaffii dhiheessuun jalqaba.

Faarfannaa 13

...garee Faarfannaa (9-14) jecha “irraanfachuu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa shanaffaa dha (Far. 13:1 ilaali). Akkaataa jechi “irraanfachuu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...garee Faarfannaa (9-14) jecha “arguu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa shanaffaa dha. Akkaataa jechi “arguu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...bakka sadiitti qoodama.

Kutaan jalqabaa (lakkoofsa 1-2) deddeebisanii jecha **“Hamma yoomiitti?”** jedhuun itti fayyadamuudhaan adda baafama. Kristoos, Yihowaan hamma yoomiitti akka isa irraanfatu, hamma yoomiitti kophaa isaa akka gidiraa argu, akkasumas hamma yoomiitti diinonni isaa isa irratti “ol ol akka qabaman” ni yaada (gaaffii dhiheessa).

Kutaan lammaffaan (lakkoofsa 3-4) kadhannaan isaa akka deebii argatuu fi diinota isaa jalaa akka ooluuf kadhannaa Kristoos irraa gara Yihowaatti dhihaate dha. Kutaan kun jecha **“Akka hin taaneef”** jedhuun adda baafama. Kristoos akka hin duuneef, akkasumas diinonni isaa Kristoos irratti mo’icha akka hin labsinee fi kufuuti isaatti akka hin gammanneef oolummaa (fayyina) argachuu qaba.

Kutaan sadaffaan (lakkoofsa 5-6) lallaba amantii Kristoos sadii kan qabate yommuu ta’u, kunis Yihowaan kadhannaa isaa akka deebisuufii fi akka oolu akka beeku agarsiisa.

...kakuu (waadaa) Kristoos Yihowaa galateeffachuuf galeen xumurama.

...Kakuu Haaraa keessatti hin caqasamne.

Faarfannaa 13

GEGGEESITUU WARRA FAARFATOOTAAF; FAARFANNAA DAAWIT.

1

Hamma yoomiitti,²⁰¹ raawwattee na irraanfatta²⁰², yaa Waaqayyo?
Hamma yoomiitti fuula kee na duraa dhoksita?²⁰³

2

Hamma yoomiitti lubbuun koo yaadaan dhiphatti?
Hamma yoomiitti garaan koo guyyaa guutuu gadda?
Hamma yoomiitti diinonni koo ana irra aanu?

3

Yaa Waaqayyo gooftaa ko na ilaali,

²⁰¹ Jechi "**Hamma yoomiitti?**" jedhu lakkoofsa 1 fi 2 keessatti si'a afur irra deddeebi'amee jira. Itti fayyadamni jechoota kanaa amantii cimaa Kristoos qabu argisiisa. Inni Yihowaan "dubbii isaa isa qulqulluu" (Far. 12:5-6 ilaali) akka eeguu fi akka isa oolchu ni beeka. Hata'u malee, utuma eeggachaa jiruyyuu, dhugumaan gidiraa (rakkina) argaa jira. Inni Yihowaan gidiraa isaa keessaa hamma yoomiitti akka isa oolchu eeggachuu akka qabu yaadd'aa jira. Lakkoofsonni kunneen Kiristiyaanonni kadhannaa akkasii Waaqayyoon gaafachuun isaanii amantii dhabuu akka hin taane argisiisu. Dhugumaan, kun dubbii isaa isa "qulqulluu" irratti amantii dhugaa qabaachuu argisiisa.

²⁰² Kutaa Faarfannaa kana keessatti, barreessaan jecha "**irraanfachuu**" jedhu irratti xiyyeeffachaa jira. Jechi kun Faarfannaa kunneen keessatti karaa adda addaa itti fayyadamameera. Far. 9:12, 9:17, 9:18, 10:11, 10:12, fi 13:1 ilaali

²⁰³ Yihowaan fuula isaa waan jalaa dhokseef Kristoos dhiphachaa jira. Dubbisaan, yoo xiqqaate faarfannaa kana keessatti, maaliif Yihowaan fuula isaa Kristoos jalaa akka dhokse hin himne. Kristoos hamaa waan ta'eef miti. Inni qajeelaa dha; waadaan ulfina qabeessi qajeelotaaf gale immoo, "**warri waan qajeelaa hojjetan fuula isaa arguuf jiru**" (Far. 11:7 ilaali) kan jedhu dha. Yoos, maaliif Yihowaan fuula isaa "**Isa qajeelaa**" sana jalaa dhokse? Warri wangeela beekan gaaffii kanaaf deebii qabu. Kristoos cubbuu saba Waaqayyoo baachuuf jedhee dhiphate, du'es. Kanaafuu, cubbuun sababa Waaqayyo yeroof fuula isaa Kristoos jalaa itti dhokse dha. Ta'us, faarfannaa kana irraa akka ifa ta'etti, Kristoos akka ooluu fi lammata fuula Yihowaa akka argu ifa dha ture (Far. 13:5-6 fi 17:15 ilaali).
Yihowaan warra "**Kristoos keessa**" jiran jalaa matumaa fuula isaa akka hin dhoksine hubachuun baay'ee barbaachisaa dha. Warri "Kristoos keessa" jiran, akkuma Fayyisaa isaanii, hamma Waaqayyo "dubbii isaa isa qulqulluu" raawwatutti yeroo dheeraaf gidiraa danda'uun (obsuun) isaan barbaachisa. Yeroo gidiraa kana keessatti, akka waan Waaqayyo waadaa isaa irraanfatee fi warra jaallatu jalaa fuula isaa dhokseetti mul'achuu danda'a. Hata'u malee, kun muuxannoo Kristoos irraa adda dha. Akka **bakka-bu'aa waaqayyummaa** saba Waaqayyoo hundumaatti, Yesuus Kristoos dheekkamsa Waaqayyoo baateera. Kiristiyaanni matumaa dheekkamsa Waaqayyoo hin baatu. Yeroo gidiraa guddaa keessatti illee, fuulli Yihowaa qajeelota irratti ni ibsa. Kun ta'ii wangeelaatiin kan ka'e dhugaa dha. Yesuus yeroo hundumaa saba isaa waliin akka ta'u (Maatewos 28:20 ilaali) fi fuula Abbaa yeroo hundumaa isaanii argisiisuuf waadaa galeera (Yohaannis 14:8-11 ilaali).

hirriba du'aa akkan hin rafnetti ija koo anaaf ibsi! ,²⁰⁴

4

Diinni koo, "Isa mo'eera" hin jedhin, hamajaajin koos bitintiruu kootti sonaan hin gammadin!

5

Ani garuu gaarummaa kee amanadheera,²⁰⁵
na oolchuu keettis garaa koo guutuudhaan nan gammada.²⁰⁶

6

Wanta gaarii inni anaaf godheef, ani Waaqayyoon nan faarfadha.²⁰⁷

²⁰⁴ Yihowaan yoo isa oolchuu baate, Kristoos "hirriba du'aa akka rafu" ni beeka. Akkuma Kakuun Haaraan ifa godhutti, Kristoos dhugumaan ni du'e. Hata'u malee, Waaqayyo Abbaan du'a keessaa isa oolcheera. Waaqayyo "ija isaa ibseera" du'aas isa kaaseera (Faarfannaa 9:13 fi Roomaa 1:4 ilaali). Diinonni Kristoos utuu isa irratti mo'icha argatanii, labsiin Yihowaan waa'ee bulchiinsa Kristoos Faarfannaa 2 keessatti dubbate dhugaa miti jechuu dha. Dubbiin isaa inni "qulqulluun" Faarfannaa 12 keessaa dhugaa miti jechuu dha. Kanaafuu, diinonni Kristoos utuu isa irratti mo'atanii, Yihowaan soba dubbachuu isaa mirkaneessu, akkasumas Yihowaa irrattis mo'icha argatu ture!

²⁰⁵ Kun dubbii Kristoosi dha. Inni "jaalala Yihowaa isa hin dhumne" irratti ni amana. Jechi "jaalala hin dhumne" (yookaan yeroo tokko tokko "araara" yookaan "gaarummaa") jedhamee hiikame kun dhimma ijoo Faarfannaa keessatti argamu dha. Si'a 123 itti fayyadamameera. "Jaalalli hin dhumne" inni Yihowaan Kristoosiif qabu karaa inni jaalala isaa saba isaatiif ittiin agarsiisu dha. Jechi kun (Afaan Ibirootiin jecha qeenxee) guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti akkamitti akka itti fayyadaman gad-fageenyaan qorachuun lallabaadhaaf baay'ee gargaara. Kitaaba Faarfannaa isa jalqabaa keessatti, "jaalalli hin dhumne" kutaawwan kanneen keessatti argama: 5:7, 6:4, 13:5, 17:7, 18:50, 21:7, 23:6 (Faarfannaan 23 baay'ee waan beekamuuf, jechi "araara" jedhu yeroo baay'ee bakka "jaalala hin dhabanne" jedhu bu'eera), 25:6-7, 25:10, 26:3, 31:7, 31:16, 31:21, 32:10, 33:5, 33:18, 33:22, 36:5, 36:7, 36:10, 40:10, fi 40:11.

²⁰⁶ Walitti dhufeenya "jaalala hin dhumne" isa lakkoofsa kanaa keessatti argamuu fi "fayyina" gidduu jiru hubadhu. Fayyinni jaalala guddaa Yihowaan Kristoosiif (fi warra "isa keessa" jiraniif) qabu waliin gad-fageenyaan walitti hidhameera. Yohaannis 3:16-18 fi Roomaa 5:8 ilaali.

²⁰⁷ Kristoos ooluu erga argateen booda Yihowaa galateeffachuuf waadaa gala. Kiristiyaanonni hundinuu ooluu Kristoos argateef Waaqayyoon galateeffachuu qabu; sababni isaas utuu inni du'a keessaa ooluu baatee, namni tokkoyyuu du'a jalaa ooluu hin danda'a ture. Waadaan Kristoos Yihowaa akka galateeffatu gale kun Faarfannaa keessatti deddeebi'ee mul'ata.

Faarfannaa 14 ...

...garee Faarfannaa (9-14) jecha “irraanfachuu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa ja’affaa dha. Akkaataa jechi “irraanfachuu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...garee Faarfannaa (9-14) jecha “arguu” jedhu irratti xiyyeeffatan keessaa isa ja’affaa dha (Faarfannaa 14:2 ilaali). Akkaataa jechi “arguu” garee faarfannaa kana keessatti itti fayyadamame ilaalchisee ibsa Faarfannaa 9 irratti kenname ilaali.

...Faarfannaa 15 waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Faarfannaan 14 hammeenya guutuu “ilmaan namootaa” ibsa. Faarfannaan 15 immoo qulqullummaa guutuu warra “tulluu qulqulluu [Yihowaa] irratti jiraatanii” ibsa.

...cubbamummaa (hammeenya) ilmaan namootaa ibsa.

...qulqullummaa Yihowaa argisiisa.

...hamoota sodaa guddaadhaan guutuu qaba.

...qajeelota abdii guddaadhaan guutuu qaba (sababa waadaa lakkoofsa 5-7 keessatti qajeelotaaf dubbatameef).

...Faarfannaa 53 waliin baay’ee wal fakaata (waluma tokko jechuun ni danda’ama).

...Seera Keessa Deebii 30:3 waliin walitti hidhata qaba.

...Roomaa 3:10-12 keessatti caqasameera.

Faarfannaa 14²⁰⁸

GEGGEESITUU WARRA FAARFATOOTAAF;
FAARFANNAA DAAWIT

1

Gowwoonni garaa isaaniitti, “Waaqayyo hin jiru.”²⁰⁹ in jedhu;
isaan amalli isaanii manca'aa dha, wanta ciiggaasisaa in hojjetu,

²⁰⁸ Faarfannaa 14 fi Faarfannaa 53 baay'ee wal fakaatu. Faarfannaan kun irra deddeebi'amee dhiyaachuun isaa dhimma ijoo faarfannaa kanaa cimsee addeessa. Irra deddeebiin kunis itti yaadamee kan godhame dha malee akkuma carraa kan ta'e miti.

²⁰⁹ Warri kun dubbii Kristoos yommuu inni waa'ee ilmaan namootaa kaan yaadu dha. Kristoos garaa hamaa namoota hundumaa fi hojii jal'inaa tokkoon tokkoon namaatiin raawwatamu ni xiinxala. Inni hojii hamaa namoonni hojjetan qofa miti kan xiinxalu; yaadawwan hamaa namoonni keessa isaaniitti qabanis ni ilaala. Kristoos hammeenya argu kanaan baay'ee gaddeera. Inni ofii isaa warra hamoota keessatti hin lakkaawu. Faarfannaan kun Kristoos hojii hamaa raawwachaa jira yookaan yaada hamaa keessummeessaa jira hin jedhu. Kana mannaa, Waaqayyo qajeelummaa fi fayyina isaa gara biyya lafaatti akka fidu ni hawwa (lakkoofta 7 ilaali). Kun Yesuus Kristoos irratti dhugaa ture. Inni qofti cubbuu malee jiraate (ammaas jiraachaa jira). Inni gara biyya lafaa kan dhufeef, namoonni biyya lafaa irra jiran Waaqayyo qulqulluu irratti cubbuu guddaa waan hojjetaniifi. Dubbii Yesuus Yohaannis 3:16-18 keessatti dubbatame qalbiidhaan dubbisi: “Waaqayyo, addunyaa kanaan akkasitti jaallate; tokkicha ilma isaa hamma kennutti, kanaan isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa akka argatuuf malee, akka hin banneef. Waaqayyo ilmi isaa addunyaa kanaan akka fayyisuuf malee, addunyaa irratti firdii kennuuf hin ergine. Isatti kan amanu irratti firdiin hin kennamu; isatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkichuma ilma Waaqayyootti waan hin amanneef, ammuma iyyuu itti firdameera.”

Dubbiin baninsaa faarfannaa kanaa (“Gowwaan garaa isaatti, ‘Waaqayyo hin jiru’ jedha”) Faarfannaa 10:4 waliin baay'ee wal fakaata. Sababni faarfannaawwan kunneen walitti dhihaatanii kaa'amaniif keessaa inni tokko kanuma. Hamoonni, “Waaqayyo hin jiru” jedhanii amanu. Kun namoota Waaqayyo matumaa hin jiru jedhan (atheists) jechuu qofa miti. Kana mannaa, Waaqayyo dhugaa isa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti ibsame sana irratti amantii hin qaban jechuu dha. Akka dubbii baninsaa faarfannaa kanaatti, namni Waaqayyo dhugaa tokkicha irratti amantii isaa hin gannu ta'e, namni sun gowwaa dha. Gowwaan nama beekumsa hin qabne qofa miti. Gowwaan nama itti yaadee Waaqayyoon tuffatuu fi isa hin barbaaddanne waan ta'eef adabbii kan madaalu dha. Kanaan kan ka'e, gowwaan Waaqayyo irratti fi ilmaan namootaa irratti yakka guddaa raawwata.

namni waan gaarii godhu tokko illee hin jiru.²¹⁰

2

Ogeessonni Waaqayyoon barbaadan, yoo jiraatan arguudhaaf, Waaqayyo bantii waaqaa keessaa, ilmaan namootaa gad in ilaala;²¹¹

3

hundinuu karaa irraa goraniiru, hundinuus wal ga'anii manca'aniiru, namni gaarii godhu tokko illee hin jiru, lakkii, tokko iyyuu hin jiru*.²¹²

4

Warri hamaa hojjetan hundinuu homaa hin hubatanii ree?

²¹⁰ Akka lakkoofsa kanaatti, namni biyya lafaa irra jiru tokkoyyuu waan gaarii hin hojjetu. Jecha biraatiin, ramaddiin namoota "gowwota" jedhamanii lakkoofsa 1 keessatti caqasaman garee xinnoo miti; namni hundinuu "gowwaa" dha, adabbii Waaqayyoo kan madaalu dha. Akka Kristoos jedhutti, namoonni hundinuu "xuraa'oo dha, hojii jibbiisaas ni hojjetu." Dhugaan kun namni hundinuu araaraaf gara Waaqayyootti akka iyyatu gochuu qaba; sababni isaas, akkuma faarfannaa itti aanu (Far. 15:2) irratti ifa ta'etti, warra qulqulluu qofatu argama Yihowaa keessa gala. Ergamaan Phawulos namni tokkoyyuu qajeelaa akka hin taane mirkaneessuuf lakkoofsa 1-3 Roomaa 3:10-18 keessatti caqaseera. Namoonni baay'een hojii gaarii isaaniitiin jireenya bara baraa ni dhaalla jedhanii yaadu. Hata'u malee, akka lakkoofsa kanaatti "namni gaarii hojjetu tokkoyyuu waan hin jirreef," namni tokko iyyuu karaa kanaan hin fayyu. Namni hundinuu cubbuu hojjeteeera, firdii Waaqayyoo kan madaalu dha. Waaqayyo duratti yakka qabaachun namoota dhimma ijoo Macaafa Qulqulluuti. Namni jalqaba cubbamaa ta'ee hin uumamne; "jalqaba irratti" inni "baay'ee gaarii" ture (Seera Uumamaa 1:31). Hata'u malee, cubbuu Aadamiitiin kan ka'e namni hundinuu cubbamoota ta'an (Roomaa 5:12).

²¹¹ Lakkoofsi kun Yihowaan haala qabatamaa tokkoon tokkoon namaa biyya lafaa irra jiruu akka argu barsiisa. (Ammas, Far. 9-14 dandeettii Yihowaan waan hundumaa arguuf qabu irratti xiyyeeffata.) Qorannoo Yihowaa jalaa namni ba'u hin jiru. Kristoos akka walalootti Yihowaan samii irraa gara namootaa gadi ilaalee haala qabatamaa hafuuraa isaanii akka argu godhee dhiheessa. Yihowaan namni Waaqayyoon barbaadu jiraachuu isaa arguuf tokkoon tokkoon namaa of-eeggannoon xiinxala. Qajeelummaan Yihowaa lakkoofsa kana keessatti ifatti dhihaateera; inni tokkoon tokkoon namaa gad-fageenyaan waan qoruuf qajeelummaan firdii kenna.

Kakuu Moofaa keessatti, Addaamii fi Hewaan cubbuu isaaniitiin kan ka'e Waaqayyo jalaa dhokachuu yaalanii turan. Baala harbuutiin qullaa isaanii haguuguuf yaalan (Seera Uumamaa 3:6-10). Hata'u malee, namni cubbuu isaa Waaqayyo jalaa dhoksuu hin danda'u. Inni haala hafuuraa dhugaa, gochaa fi yaada tokkoon tokkoon namaa ni beeka.

²¹² Phawulos namoonni ija Waaqayyoo duratti qajeelota akka hin taane mirkaneessuuf caqasa Kakuu Moofaa kana ammas Rom. 3:10-18 keessatti caqaseera. Namni hundinuu cubbuu hojjeteeera, firdii Waaqayyoo ni malaaf. Yeroo baay'ee namoonni, "hojiin koo inni gaariin isa hamaa yoo caale nan fayya" jedhu. Akka lakkoofsa kanaatti kun abdiin sobaati; sababni isaas namoonni hojii gaarii irratti hirkatan tokkoyyuu hin qaban. Waaqayyo duratti namni hundinuu yakka cubbuu guddaatiin ni gaafatama.

Warri akkuma buddeena nyaatan saba koo nyaatanis,²¹³
Waaqayyoon hin waammatanii ree?²¹⁴

5

Kunoo, isaan sun naasuu guddaatti in kufu,²¹⁵
Waaqayyo dhaloota qajeelaa wajjin jira'o.²¹⁶

6

isin akeeka nama gadadamaa isa harkaa in gattu inni garuu Waaqayyotti kooluu galeera

7

Xiyoon keessaa Israa'eliif fureen utuma ba'ee!²¹⁷
Yeroo Waaqayyo saba isaatiif adda kennuuf,

²¹³ Kristoos garee namootaa tokko "saba koo" jedhee waamuun isaa xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Saba Kristoos karaa kaminiyyuu miidhuun cubbuu guddaa dha. Namoonni kun kan beekaman hammeenya isaanii irraa qalbii jijjiirratanii Kristoos irratti amantii (amanannaa) isaanii gachuu isaaniitiini.

²¹⁴ Gochi hamaa namootaa beekumsa dhugaa akka hin qabne agarsiisa. Namni Yihowaa hin waammanne guddina (ulfaatina) cubbuu isaa hin hubatu. Namni Yihowaa hin waammanne Yihowaan cubbuu irratti firdii akka kennuu hin hubatu. Namni Yihowaa hin waammanne Yihowaa waammachuu diduun mataan isaa cubbuu ta'uu isaa hin hubatu. Namni karaa kaminiyyuu saba Kristoos miidhu, namoonni kun Kristoos biratti gatii jabeeyyii ta'uu isaanii hin hubatu. Kristoos Mootii isaanii waan ta'eef, saba isaa ni eega (ni tiksa), warra isaan morman hundumaas ni adaba

²¹⁵ Diinonni Yihowaa fi kan Kristoos matumaa hin mo'atan. Waaqayyo isaan morma, "sodaa guddaas" (naasuu cimaa) isaan irratti ni fida.

²¹⁶ Lakkoofsi kun firdii Waaqayyo hamoota irratti kennuu fi ooluu (fayyina) inni qajeelotaaf kennu dhiheessa. Lakkoofsi kun hamoonni akka qalbii jijjiirrataniif akeekkachiisa gaarummaan (ayyaanaan) guutame dha. Namni tokko, "Ani yakka waan hin qabneef Waaqayyo firdii natti hin fidu" jechuu hin danda'u; sababni isaas akka faarfannaa kanaatti namni hundinuu yakkamaa dha. Lakkoofsi kun warra amantii Gooftaa Yesuus Kristoos irratti qabaniin qajeelota jedhamanii lakkaa'amaniif kenna ayyaanaati. Lakkoofsi kun qajeelonni amantii isaanii keessatti jabaatanii akka dhaabbatan jajjabeessa, sababni isaas "Waaqayyo dhaloota qajeelotaa waliin jira."

²¹⁷ Faarfataan sabni Waaqayyoo akka oolfaman (fayyifaman) hawwii guddaa qaba

Yaaqoob in burraaqa, Israa'el is in gammada²¹⁸

218 Lakkoofsi 7 yeroo Yihowaan “qabeenya (badhaadhina) saba isaa deebisee dhaabu” dubbata. Jechoonni kunneen hiika baay’ee guddaa qabu. Inni jalqaba Seera Keessa Deebii 30:3 keessatti mul’ata: “Waaqayyoo gooftaan keessan boojuu keessaa isin in deebisa; isiniif oo’ee saba hundumaa warra ofii isaatii isaan gidduu isin tatamsaase keessaas baasee deebisee walitti isin in qaba.” Kutaan Seera Keessa Deebii kun, Yihowaan gaaf tokko saba isaa boojuu (gabrummaa) jalaa akka baasu waadaa gale dha. Boojiin kun, akkuma Seera Keessa Deebii 30:1-10 irratti ifa ta’etti, cubbuu sabaaw waliin walitti hidhata. Hata’u malee, yeroo Yihowaan “qabeenya saba isaa deebisu”, isaan sanaan booda cubbuu keessa hin deeman. Kana mannaa, abboomamu keessa deemu, Yihowaan isaan “badhaasuutti waan gammaduuf” isaanis ija (bu’aa) gaarii ni fidu.

Faarfataan namoota hundumaa, saba Waaqayyoo dabalatee, akka boojuu cubbuu jala jiranitti arga. Inni waadaa yeroo dheeraa dura saba Waaqayyoo boojuu jalaa akka ba’an dubbatame sana ni yaadata. Sabni Waaqayyoo guyyaa sana akka eeggatani fi dhufaatii isaa akka kabajan ni waama. Kanaafuu, faarfannaan kun abdi guddaan xumurama. (Raajonni boodaa dhufaanillee guyyaa Yihowaan “qabeenya saba Waaqayyoo deebisee dhaabu” sana ni dubbatu—fakkeenyaaf, Ermiyaas 33:11, Yo’el 3:1, Amos 9:14, fi Safaaniyaa 3:20 ilaali.)

Yeroo faarfannaan kun jalqaba barreeffametti, yeroon qabeenya saba Waaqayyoo deebisee dhaabamu sun hin geenyee ture. Hata’u malee, Wangeelonni yeroon qabeenya saba Waaqayyoo deebisee dhaabamu sun Kristoos keessatti akka dhufe ifatti lallabu! Yesuus kan dhufe “saba isaa cubbuu isaanii jalaa oolchuuf” (Maatewos 1:21). Ati “Kristoos keessa” yoo jiraatte, boojuu cubbuu jalaa baatee gara bilisummaa ulfina qabeessa ijoollee Waaqayyootti dhufteetta (Roomaa 6:12-14 ilaali)! Ergamoonni, Yesuus Kristoos isa waadaawwan Kakuu Moofaa hundumaa akka raawwataman godhe ta’uu isaa ifatti dubbatu (Hojii Ergamootaa 13:32-33 ilaali).

Kana yaada keessa galchuudhaan, taatee yeroo Yesuus dhalatee mana qulqullummaatti dhihaatetti raawwatame yaadi. Yeroo sana namichi Simi’oon jedhamu Yesuusiin baate. Simi’oon, akka Wangeela Luqaasitti, “jajjabina Israa’el eeggachaa” ture (Luq. 2:25). Yesuusiin erga argee booda, Simi’oon fayyina Waaqayyoo qopheesse waan argeef “nagaadhaan jireenya kanattii hiiki” jedhe. Simi’oonitti dabalees, dubartiin Haannaa jedhamtu Kristoosiin ni argite. Isheenis yeruma sana “Waaqayyoon galateeffachuu, waa’ee isaas warra furmaata Yerusaalem eeggachaa turan hundumaatti himuu jalqabde” (Luq. 2:38). Ibsi kun, faarfannaan kun erga barreeffamee waggaa 1,000 boodaltee, gareen namoota amantiidhaan guutaman saba Waaqayyoo boojuu cubbuu jalaa akka ba’an hawwii guddaan eeggachaa akka turan agarsiisa. Kutaawwan Macaafa Qulqulluu akka Far. 14 (fi kutaawwan Kakuu Moofaa biroo baay’een) guyyaa Yihowaan “qabeenya saba isaa deebisu” sanaaf garaa isaanii hawwiidhaan guutanii turan. Guyyoonni boojuu cubbuu akka xumuraman ni beeku ture! Yesuus yommuu argan, inni deebii gaaffii isaanii akka ta’e Hafuura Qulqulluudhaan hubatan! Yesuus isa Yihowaan saba Waaqayyoo boojuu jalaa gara “ba’uu isa lammaffaatti” akka geessuuf muude dha. “Ba’uun inni lammaffaan” boojuu cubbuu jalaa ba’uu kun Macaafa Isaayyaas fi Ermiyaas keessatti baay’ee kabajameera (FKNf, Erm. 16:14-21 ilaali).

Faarfannaa Dawit 14 hubachuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, yeroo faarfannaan kun jalqaba barreeffametti, sabni Israa’el Biyya Abdachiifamte keessa jiraachaa turan. Yeroo faarfannaan kun barreeffametti, isaan humna biyya ormaa jala hin turre, saba kamiinis booji’amanii hin turre. Hata’u malee, Daawit akka waan sabni Waaqayyoo amma biyya ormaatti boojuu jala jiranitti barreesse; boojuu isaanii jalaa oolfamuun akka isaan barbaachisus barreesse. Dubbiin Daawit inni faarfannaa kana keessaa bulchiinsi isaa akka “Bara Warqee Israa’elitti” (Golden age of Israel) lakkaa’amuu akka hin qabne argisiisa. Dubbiin isaa bulchiinsi Daawit yeroo boojuu cubbuu akka turee fi Daawit mataan isaas kana akka hubate argisiisa (1 Seenaa 16:35 ilaali). Inni saba Waaqayyoo kaan waliin ta’ee, isa boojuu cubbuu jalaa isaan baasee gara gammachuu bara baraa fi ija (bu’aa) gaariitti isaan geessu sana eeggachaa ture—ija (bu’aa) Far. 8 fi Far. 15 keessatti waadaa gale sana.

Faarfannaa 15 ...

...nama argama Waaqayyoo keessa jiraachuuf malu ibsa.

...qulqullummaa Yihowaa ni agarsiisa.

...hamoota sodaa guddaadhaan guutuu qaba.

...qajeelota abdiid guddaadhaan guutuu qaba (sababa waadaa dhuma lakkoofsa 5 irratti dubbatameef).

...jireenya nama tokkoo qofaa haala mudaa hin qabneen ibsa. Yesuus Kristoos nama boqonnaan kun guutummaatti haala jireenya isaa ni ibsa jedhee dhugumatti dubbachuu danda'u tokkichadha. Inni nama dubbiin Faarfannaa 14:1-3 matumaa isa irratti dhugaa hin ta'ini dha. Akkasumas inni nama dubbiin Faarfannaa 15:2-5 yeroo hundumaa isa irratti dhugaa ta'e tokkichadha. Yesuus qofti cubbuu malee dha. Yesuus qofti guutummaatti qulqulluudha. Hata'u malee, warri "Kristoos keessa" jiran hundinuu, Kristoos waliin waan hidhata qabaniif, boqonnaan kun ibsa jireenya isaanii akka ta'e dhugumaan dubbachuu danda'u.

...Faarfannaa 14 waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Faarfannaan 14 namoota garboota cubbuu ta'an ibsa. Faarfannaan 15 immoo namoota cubbuu jalaa bilisa ba'anii "garboota qajeelummaa" ta'an ibsa. Namoonni Faarfannaa 14 keessatti caqasaman, garbicha cubbuu waan ta'aniif, Waaqayyoof abboomamuu hin danda'an. Namoonni Faarfannaa 15 keessatti caqasaman immoo, bilisummaa isaaniitiin kan ka'e, guutummaatti Waaqayyoof abboomamuu ni danda'u (Roomaa 6:6-14 ilaali). Faarfannaan 14:7 hidhata faarfannaawwan lamaan kanaati. Inni yeroo Yihowaan "qabeenya saba isaa deebisee dhaabu" dubbata. Kanaafuu, Faarfannaan 15 fakkii saba Waaqayyoo warra Yihowaan Kristoos keessatti "boojuu isaanii deebiseefii" qulqullummaa keessa deemaniti.

...Faarfannaawwan 9-14'f xumura madaalu dha. Waan baay'een Faarfannaa 9-14 keessatti waa'ee Yihowaa dubbataman, Faarfannaa 15 keessatti waa'ee saba isaa warra

qajeelotaa irratti dubbatamaniiru. Sabni Waaqayyoo, qabeenyi (fortunes) isaanii isaan biratti waan deebifameef, Yihowaa hordofitoota (imitators) ta'aniiru (Faarfannaa 14:7 ilaali). Isaan amma akkuma inni argutti argu. Akkuma inni firdii kennutti firdii kennu. Akkuma inni dubbatutti dubbatu. Isaan akkuma saba Waaqayyoo jiraachuu qabutti jiraachaa jiru (Faarfannaa 8's ilaali)!

...Faarfannaa 8 waliin baay'ee wal

fakaata. Faarfannaan 8 "nama fakkeenya ta'u" (ideal person)—nama akkuma Yihowaan yeroo hundumaa yaadetti jiraatu ibsa. Haaluma wal-fakkaatuun, Faarfannaan 15 "nama fakkeenya ta'u"—nama akkuma Yihowaan yaadetti jiraatu ibsa. Gama tokkoon, faarfannaawwan lamaan kun ibsa nama tokkoo qofaa dha—Gooftaa Yesuus Kristoos. Hata'u malee, dhufeenya Kristoosiin kan ka'e, faarfannaawwan kun dhiirota, dubartoota, fi ijoollee baay'ee irratti dhugaa ta'aniiru!

...kutaalee gurguddoo sadii qaba: (1) Lakkoofsa 1 keessatti gaaffiin gaafatameera, (2) lakkoofsa 2-5a keessatti gaaffichaaf deebiin kennameera, fi (3) lakkoofsa 5b keessatti waadaan kennameera ("Inni waan kana hojjetu matumaa hin raafamu").

Faarfannaa 15

FAARFANNAA DAAWIT

1

Yaa Waaqayyo, godoo kee keessa eenyutu buufata ree?

Tulluu kee isa qulqullaa'aa irras eenyutu jiraata ree?²¹⁹

2

Nama balleessaa malee jiraatu ²²⁰ nama wanta qajeelaa hojjetu, nama garaa isaatiin dhugaa dubbatu,²²¹

3

nama arraba qaratee asii fi achi hin labne,

219 Far. 1 gaaffii, “seerri ilmaan namootaaf maali?” jedhuuf deebii kenna. Deebiin isaas “Seera Waaqayyoo” kan jedhu dha. Far. 2 immoo gaaffii kanaan walitti dhufeenya qabu deebisa: “Bulchaan ilmaan namootaa eenyu?” Deebiin isaas Yihowaa fi Mootii isaa isa Dibame (Kristoos) kan jedhu dha. Far. 15 immoo gaaffii dhimma ijoo namni hundinuu gaafachuu qabu deebisa: “Yihowaa waliin jiraachuuf eenyuuf eyyamame?”

Faarfannaan kun tiyoolojii Faarfannaa keessatti barsiifamuuf fakkeenya dha. Faarfannaan kun dhugaa waa’ee ulaagaalee qulqullummaa Waaqayyoo fi dhugaa waa’ee ulaagaa inni warra isa waliin jiraataniif kaa’e barsiisa.

“Tulluun qulqulluun” Waaqayyoo Xiyooni (ibsa Far. 2:6 irratti kenname ilaali). Kun bakka jireenya isaati. Tulluu qulqulluu Waaqayyoo irratti jiraachuuf eeyyamamuun qabeenya guddaa namni tokko argachuu danda’u dha; sababni isaas Waaqayyoo achi jira. Tulluu qulqulluu Waaqayyoo irraa dhowwamuun immoo balaa hunda caalu dha; sababni isaas argama Waaqayyoo irraa fagaachuun jaalala, dhugaa, gammachuu, miidhagina, ayyaana, gaarummaa fi qulqullummaa isa keessa jiruufi isa biraa dhufe hundumaa dhabuu dha.

220 Ibsa Faarfannaa 1:1 keessatti waa’ee akkaataa namni eebbifamaan itti deemu kenname ilaali.

221 Namni Yihowaa waliin jiraachuuf malu “mudaa malee deema,” akkasumas “waan qajeelaa hojjeta.” Hata’u malee, faarfataan waa’ee gocha alaan mul’atu qofaa dubbachaa hin jiru. Faarfataan itti dabalee namni kun “garaa isaa keessatti dhugaa dubbata” jedha. Kanaafuu, namni Yihowaa waliin jiraachuuf malu alaa fi keessaan qulqulluu dha.

Dhugaa wal-fakkaataa kana Maatewos 5:17-48 keessatti argachuu ni dandeenya. Kutaawwan kana keessatti, Yesuus namni tokko yakkamaa kan ta’u gocha hamaa alaan raawwatuun qofa akka hin taane agarsiisa. Yesuus yaanni hamaa namni tokko garaa isaa keessatti qabu iyyuu nama sana cubbamaa akka taasisu dubbata. Fakkeenyaaf, Yesuus eji gocha alaan raawwatamu qofa akka hin taane ibsa. Inni amala garaati: “Ani garuu isinittan hima, namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejeera” (Maatewos 5:28).

Faarfannaan kun Far. 14 waliin wal-bira qabamee ilaalammu qaba. Akka Far. 14:3tti, namni hundinuu “hundinuu karaa irraa goraniiru, hundinuu wal ga’anii manca’aniiru.” Faarfannaan sun itti fufuudhaan, “namni gaarii godhu tokko illee hin jiru, lakkii, tokko iyyuu hin jiru” jedha. Kanaafuu, akka Far. 14tti namni mudaa hin qabne tokkoyyuu hin jiru. Hata’u malee, akka Far. 15tti, warra mudaa hin qabne qofatu Yihowaa waliin jiraachuu danda’a. Hidhanni faarfannaawwan lamaan kana gidduu jiru Far. 14:7 keessatti mul’ata. Yihowaan saba isaa boojuu jalaa akka baasuuf (qabeenya isaanii akka deebisuuf) Yesuusiin ergeera (Seera Keessa Deebii 30:3 ilaali). Du’aa fi du’aa ka’uu Kristoosiin kan ka’e, warri “Kristoos keessa” jiran qulqulluu taasifamaniiru.

nama nama irratti hamaa hin hojjenne,
nama ollaa isaa hin ceephaane;

4

namni Waaqayyoon gatee gatamee ija isaatti tuffatamaa ta'ee kan ilaalamu; warra Waaqayyoon sodaataniif,²²²
immoo ulfina kan kennu, wanti inni wareege kan isa miidhu yoo ta'e iyyuu, wareega isaa utuu hin geddarin kan raawwatu;

5

horii isaa hiiqiitti kan hin kennine nama yakka hin qabne irratti gabbarsuu kan hin fudhanne.²²³
kana hundumaatti namni of eeggachaa hojjetu, yoom iyyuu hin socho'u²²⁴

²²² Wantoonni waa'ee Yihowaa dubbataman saba isaa irrattis dhugaa ta'uu isaanii hubachuun baay'ee barbaachisaa dha. Warri qulqulluun akkuma Yihowaan argutti argu (Far. 11:4-5 ilaali). Kunis firdii qajeelaa kennu jechuu dha. Isaan namoota jibbisiisoo (hamoota) hin kabajan. Kana mannaa, akkuma Waaqa isaanii, warra qulqulluu ni kabaju. Isaan akkuma Waaqa isaanii dubbilee qulqulluu dubbatu (Far. 12:6 ilaali). Hihdii sobaatiin yookaan of-jajuutiin hin dubbatan (Far. 12:2 ilaali).

²²³ Lakkoofsonni 2-5a ifa dha. Ulaagaan Waaqayyoo qulqullummaa mudaa hin qabne dha. Warra keessaan (yaadaan) fi alaan (gochaan) qulqulluu ta'an qofatu argama isaa keessa jiraachuu danda'a. Kun namootaaf rakkoo guddaa dhiheessa, sababni isaas **namni ulaagaa lakkoofsa 2-5a keessatti tarreeffame guute tokkoyyuu hin jiru**. Macaafni Qulqulluun waa'ee kanaa baay'ee ifa godhee ibsa (Far. 14:2-3, Mar. 10:18, fi Rom. 3:9-18 ilaali). Akka kutaawwan kanaatti, namni qulqulluu ta'e tokkoyyuu hin jiru. Namni tokko iyyuu ulaagaa qulqullummaa Waaqayyoo isa faarfannaa kana keessatti ibsame hin guutu. Hata'u malee, oduun gaariin (Wangeelli), Waaqayyoo namoonni cubbamoona akka qajeelotaatti akka lakkaa'amaniif karaa qopheessuu isaa ti. Inni kana kan godhe Kristoosiin erguudhaani. Yesuus Kristoos, namoota biyya lafaa irra jiraatan kaan hundumaa irraa adda ta'ee, qulqulluu dha. Inni matumaa cubbuu hin hojjenne. Dubbii Waaqayyoo Abbaan yeroo cuuphaa Yesuusii dubbate yaadi: "Inni kun ilma koo isa jaallatamaa dha, ani isatti nan gammada" (Mat. 3:17). Kunis Waaqayyoo Yesuusii qoree matumaa cubbuu akka hin qabne, karaa hundumaanis isa kan gammachiisu ta'uu isaa arge jechuudha (Ibr. 4:15). Kristoos ulaagaa faarfannaa kana keessatti ibsame ni guuta. Inni keessaa fi alaan qulqulluu dha. Inni Waaqayyoo waliin jiraachuu ni danda'a. Oduun gaariin, Waaqayyoo namoonni firdii Kristoos argatu sana akka argataniif karaa qopheessuu isaa ti. Warri cubbamu ofii isaanii hubatanii Kristoos irratti amantii godhatan hundinuu jireenya bara baraa ni argatu. Waaqayyoo cubbuu isaanii ni dhiisaaf, qajeelummaas isaaniif ni kenna. Inni qajeelummaa Kristoos akka qajeelummaa isaaniitti ni lakkaa'aaf. Du'a Kristoos akka du'a isaaniitti lakkaa'a. Kunis Kristoos gatii cubbuu saba isaa hundumaa kaffaleera jechuu dha! Yoh. 3:1-21, Rom. 1:16-17, Rom. 3:21-26, 2 Qor. 5:17-21, fi Efe. 2:1-10 ilaali.

Kanaafuu, jireenya, du'a, fi du'aa ka'uu Kristoosiin kan ka'e, warri Kristoos irratti amantii qaban hundinuu dhugumaan ulaagaa faarfannaa kana keessatti tarreeffame ni guutu. Isaan ulaagaa kana kan guutan qajeelummaa ofii isaaniitiin utuu hin ta'in, qajeelummaa isaatiini!

²²⁴ Waadaan kun Kiristiyaanaaf jajjabina guddaa fiduu qaba. Maaliyyuu isaan irratti yoo dhufe, Waaqayyoo saba isaa warra qulqulluu ni eega (ni tiksa). Far. 55:22 fi 112:6 ilaali.

Faarfannaa 16 ...

...kadhannaa oolummaa (fayyina) gara

Yihowaattidhihaate dha. Akkuma faarfannaawwan baay'ee keessatti mul'atutti, dhimmi faarfannaa kanaa nama mudaa hin qabne (Kristoos) isa gargaarsa Yihowaa baay'ee barbaadu dha (lakk. 16:1 ilaali).

...galata amantiidhaan guutamee fi deebii Yihowaan kadhannaa oolumaatiif kennu eeggachaa dhihaate

dha. Dubbii isaa isa jalqabaa irraa akka ifa ta'etti, Kristoos gidiraa (rakkina) argaa jira. Hata'u malee, inni abdii malee gidiraa hin argu. Faarfannaan kun abdiidhaan kan guutame dha. Kristoos Yihowaan kadhannaa isaa akka deebisuuf ni beeka. Inni "dhaala miidhagaa" akka qabu ni beeka (lakk. 16:6 ilaali). Faarfannaan kun Kristoos oolummaa (fayyina) akka argatu mirkaneeffachuun isaa, akkasumas tokkummaa ulfina qabeessa isa "bara baraaf" qabaatuun gammaduudhaan xumurama (lakk. 16:11 ilaali).

...gammachuu jireenya Waaqayyo waliin jiru keessatti argamu addeessa.

Jechoolta tokkummaa Yihowaa waliin jiru keessatti gammachuu argamu ibsan hubadhu: "gammachuu" (lakk. 3), "bakka namatti tolu" (lakk. 6), "dhaala miidhagaa" (lakk. 6), "garaa koo ni gammada" (lakk. 9), "guutummaan namummaa kootii ni ililcha" (lakk. 9), "gammachuu guutuu" (lakk. 11), fi "mi'aayee bara baraa" (lakk. 11).

...**gaddaa fi dhiphina hamootaa ibsa.** Faarfannaa 16:4 ilaali.

...**du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos ibsa.** Ergamichi Pheexiros (Hojii Ergamootaa 2:22-36) fi Ergamichi Phawulos (Hojii Ergamootaa 13:35) lamaanuu namni faarfannaa kana keessatti dubbachaa jiru Kristoos ta'uu isaa lallabaniiru. Kutaaleen Hojii Ergamootaa lamaan kun gad-fageenyaan qoratamuun yeroo Faarfannaa 16 lallabamu tajaajilaaf ooluu qabu.

...**Ergamicha Pheexirosii fi Phawulosiin Yesuus Kristoos ta'uu isaa mirkaneessuuf tajaajileera.** Hojii Ergamootaa 2:22-36 fi 13:35 ilaali.

...saba Waaqayyootiif fakkeenya hordofamuu qabu dha. Akka nama guutuutti (mudaa hin qabneetti), Kristoos sabni Waaqayyoo hundinuu akkamitti gidiraa danda'uu akka qaban, akkamitti akka yaadan, akka amanan, akka kadhatan, akka waaqeffatanii fi akka jiraatan fakkeenya ta'eera. Kanaafuu, tokkoon tokkoon lakkoofsa faarfannaa kanaa gochaa fi amala amantoonni qabaachuu qaban agarsiisa.

...saba Waaqayyootiif abdii kenna, sababni isaas Waaqayyo kadhannaa lakkoofsa 1 keessatti dhihaateef deebii kenneera. Kadhannaan Kristoos (“Yaa Waaqayyo na eegi, ani si keessatti da’oo argadheera”) deebii argateera! Waaqayyo Kristoosiin eegeera! Kanaafuu, Kiristiyaanonni, “Kristoos keessa” waan jiraniif, eegumsa ofii isaaniitti gammaduu ni danda’u! Eegumsi keenya eegumsa Kristoos waliin walitti hidhameera.

...saba Waaqayyoo waaqeffannaadhaaf waama. Waaqayyo kadhannaa Kristoos faarfannaa kana keessatti dhihaate deebiseera. Inni du'a jalaa Kristoosiin oolcheera, gara jireenyaatti isa kaaseera, mirga isaas isa teessiseera. Kristoos waan ooleef, sabni Waaqayyoo oolummaa Kristoos argateef, akkasumas oolummaa amantii Kristoos irratti qabaniin isaanitti dhufuuf galataa fi jajannaa guddaa Waaqayyoof dhiheessuu qabu.

...du'aa fi du'aa ka'uu Yesuus Kristoos Kakuu Moofaa keessatti ifatti raajamee akka ture malee, waan hordofitoota Yesuusiin uumame akka hin taane mirkaneessa.

...Hojii Ergamootaa 2:25-28 fi 13:35 keessatti caqasameera.

Faarfannaa 16

Isa afaan Ibrootaatti" Mikitaam"²²⁵ jedhamuu Faarfannaa Daawit²²⁶ dha

1

Yaa Waaqayyo, ani kooluu sitti galeera, ati na eegi!²²⁷

2

Ani Waaqayyoon, "Ati gooftaa koo ti;
ati anaaf wanta gaarii hundumaa dha"²²⁸ nan jedha

3

Warri isaaf qulqullaa'anii biyyicha keessa jiran ulfina-qaboota

²²⁵ Kun Macaafa Faarfannaa keessatti "Miktam" (Miktam) isa jalqabaati; akkasumas kitaaba tokkoffaa (Faarfannaa 1-41) keessatti Miktam tokkichadha. Miktamoonni biroo Macaafa Faarfannaa keessa jiran hundinuu waliin gareetti qindaa'aniiru (56, 57, 58, 59, fi 60). Miktamoonni hundinuu karaa wal-fakkaatuun: "MIKTAM DAAWIT" jedhamanii ibsamu. Miktamni kun Miktamoota biroo irraa addaan ba'ee kitaaba tokkoffaa keessatti kophaa isaa kaa'amuun isaa baay'ee nama dinqisiisa. Gulaalaan Macaafichaa itti yaadee sababa murtaawaa tokkoof Miktam kana iddoo kanatti akka kaa'e mul'ata

Hayyoonni Miktam maali akka ta'e irratti walii hin galini. Hiikkaan Saptuujantii (hiikkaa afaan Giriikii) akka "barreeffama" tokkootti isa caqasu. Maaliyyuu yoo ta'e, Miktamin dubbistoonni fi waaqeffattooni faarfannaan kun gosa faarfannaa akkamii akka ta'e akka beekan godha. Dubbistoonni faarfannaa kana dubbisani waaqeffannaa gamtaa keessatti itti fayyadamuu isaanii dura waa'ee faarfannaa kanaa akkamitti yaaduu akka qaban isaanitti hima. Kunis Faarfannaan waaqeffannaa sabaa keessatti tajaajilaaf ooluu akka qabu yaadachiisa biraati.

²²⁶ Ergamaan Pheexiros faarfannaan kun Daawitiin akka barreeffame ni lallaba. Hata'u malee, Pheexiros akka jedhutti Daawit waa'ee ofii isaa barreessaa hin turre. Akka Pheexiros jedhutti, Daawit yeroo faarfannaa kana barreessutti waa'ee Kristoos barreessaa akka jiru ni beeka ture: "Daawit raajii waan ta'eef, waa'ee du'aa ka'uu Kristoos dursee argee, nni iddoo warra du'aniitti hin dhiifamne, foon isaas tortoratti hin kenname " (HoE 2:31). Inni kana kan beeke raajii waan ta'eefi (HoE 2:30). Daawit dubbii kana kan barreesse, "Waaqayyo kakuudhaan kakatee sanyii isaa keessaa tokko teessoo isaa irra akka teessisu waan beekuufi" (HoE 2:30). Kunis Daawit yeroo faarfannaa kana barreessu kakuu 2Saamu'eel 7:1-17 keessatti galame yaada keessa qaba ture jechuu dha. Inni yeroo faarfannaa kana barreessu waa'ee dhufatii Ilma Waaqayyoo yaadaa ture!

²²⁷ Faarfannaan kun Kristoos akka Waaqayyo isa eegu gaafachuudhaan jalqabuun isaa, Kristoos miidhaa tokko jala akka jiru agarsiisa. Akka Far. 2 irratti (inni Far. 1 waliin seensa Macaafa Faarfannaati), miidhaan Kristoos irratti godhamu namoota jal'oota bulchiinsa isaa of irraa mulquu barbaadan irraati. Hata'u malee, faarfannaan kun waa'ee Kristoos ta'us, warra "isa keessa" jiran hundumaas ni dabalat. Kanaafuu, faarfannaan kun waan warra Kristoos keessa jiran hundumaa irratti dhugaa ta'e dhiheessa. Warri Kristoos keessa jiran akkamitti kadhachuu akka qaban fakkeenya ni ta'a.

²²⁸ Akkuma lakkoofsa 2-8 keessatti ifa ta'etti, Kristoos gidiraa kan argu hammeenya ofii isaatiin miti. Inni qajeelaa dha. Abdiin isaa hundinuu Waaqayyoo bira jira. Dubbiin, "Si'iin alatti waan gaarii tokkoyyuu hin qabu" jedhu Kristoos irratti fi warra isa keessa jiran hundumaa irratti dhugaa dha. Eebbi Waaqayyoo biraa dhufu malee eebbi biraa hin jiru: " Kennaan gaariin hundinuu, kennaan guutuun hundinuu abbaa ifaa biraa ol waaqa gubaadhaa in dhufa" (Yaaqob 1:17). Efesoon 1:3's ilaali.

isaan anaaf guutummaa
gammachuu kootii ti. ²²⁹

4

Warri Waaqayyoon dhiisanii kan biraa fudhatan,
miidhama of irratti in baay'isu,
dhibaayyuu dhiigaa isaaniif dhi'aatu ani hin
dhibaafadhu, afaan kootiinis maqaa isaanii hin dha'u. ²³⁰

5

Yaa Waaqayyo, ati qooda koo isa anaaf kennamee dha,
ati xoofoo anaaf hiixatamee dha, ga'aan koos si harkaa in dhufa. ²³¹

6

Funyoon safaraa iddoo gammachiisaa irra anaaf bu'e,
eyyee, ani dhaala guddaa namatti tolu qaba. ²³²

7

Waaqayyoon isa gorsa anaaf kenne nan jajadha
halkanis immoo yaadni garaa koo isa kana na yaadachiisa . ²³³

²²⁹ Lakkoofsa 3-4 keessatti, Kristoos waa'ee namoota biyya sana keessa jiran birootiif kadhata. Lakkoofsi 3 waa'ee qulqullootaati. Lakkoofsi 4 immoo waa'ee hamootaati. Kristoos qulqullootaan akka gammadu dubbata. Kun warra Kristoos irratti amantii qaban hundumaaf jajjabina ta'uu qaba; sababni isaas kun har'as dhugaa dha. Gammachuun Kristoos qulqulloota irratti boqota. Inni yeroo hundumaa isaan waliin jira (Maatewos 28:20 ilaali), isaan ni soora, ni kunuunsa (Efesoon 5:29 ilaali), akkasumas yeroo hundumaa isaaniif kadhachuuf (gidduu dhaabbachuuf) ni jiraata (Roomaa 8:34 ilaali).

²³⁰ Kristoos hamootatti (jal'ootatti) hin gammadu. Lakkoofsi kun warra Waaqa dhugaa tokkicha malee waan biraa yookaan nama biraa waaqeffatan hundumaaf akeekkachiisa dha. Warri waaqolii biroo hordofanii fi duukaa bu'an firdii ni argatu. Kun dhimma ijoo Faarfannaa ti. Hata'u malee, lakkoofsi kun hamootaaf qofa miti. Warra Kristoosiin hordofaniifis akeekkachiisa gaarummaan guutame dha. Gidiraan isaa hammam iyyuu yoo jabaate, Kiristaanni "waaqa biraa hordofuu" hin qabu. Waaqa biraa hordofuun yeroof gidiraa hambisuu danda'us, dhumarratti garuu gaddi akka baay'atu taasisa. Kiristiyaanni Kristoosiin fakkaachuun, waaqa biraa hordofuu yookaan waaqeffannaa sobaa keessatti hirmaachuu diduu qaba.

²³¹ Amanannaan Kristoos Yihowaa irratti dha. Abdiin isaa hundinuu Yihowaa irratti boqota. Kun warra gara Kristoos dhufan hundumaaf dhugaa dha. Abdiin Kiristiyaanaa hundinuu waadaa ayyaanaa Waaqayyoo irratti hirkata.

²³² Kristoos yeroo lallaba kana lallabu ari'atama keessa jira (lakkoofsa 1 ilaali). Kun fakkeenya amantiiti. Inni gidiraa isaa keessatti iyyuu "dhaala miidhagaa" akka qabu ni beeka. Kun warra Kristoos keessa jiran hundumaaf dhugaa dha. Lakkoofsonni akkasii kennaa ayyaana Waaqayyoo biraa dhufe dha. Waadaan "dhaala miidhagaa" jedhu yeroo gidiraa guddaa keessatti obsaan jabaatanii dhaabbachuuf humna kenna. Roomaa 8:16-17 ilaali.

²³³ Asitti Kristoos guyyaa fi halkan gorsa Yihowaa irratti akkamitti akka xiinxalu fakkeenya argina (Faarfannaa 1:2 ilaali).

8²³⁴

Waaqayyo yeroo hundumaa fuula koo dura anaaf jira,²³⁵
 inni mirga koo waan jiruufis ani hin shishu.²³⁶

9

kanaafis garaan koo in gammada,
 lubbuun koo inni ulfina-qabeessi in ililcha,
 namummaan koos immoo sodaa malee in jiraata ²³⁷

10

Ati iddoo lafa jalaatti ana hin laattu,²³⁸

²³⁴ Lakkoofsonni 9-11 Hojii Ergamootaa 2:25-28 keessatti caqasamaniiru (Pheexiros Saptuajantii (hiika afaan Giriikii) (LXX) irraa caqase). Pheexiros lakkoofsa kana kan caqase Yesuus du'aa akka ka'e mirkaneessuufi.

²³⁵ Saptuajantiin (LXX), "Ani yeroo hundumaa Gooftaa fuula koo duratti nan arga" jedhee dubbata.

²³⁶ "Ani hin raafamu" jechuun, "Ani gidiraa hin argu" jechuu miti. Kristoos gidiraa argaa jira, Yihowaa irraas eegumsa gaafata. "Ani hin raafamu" jechuun, "Amanannaa cimaa ani Yihowaa irratti qabuu fi jaalala isaa irraa hin socho'u, hamootaanis hin mo'atamu" jechuu dha. Kun warra filataman hundumaa irratti dhugaa dha. Waaqayyo sabni isaa amantii irraa akka kufan hin hayyamu.

²³⁷ Kristoos gidiraa keessa utuu jiruu gammaduu, ililchuu fi tasgabbiidhaan jiraachuu danda'a. Waaqayyo akka isa oolchu ni beeka. Jechi "**foon** koo tasgabbiidhaan ni jiraata" jedhu baay'ee barbaachisaa dha. Ergamoanni kun dhagna (foon) Yesuus isa mul'atu akka agarsiisutti fudhatan. Amantiin bu'uura Kiristiyaanotaa, dhagni keenya inni foonii akkuma dhagna Kristoos sanaatti du'aa akka ka'u dha. Kiristiyaanni yoo ajjeefame iyyuu, "foon" isaa nagaa dha. Waa'ee du'aa ka'uu dhagna Kiristiyaanaa ilaalchisee 1 Qorontos 15:12-58 ilaali. Daani'el 12:2-3 fi Yohaannis 5:28-29's ilaali.

²³⁸ Si'ool iddoo warra du'aniiti. Inni Xiyoon—tulluu Waaqayyoo isa qulqulluu waliin akka faallaatti dhihaata (Faarfannaa 15 ilaali). Si'ool argama Waaqayyoo irraa fagaachuu dha. Warri achi deeman "leyyaasifamaniiru" (firamaniiru). Kunis Waaqayyo biratti firdii argataniiru jechuu dha (Faarfannaa 31:17 ilaali). Maarqos 8:38 irratti dubbii Yesuus ilaali. Si'ool iddoo namoota hamootaa fi gareewwan hamootaa (saboota Waaqayyo waliin waraana banan) ti. Si'ool iddoo namoonni Waaqayyoon hin yaadanne yookaan isa hin galateeffatne dha. Jechi kun Kakuu Moofaa keessatti si'a 65, Macaafa Faarfannaa keessatti immoo si'a 15 caqasameera (Faarfannaa 6:5, 9:17, 16:10, 18:5, 30:3, 31:17, 49:14, 49:15, 55:15, 86:13, 88:3, 89:48, 116:3, 139:8, fi 141:7 ilaali). Akka faarfataatti, Si'ool iddoo hamootaaf malu dha. Qajeelotaaf garuu iddoo sirrii miti. **Waaqayyo nama Si'ool jalaa oolchu tokkichadha. Akkasumas gara Si'oolitti kan nama ergu isuma.** Si'ool Macaafa Faarfannaa keessatti karaa ibsamee fi Kakuu Haaraa keessatti ibsame gidduu garaagarummaa jiru hubachuun barbaachisaa dha.

ijaan iyyuu qilee akka argu hin gootu.²³⁹

11

Ati karaa jireenyatti nama geessu na barsiifta, guutummaan gammachuu fuula kee dura, wanti namatti tolus immoo bara hundumaattuu mirga kee jira.²⁴⁰

²³⁹ Pheexiros lakkofsa kana lallaba guyyaa Phenxeqostee lallabame keessatti Yesuus du'aa ka'uu isaa mirkaneessuuf caqase (Hojii Ergamootaa 2:31 ilaali). Phawulosis kutaa kana Hojii Ergamootaa 13:35 keessatti caqaseera. Baay'ee barbaachisaa kan ta'e, Phawulos dubbiiin jalqaba Daawitiin barreeffame kun dubbii Waaqayyooti jedhe! (Hojii Ergamootaa 13:35 ilaali). Yesuus du'aa kan ka'eef, Waaqayyo "Qulqullichi isaa tortora akka hin argine" waan hin hayyamneefi. Kunis Waaqayyo dhagni (foon) namaa kan Yesuus utuu awwaala keessa jiruu akka hin tortorre godhe jechuu dha. Waaqayyo Yesuusiin du'aa kaasuudhaan isa eege. Lakkoofsi kun ragaa du'aa ka'uuti. Yesuus jiraataa dha! Lakkoofsi kun warra "Kristoos keessa" jiran hundumaaf abdiin guddaa kennuu qaba. Inni gara jireenyaatti ka'eera. Kanaafuu, warri "isa keessa" jiran hundinuu gara jireenyaatti ni kaafamu. Kunis dhagni foonii Kiristiyaanaa ni kaafama jechuu dha. Akkuma firii (ija) mukaa fayyaa qabu irraa jalqaba funaaname tokko, mukichi firii fayyaa qabu baay'ee akka naqatu ragaa ta'u, du'aa ka'uun dhagna Kristoos warri isa waliin hidhata qaban hundinuu akka kaafaman ragaa dha (1 Qorontos 15:12-58 ilaali). Lakkoofsi kun warra Kristoos keessa jiran hundumaaf abdiin guddaa kennuu qaba.

²⁴⁰ Ergamoonni lakkoofsa kana akka ragaa ol ba'uu Kristoositti fudhatan. Yesuus du'aa erga ka'ee booda, gara samiitti ol ba'e, ammas mirga Waaqayyo Abbaa taa'ee jira. Inni iddoo angoo kana irraa jabaatee bulchaa (mo'aa) jira. Dubbii Pheexiros Hojii Ergamootaa 2:29-36 keessa jiru of-eeggannoon dubbisi. Akkasumas Faarfannaa 110:1-2 irratti xiinxali, sababni isaas Pheexiros faarfannaa lamaan kana walitti hidhee waan caqaseefi.

Faarfannaa 17 ...

...kadhannaa fi galata nama tokkoo isa diinota baay'een weeraramaa jiru qabateera.

...amala qajeelummaa Kristoos hammeenya diinota isaa waliin wal-bira qabee (wal-faallessuudhaan) agarsiisa.

...garee Faarfannaawwan (16-18) waa'ee gidiraa, du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos dubbatan keessaa tokko fakkaata. Faarfannaan 19 garee faarfannaawwan kanaatiif goolaba (xumura) ta'ee tajaajila fakkaata. Akkuma Faarfannaa 8 fi 15, Faarfannaan 19 fakkii nama cubbuu irraa bilisa ta'ee fi seera Yihowaatiif guutummaatti abboomamee jiraatu dhiheessa.

...Kakuu Haaraa keessatti hin caqasamne.

Faarfannaa 17

KADHATA DAAWIT.²⁴¹

1

iyya koo anaaf dhaggeeffadhu,²⁴² gurra kee gara kadhata kootti gara isa sobaan hin dubbataminiitti qabi!²⁴³

2

Iji kee wanta qajeelaa in arga,²⁴⁵ kanaaf mirgi argachuun anaaf ta'u si biraa anaaf haa dhufu*!²⁴⁴

3

Garaa koo keessa qortee halkanis dhuftee yoo na ilaalte, keessa koos gara galchitee yoo fonqolchite, hamaa yaaduu koo hin argitu;²⁴⁶ dubbii afaan kootii keessaas irra-daddarbaan hin argamu*.²⁴⁷

4

Dubbii afaan kee keessaa ba'uun geggeeffamee,

²⁴¹ Ibsi dursaa (superscription) salphaan kun Faarfannaa 86, 90, 102, fi 142 keessattis itti fayyadamameera.

²⁴² Lakkoofsa 1 keessatti, Kristoos kadhannaan isaa waan qajeelaa waliin walitti dhufeenya waan qabuuf Yihowaan akka isa dhaga'u waammata. Jechi tokkichi kun lakkoofsa 15 keessattis itti fayyadamameera (hiikkaan ESV "qajeelummaa" jedhee hiikeera): "Ani garuu qajeelummaadhaan fuula kee nan arga." Itti fayyadamni jecha tokkichaa kanaa (inni tokko jalqaba faarfannichaa irratti, inni tokko immoo xumura isaa irratti) "hammattu" (*envelope/inclusio*) uumu. Hammattuun kun faarfannaan kun waa'ee dhimma ooluu Kristoosii fi adabbii hamootaa ta'uu isaa addeessa. Faarfannaawwan darban (keessattuu 9-15) firdii qajeelummaa qajeelotaa fi firdii hamootaa irratti xiyyeeffataniiru. Far. 16-19 Kristoos mudaa kan hin qabne ta'uu isaa fi firdii qajeelaan rakkina isaa keessaa akka oolu akka barbaadu argisiisu.

²⁴³ Kristoos kadhannaan isaa dhugaa ta'uu isaa ni lallaba. Inni nama "garaa isaa keessatti dhugaa dubbatu" sana dha (Faarfannaa 15:2).

²⁴⁴ Kristoos yoo mirgi isaa hin kabajamne namoonni Kristoos irratti amantii qabanis mirgi isaanii hin kabajamu. Ooluun isaanii ooluu isaa irratti hirkata.

²⁴⁵ Faarfannaan 17 jji Yihowaa waan qajeelaa akka "yaadaan Caqasu" Kristoos kadhachuu isaatiin jalqaba. Faarfannaan kun Kristoos fuula Yihowaa akka "argu" lallabuudhaan xumurama.

Waan hunda arguun Yihowaa Far. 9-18 keessatti xiyyeeffannoo argateera. Hamoonni Yihowaan arguu hin danda'u jedhu (Far. 10:11). Kristoos garuu Yihowaan akka argu ni beeka (18:24's ilaali).

²⁴⁶ Hamoonni Yihowaan gocha nama tokkoyyuu hin argu yommuu jedhan (Far. 10:11), Kristoos garuu Yihowaan akka isa qore ilaale ni lallaba. Wangeelli Waaqayyo Kristoosiin qoree cubbuu tokkoyyuu akka isa keessatti hin argine ni dubbata. Maatewos 3:17, Maarqos 1:11, fi Luqaas 3:22 ilaali

²⁴⁷ Hamoota irraa haala adda ta'een, Kristoos afaan isaa hammeenyaaf itti hin fayyadamu (Far. 12:2-4 ilaali). Kristoos amala nama qajeelaa Far. 15:2-4 keessatti ibsamee sanaaf fakkeenya dha. Dubbiin isaa inni Far. 17 keessaa, inni nama "tulluu qulqulluu [Yihowaa] irratti jiraachuu" danda'u ta'uu isaa mirkaneessa (Far. 15:1)

karaa isaan humnaan nama irratti ka'an irraas,
of eeggadheera.²⁴⁸

5

Ejjennaan faana kootii karaa kee irratti jabaateera,
miilli koos hin bitintiru.²⁴⁹

6

Ani sin waammadha, ati immoo ana jalaa in owwaatta yaa Waaqayyo!
Gurra kee gara kootti qabi, dubbii koos dhaggeeffadhu!

7

Gaarummaan kee dinqisiisaa akka ta'e mul'isi!²⁵⁰
Ati warra gara mirga keetti baqatan,
namoota isaan irratti ka'an jalaa in oolchita

8

Akka agartuu ija keetiitti na eegi,
gaaddisa bobaa keetiinis na golboobi!²⁵¹

9

Jal'oota humnaan anatti bu'an,
diinota koo warra gojoma'anii anatti dacha'anis
ati ana irraa dhowwi!

²⁴⁸ Karaan namaa Macaafa Faarfannaa keessatti dhimma ijoo xiyyeeffannoon irratti kenname dha (Faarfannaa 1:6 ilaali).

²⁴⁹ Lakkoofsa 3-5 keessatti, Kristoos mudaa kan hin qabne (qulqulluu) ta'uu isaa lallaba. Inni akka namoota Faarfannaa 14 keessatti ibsamani sana miti. Inni kana mannaa, akka nama Faarfannaa 15 keessatti ibsamee sanaa ti. Mudaa kan hin qabne ta'uun (qulqullummaan) Kristoos baay'ee barbaachisaa dha; sababni isaas Kristoos qulqulluu utuu ta'uu baatee, Fayyisaa biyya lafaa ta'uu hin danda'u ture. Faarfannaan kun Kristoos dubbiiidhaanis ta'ee gochaan cubbuu akka hin hojjenne mirkaneessa.

²⁵⁰ Oluun Kristoos karaa Yihowaan jaalala isaa isa amanamaa ittiin argisiisu dha—kunis Kristoos qofaaf utuu hin ta'in, biyya lafaa hundumaafis. Roomaa 5:8 ilaali.

²⁵¹ Kristoos akkuma lukkuu haadhootti, Yihowaan eegumsaaf koochoo (baallee) isaa akka isa irratti diriirsu ni waammata. Warri "Kristoos keessa" jiran hundinuu eegumsa Mootichaaf kenname kanaan jajjabina guddaa ni argatu; sababni isaas inni nagaa yoo ta'e, isaanis nagaa dha. Faarfannaa 91:4, Ruut 2:12, fi dubbii Yesuus Mat. 23:37 keessatti dubbatame ilaali.

10

Dhageettiin garaa isaanii hadooddeera,
afaaniin asii ol in haasa'u²⁵².

11

Isaan faana dha'anii amma nu marsaniiru;
lafaan nu dha'uudhaafis ija isaanii nu irra kaa'ataniiru.

12

Isaan akka leenca waa kukkutachuu kajelee ti,
akka ilmoo leencaa isa riphee taa'uu ti. ²⁵³

13

Yaa Waaqayyo, ka'iitii nama jal'aadhaan mormuudhaaf dura
dhaabadhu, inni gugguufee harka isaa akka kennus godhi!
Billaa keetiin isa harkaa ana baasi;²⁵⁴

14

Harka keetiinis yaa Waaqayyo namoota harkaa,
namoota warra qoodi jireenya isaanii wanta biyya lafa kanaa duwwaa
ta'e harkaa ana baasi!
Ati wanta keesseen garaa warra akkasii in guutta, ijoolleen isaanii haa
quufan, isaanis wanta isaan irraa hafu ijoollee isaaniitiif haa hambisan.

15

Ani garuu qajeelummaadhaan fuula kee ilaaluufan jira;

²⁵² Ammas, garaagarummaa hamootaa fi Kristoos gidduu jiru hubadhu.

²⁵³ Hamoonni qajeelota balleessuuf akka leencaatti godhatu (Faarfannaa 22:13 fi 21 ilaali). Hata'u malee, Kristoos erga oolee (fayyifamee) booda, qajeelonni warra "leenca irra ejjetanii" dha (Faarfannaa 91:13 ilaali).

²⁵⁴ Kun kadhannaa Kristoos Yihowaan hamoota akka adabuuf dhiheesse dha. Kun hamootni akka adabaman kan isaan akeekkachiisu dha.

dammaqees,²⁵⁵ bifa kee arguu kootti nan quufa.²⁵⁶

²⁵⁵ Lakkoofsi kun waa'ee Kristoos hirriba foonii irraa dammaquu dubbachaa hin jiru. Inni waa'ee du'a jalaa ooluu (fayyuu) isaa dubbachaa jira. Hirribni fakkeenya du'aatiif itti fayyadamamee jiraachuu isaa luqqisii kana qofaan ifa ta'uu hin danda'u. Hata'u malee, yeroo faarfannaan kun faarfannaawwan naannoo isaa jiran (Faarfannaa 16 fi 18) waliin dubbifamu ni ifa. Faarfannaawwan sadan kun, waliin yoo ilaalaman, waa'ee du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos ifatti dubbatu. Faarfannaa 16:7-11 of-eeggannoon xiinxali (kun ergamaa Pheexiroosiin Hojii Ergamootaa 2:25-28 keessatti caqasameera). Akka Pheexiros jedhutti, faarfannaan kun waa'ee du'aa fi du'aa ka'uu Kristoosi dha.

Faarfannaan 18's waa'ee du'aa fi du'aa ka'uu Kristoosi dha: "Hidhaan du'aa na marsan, dha'aan bishaan badiisaas na naasise; hidhaan qilee na xaxan, furgaasaan du'aas na qabate" (Faarfannaa 18:4-5). Faarfannaan 18 itti fufuudhaan Yihowaan Kristoosiin du'a jalaa oolchuu isaa fi Kristoos du'aa ka'uu isaa irratti hundaa'uun diinota isaa hundumaa mo'achuu isaa dubbata. Duuni hirribatti yommuu fakkeeffamu kun Macaafa Faarfannaa keessatti isa jalqabaa miti. Faarfannaa 13:3-4 ilaali: "Yaa Waaqayyo gooftaa ko na ilaali, anaaf deebisis; hirriba du'aa akkan hin rafnetti ija koo anaaf ibsi! Diinni koo,"Isa mo'eera" hin jedhin, hamajajjiin koos bitintiruu kootti sonaan hin gammadin!"

²⁵⁶ Kristoos yommuu dammaqu "fakkii keetiin nan quufa" jedha. Kun gammachuu fi boqonnaa Kristoos yommuu du'a jalaa oolee gara argama Yihowaatti dhihaatu argatu kan agarsiisu fakkaata. Lakkoofsi kun gaaffii Kristoos Faarfannaa 13:1 keessatti, "Hamma yoomiitti raawwattee na irraanfatta, yaa Waaqayyo, Hamma yoomiitti fuula kee na duraa dhoksita" jedhee gaafateef deebii kenna. Deebiin gaaffii kanaa, Yihowaan bara baraan fuula isaa Kristoos jalaa hin dhoksu kan jedhu dha. Inni du'aa yommuu ka'u, Kristoos Yihowaa arguudhaan "itti quufa" (gammachuu guutuu argata). Dubbistoonni Kakuu Haaraa kun ammuma iyyuu akka raawwatame ni beeku! Kristoos du'aa ka'ee jira, ammas mirga Waaqayyo Abbaa taa'ee jira.

Faarfannaa 18 ...

...kadhannaa fi galata nama tokkoo isa diinota baay'een weeraramaa jiru qabateera.

...amala qajeelummaa Kristoos hammeenya diinota isaa waliin wal-bira qabee (wal-faallessuudhaan) agarsiisa.

...warra Kristoos keessa jiraniif yeroo ari'atamaa fi gidiraa keessa jiranitti fakkeenya hordofamuu qabu dha.

...garee Faarfannaawwan (16-18) keessaa tokko fakkaata. Faarfannaan 19 immoo garee faarfannaawwan kanaatiif goolaba (xumura) ta'ee tajaajila fakkaata.

...walaloo waa'ee "ba'uu" (exodus) isa jalqabaa kabajuuf Seera Ba'uu 15 keessatti barreeffame waliin walitti dhufeenya qaba.

...Roomaa 15:9 keessatti caqasameera.

Faarfannaa 18

GEGGEESITUU WARRA FAARFATOOTAAF; FAARFANNAA ISA
DAAWIT GARBICHI WAAQAYYOO YEROO WAAQAYYO HARKA
DIINOTA ISAA HUNDUMAA, CAALAADHUMATTI QABAA SAA'OL ISA
OOLCHETTI²⁵⁷ DHAGEESSISEE WAAQAYYOOON FAARFATEE DHA

1

Yaa Waaqayyo aangoo ko, ani sonaan sin jaalladha; ²⁵⁸

2

Waaqayyo kattaa koo, masaraa koo, oolchaa koo tis; Waaqayyo koo
da'oo dhagaa isa ani kooluu itti galuu dha; gaachana koo, isa akka
gaanfaa fayyina koof faccisu, iddoo dhokannaa koo isa ol jedhaa dhas.

3

Waaqayyoon isa jajamaa nan waammadha, inni immoo harka diinota
koo na oolcha*.

4

Hidhaan du'aa na marsan, dha'aan bishaan badiisaas na naasise;

5

hidhaan qilee na xaxan,
furgaasaan du'aas na qabate²⁵⁹

6

Rakkina koo keessatti Waaqayyoon nan waammadhe, gargaarsaaf
Waaqayyo koottan iyyadhe; inni immoo mana qulqullummaa isaa
keessaa sagalee koo dhaga'e, isa duratti gargaarsaaf iyyuun koos
gurra isaa bira anaaf ga'e.

²⁵⁷ Ibsi seensa faarfannaa (superscription) dheeraan kun dubbisaaf baay'ee
gargaara. sababni isaas faarfannaan kun waa'ee galata gammachuu Mootichaa
(Kristoos) isa diinota isaa jalaa baraaramuu hundumaa argate irratti hundaa'e
ta'uu isaa argisiisa. Ibsi dureen kun dubbisaa waan inni faarfannaa kana
keessatti argamu ibsuuf tajaajila.

²⁵⁸ Kunneen dubbii Kristoositi. Akkasumas dubbii warra "Kristoos keessa" jiran
hundumaati. Amantiin dhugaa Waaqayyo irratti qabamu jaalala Waaqayyoo of
keessaa qabaachuu qaba; sababni isaas jaalalli Waaqayyoo namni sun
Waaqayyoon ifatti akka argu fi akka isa beeku argisiisa. Faarfannaa 119:32,
145:20, Maarqos 12:33, Luqaas 7:42, Yohaannis 14:15, 14:21-24, 1 Qorontos 2:9,
2 Tasaloonqee 2:10-12, Yaa'iqoob 2:5, fi 1 Pheexiros 1:8 ilaali

²⁵⁹ Faarfannaa 16:10 fi ibsa lakkoofsa 17:15 irratti kenname ilaali. Akkasumas
Yoonas boqonnaa 2 ilaali. Yoonas fakkii Kristoosi dha.

7

Yommus lafti rom'itee tochoote; sababii aariin
isaa boba'eefis, hundeen tullootaas immoo
hurgufamanii raafaman*

8

funyaan isaa keessaa aarri in yaa'e, afaan isaa keessaas ibiddi xaph
godhu in ba'e; barbadaan giimiin isa biraa in boba'e*.

9

Inni bantiwwan waaqaa gugguufsisee gad bu'e, duumessi gurraachi
dukkanaa'aan miillan isaa jala ture.²⁶⁰

10

Inni Kiruub irra taa'ee in balali'e, baalleewwan qilleensaatiinis shuf
jedhee dhufe.²⁶¹

11

naanna'aa isaa dukkanni akka golgu godhe, duumessa dukkanaa'aa
bishaan keessa guutes godoo isaa in godhate

12

Calaaqisa fuula isaa dura jiru keessaa immoo, dhagoonni cabbii fi
barbadaan ibiddaa, tarsaasanii duumessicha keessa in ba'an.

13

Waaqayyo bantiwwan waaqaa keessaa kakawweessa'e,
aabba inni hundumaa gara irraa jirus [dhagoota cabbii fi barbadaa
ibiddaatiin] sagalee isaa in dhageessise

²⁶⁰ Faarfannaa 97:2 ilaali.

²⁶¹ Yihowaan dhugumaan akkuma konkolaataa fardaan waraanaa harkifamaniitti duumessa irra hin deemu. Hata'u malee, kun humna isaa isa guddaa agarsiisuuf jechoota walalootti fayyadamuu dha. Barreeffamoota baha giddu-galeessaa durii (Ancient Near Eastern literature) keessatti waa'ee "Ba'aal" (waaqni tolfamaan sana) karaa wal-fakkaatuun ibsamuun isaa xiyyeeffannoo kan barbaadu dha. Yihowaan jechoota yeroo tokko tokko waaqeffattoonni Ba'aal itti fayyadamaniin ibsamuun isaa, Yihowaa fi Ba'aal waaqolii tokko jechuu miti. Akkasumas, Israa'eloonni waaqolii Kana'aan irratti hundaa'anii waaqayyoo haaraa (Yihowaa) uuman jechuu miti. Kana irra, kun fakkeenya "**Tiyoolojii Falmaa**" (**Polemical Theology**) ti. Kristoos (faarfataan) Yihowaa karaa kanaan ibsuudhaan Ba'aaliin tuffachaa jira. Yihowaa karaa kanaan ibsuudhaan, Ba'aal waaqayyoo duumessa irra deemu akka hin taane fi inni Kristoosiin oolchuu (fayyisuu) kan danda'u akka hin taane Kristoos addeessaa jira.

14

inni xiyya isaa gad dhiisee diinota bittimse, balaqqeessa bakakkaatiinis gara itti goran isaan in wallaalchise.

15

Dheekkamsa keetiin yaa Waaqayyo, rukutaa aara funyaan kee keessaa ba'etiinis, ²⁶²
maniin bishaanotaa in mul'atan, hundeewwan biyya lafaas qullaatti in baafaman

16

Inni ol gara irraadhaa gad hiixatee na qabe,
bishaan gurguddaa keessaa harkisee na baase. ²⁶³

17

inni harka diina koo isa jabaa, akkasumas harka warra na jibbanii ²⁶⁴
humnas na caalanii na oolche.

18

Yeroo rakkinni ana irra ga'etti isaan ana irratti lafa dha'an, Waaqayyo garuu irkoo koo ture.

19

inni gara iddoo bal'aatti na baasee,
waan anatti gammadeef na oolche.

20

Waaqayyo akka qajeelummaa kootti kana anaaf godhe,

²⁶² Walitti dhufeenya lakkoofsa kanaa fi Seera Ba'uu 15 gidduu jiru hubadhu. Seera Ba'uu 15 walaloo baay'ee barbaachisaa ce'umsa Galaana Diimaa jaju dha. Faarfataan Seera Ba'uu 15 caqasuun isaa, taateen "ba'uu" (exodus) Seera Ba'uu 15 keessatti jajame sun, taatee "ba'uu" isa hunda caaluu fi du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos waliin walitti hidhata qabuuf fakkii ta'uu isaa argisiisa. Walaloon Ba'uu 15 keessatti argamu kun Faarfannaa 118:14, Isaayyaas 12:1-6 fi Mul'ata 15:1-4 keessattis caqasameera. Macaafni Isaayyaas fi Ermiyaas "ba'uu isa lammaffaa" saba Waaqayyoo isa du'aa fi du'aa ka'uu Kristoos waliin walitti hidhame irratti xiyyeeffannoo guddaa kennu.

²⁶³ Ammas, walitti dhufeenya ooluu (fayyina) Kristoosii fi taatee "ba'uu" gidduu jiru hubadhu. Ooluuun Kristoos "ba'uu" isa hunda caalu dha.

²⁶⁴ Faarfannaa 2:1 ilaali.

akka qulqullina harka koottis dugda anaaf deebise ²⁶⁵

21

Ani karaa Waaqayyoo duukaa bu'eera; jal'inaanis Waaqayyo koottii gargar hin baane.

22

Wanti isa duratti qajeelaa ta'an hundinuu fuula koo dura turan, seerrata isaa hundumaas of irraa hin butne. ²⁶⁶

23

Ani balleessaa maleen isaa wajjin ture yakka hojjechuuttiis of nan eeggadhe. ²⁶⁷

24

Waaqayyo immoo akka ani qajeelaa ta'e mul'adhetti, akka harki koo ija isaa duratti qulqulluu ta'ee argamettis, dugda anaaf in deebise.

25

Nama gaarummaa argisiisutti, atis gaarummaa in argisiifta. nama hin balleessinetti, atis itti hin balleessitu

26

Isa of qulleessutti, ati ofii keetii qulqullaa'aa ta'uu kee in mul'ifta, nama micciiramaa immoo akka micciiramummaa isaatti qabuu kee itti in mul'ifta.

27

Ati saba gad qabamaa in oolchita, warra mataa irra-keessa qabatani adeeman immoo, lafa in ilaalchifta ²⁶⁸

28

Yaa Waaqayyo, ibsaan koo haleelee akka ifu in goota, yaa Waaqayyo gooftaa ko, dukkana koo in ibsita

²⁶⁵ Ibsa qajeelummaatiif, Faarfannaa 15 ilaali. Kristoos qajeelummaa isaatiin kan ka'e Yihowaadhaan akka oolfame (fayyifame) yeroo baay'ee ni lallaba. Kun Kristoos qofa irratti guutummaatti dhugaa dha. Hata'u malee, du'aa fi du'aa ka'uu Yesuusiin kan ka'e, warra "isa keessa" jiran hundumaafis dhugaa dha. 2 Qorontos 5:21 ilaali.

²⁶⁶ Faarfannaa 1:1 ilaali.

²⁶⁷ Mudaa kan hin qabne (qulqulluu) ta'uun Kristoos dhimma ijoo kutaa Macaafa Faarfannaa kanaati..

²⁶⁸ Waaqayyo of-tuultota gadi buusee, warra gadi deebi'an immoo ol kaasun isaa dhimma ijoo Kitaaba Qulqulluuti. Kadhannaa Haannaa 1 Saamu'eel 2 keessa jiru ilaali. Akkasumas Maatewos 5:3 ilaali.

29

Eyyee, ani siin kutata loituu diinaatti nan bu'a,
Waaqayyo kootiin gelaa irra iyyuu nan utaala

30

Waaqayyo kun karaan isaa mudaa hin qabu, dubbiin isaa
dhugaa ta'uu isaa amansiiseera; Waaqayyo warra isatti kooluu
galan hundumaaf gaachana*.

31

Goofticha malee Waaqayyo eenyu ree?
Waaqayyo keenya malees kattaa jabaan eenyu ree?

32

Waaqayyo kun, isa mudhii koo humnaan hidhachiisee
isa karaan koo mudaa akka hin qabaanne godhee dha;

33

miilla koo ariifataa akka miilla biicheeanaaf
godhe kaarra gubbaas ana dhaabachiise;

34

irreen koo iddaa sibiila diimaa akka dabsutti, ²⁶⁹ inni
harka koo lola in barsiise.

35

Gargaarsa kee gaachana gootee anaaf
laatte, harki kee mirgaas ana in hirkise;
anatti gad dhi'aachuun kees na guddise.

36

Tarkaanfii miilla kootiif na jalatti iddoo bal'aa anaaf
laatte, gulubiin koos ana jala gara hin galle;

37

ani diinota koo ari'ee isaan nan qaqqabe,
hamma isaan dhumanittis ani gara
booddeetti hin deebine²⁷⁰

²⁶⁹ Kun fakkeenya humna walalooti. Kristoosiif angoon guddaan
kennameeraaf.

²⁷⁰ Kun hamootaaf akeekkachiisa dha. Yoo qalbii hin jijjiirratin, Kristoosiin
ni balleeffamu. Faarfannaa 2 fi 110 ilaali

38

Akka isaan deebi'anii hin kaanetti immoo, ani rukutee isaan nan caccabse, isaanis miilla koo jalatti in kufan

39

Ati lola sanaaf mudhii koo humnaan hidhachiifteetta, warri ana irratti ka'anis na jalatti akka gombifaman in goote.

40

Ati diinonni koo dugda duuba deebi'anii akka na baqatan goote, ani immoo warra na jibban nan balleesse

41

Isaan gargaarsaaf iyyan, garuu tokko illee kan isaan gargaaru hin turre, gara Waaqayyooti iyyan, inni garuu isaaniif hin deebifne.²⁷¹

42

Akka awwaara qilleensi fudhatutti²⁷² ani caccabsee isaan nan bulleessa, akka dhoqqees karaa keessatti isaan nan dhooba²⁷³

43

Ati saba wal lolu keessaa na baaftee²⁷⁴, saba warra kaaniif mataa akkan ta'u gooteetta; namoonni saba ani hin beeknees anaaf in hojjetan.

44

Waa'ee koo gurrumaan dhaga'uudhaan anaaf abboomaman, warri ormaas gugguufaa gara koo in dhufan

45

ijoolleen ormaa in dadhaban, rom'aas iddoo cufatanii taa'an keessaa ba'an

²⁷¹ Yihowaan Kristoosiin ni oolcha (fayyisa), sababni isaas kun qajeelummaa dha. Inni hamoota hin oolchu, sababni isaas kun firdii jal'aa waan ta'uuf.

²⁷² Faarfannaa 1:4 ilaali.

²⁷³ Faarfannaan baay'een waa'ee oolummaa Kristoos dubbatu. Inni kun mo'ichoota Kristoos warra oolummaa (fayyina) isaa booda ta'an irratti xiyyeeffata. Faarfannaa 91 fi 110's ilaali.

²⁷⁴ Faarfannaa 2:1 ilaali. Yihowaan Kristoosiin oolchuun isaa, mo'icha inni sabootaa fi nattiwwan irratti argatuuf furtuu (ijoo) dha.

46

Waaqayyo jiraataa dha! Kattaan koos jajamaa dha!
Waaqayyo fayyina kootiis ol ol haa qabamu!

47

Waaqayyo inni ijaa baasuu anaaf kenne, saba lafa irraas harka koo jala galche.

48

harka diinota kootii keessaa immoo na baase; eyyee, ati warra ana irratti ka'an gara irraatti, ol na qabdeetta,²⁷⁵
namoota humna anatti argisiisan harkaas na butatteetta.

49

Kanaaf yaa Waaqayyo, ani saba hundumaa keessatti sin jajadha²⁷⁶,
faarfannaa galataatiinis maqaa kee nan faarfadha*.

50

Mootii isa kan isaatiif fayyina guddaa isa kennu, gaarummaa isaa isa ofii isaatii dibetti²⁷⁷,

Daawitii fi sanyii isaattis bara baraan isa argisiisu²⁷⁸, Waaqayyoon faarfachuu koo ti

²⁷⁵ Lakkoofsonni kunneen ta'iiwwan Faarfannaa 2 keessatti ibsaman akkamitti akka raawwataman argisiisu.

²⁷⁶ Kristoos Yihowaa galateeffachuuf waadaa gala. Kun Macaafa Faarfannaa keessatti dhimma yeroo baay'ee barame dha. Kristoos hoogganaa galataa saba Waaqayyoo ti. Yeroo baay'ee, waadaan galataa erga dhihaatee booda, faarfannaan itti aanu (haala kanaan Faarfannaa 19) faarfannaa galataa ta'a.

²⁷⁷ Faarfannaan kun waa'ee jaalala dhuma hin qabne isa Yihowaan "Kristoos" (LXX) isaatiif argisiisu dha. Kun Macaafa Faarfannaa keessatti jechi kun yeroo lammaffaatiif mul'achuu isaa ti (Faarfannaa 2:2 ilaali). Faarfannaa 20:6's ilaali.

²⁷⁸ Kun faarfannaa kana waadaa 2 Saamu'eel 7:1-17 keessatti Daawitiif galame sana waliin walitti hidha. "Sanyiin Daawit" Yesuus Kristoos (Maatewos 1:1 ilaali). Hata'u malee, "sanyiin Daawit" Yesuus Kristoos qofa miti. Inni warra Yesuus Kristoos keessa jiran hundumaas ni dabalata.

Faarfannaa 19 ...

...dubbii Waaqayyoo ni leellisa (ni kabaja).

...dubbiin Waaqayyoo ilmaan namootaa irraa fagoo (ga'umsa namootaatiin ala) akka hin taane argisiisa. Inni karaa uumamaa of beeksiseera. Akkasumas karaa dubbii barreeffamee (Macaafa Qulqulluu) of beeksiseera.

...ilaalcha namni Waaqayyoo dubbii Waaqayyootiif qabaachuu qabu addessa.

...bakka sadiitti goodama.

Lakkoofsi 1-6 sagalee Waaqayyoo isa uumama isaa keessatti dhaga'amu ibsa.

Lakkoofsi 7-11 seera Waaqayyoo isa Macaafa Qulqulluu keessatti mul'atu ibsa.

Lakkoofsi 12-14 kadhannaa nama sagalee Yihowaa beeku, jaallatuu fi abboomamuuf hawwuuti. Namni kun, akkuma "Nama Eebbifamaa" Faarfannaa 1 keessatti ibsamee, seera Yihowaatti ni gammada, guyyaa fi halkanis irratti ni xiinxala. Kristoos (fi warri isa keessa jiran hundinuu) nama lakkoofsa kana keessatti ibsame dha.

...Faarfannaawwan 16-18'f goolaba (xumura)

madaalu dha. Akkuma Faarfannaa 8 fi 15, Faarfannaan 19 fakkii nama cubbuu irraa bilisa ta'ee fi seera Yihowaatiif guutummaatti abboomamee jiraatu dhiheessa. Du'aa fi du'aa ka'uu Kristoositiin kan ka'e (Faarfannaa 16-18 ilaali), namoonni Waaqayyoon arguun, isa jaallachuu, dubbii isaa jaallachuu fi isaaf abboomamuun ni danda'uuf.

...Kakuu Haaraa keessatti Roomaa 10:18 keessatti caqasameera.

Faarfannaa 19

GEGGEESITUU WARRA FAARFATOOTAAF; FAARFANNAA DAAWIT

1

Bantiiwwan waaqaa ulfina Waaqayyoo himaa jiru,
wanti bantii waaqaa jalaan mul'atus
hojii harka isaa in labsa.²⁷⁹

2

Guyyaan guyyaa isatti aanutti kana in dabarsa,
halkanis halkan isatti aanutti waa'ee kanaa in beeksisa²⁸⁰.

3

Isa kanaaf jechi, dubbiinis hin jiru,
sagaleen isaaniis hin dhaga'amu.²⁸¹

4

haa ta'u iyyuu malee, wanti isaan dabarsan
guutummaa biyya lafaatti in ba'e; wanti
isaan himanis andaara lafaa in ga'e²⁸²;
gooftichi achi bantii waaqaa keessatti
biiftuudhaaf godoo in dhaabe

5

Isheen akka dhirsa misirroo diinqa isaatii ba'utti in baati;
akka nama jagnaattis adeemsa ishee raawwachuutti in
gammaddi.

6

Andaara bantii waaqaa isa gara tokkootii baatee, naannoftee andaara
isaa isa gara kaaniitti in lixi; ifa ishee isa gubaa duraa kan dhokatus hin
jiru.

²⁷⁹ Lakkoofsi kun Waaqayyo waan hundumaa akka uume ni ifoomsa. Akkasumas, Waaqayyo uumama hundumaa kan uume, akka isaan yeroo hundumaa ulfina miidhagina isaa, gaarummaa isaa fi calaqqee ulfina isaa argisiisaniif ta'uu isaa ni mirkaneessa. Seenaan uumamaa Seera Uumamaa 1 keessa jiru Faarfannaa 19:1-6 waliin walitti hidhamee dubbifamuu qaba.

²⁸⁰ Lakkoofsonni kunneen bakki yookaan yeroon Waaqayyo of itti hin beeksifne matumaa akka hin jirre ni argisiisu.

²⁸¹ Lakkoofsonni kunneen Waaqayyo namoota hundumaatti of beeksisuu isaa ni argisiisu. Namni tokkoyyuu sababa hin qabu. Beekumsi Waaqayyoo guutummaa biyya lafaatti babal'atu kun ilmaan namootaatiif kennaa guddaa dha. Ergamichi Phawulos kutaawwan kanneenitti fayyadamuun Roomaa 1:19-20 keessatti namni hundinuu seera Waaqayyoo akka beekuu fi kanaan kan ka'es Waaqayyo duratti kan gaafataman ta'uu isaanii ni mirkaneessa. Waaqayyo jal'oota hundumaa irratti firdii ni kenna.

²⁸² Kaayyoo uumamaa keessaa inni tokko sagalee Waaqayyoo ta'anii tajaajiluudha. Kunis maaliif Waaqayyo urjiilee fi aduu akka uume ni ibsa. Wanti Waaqayyo uume hundinuu ulfina isaa ni calaqqisiisu.

ifa ishee isa gubaa duraa kan dhokatus hin jiru.²⁸³

7

Seerri Waaqayyoo guutuu dha, lubbuu namatti in deebisa;
wanti seerri Waaqayyoo dhugaa ba'u amanamaa dha,
inni wallaalota iyyuu beektota in godha.

8

Ajaji Waaqayyoo qajeelaa dha, garaa namaa in gammachiisa,²⁸⁴
abboommiin Waaqayyoo qulqulluu dha, ija namaa in ibsa.

9

Waaqayyoon sodaachuun yaada qullaa'aa dha,
bara baraan jabaatee in dhaabata; akka namni ittiin geggeeffamuuf
wanti Waaqayyo kennu dhugaa dha. guutummaan isaas qajeelaa dha.

10

Inni Waaqayyo kennu kun warqee caalaatti, warqee baqfamee qullaa'e
baay'ee caalaattis, ilaalamuun kan ta'uu dha; damma caalaa, nadhii
dhaaba dammaa keessaa coccophu caalaas in miyaa'a.

11

Garbichi kee isaan in gorfama. namni isa eegus bu'aa guddaa qaba.²⁸⁵

12

Wanta utuu hin beekin irraa kaate eenyutu hubachuu danda'a ree?

²⁸³ Akkuma ho'a aduu jalaa wanti dhokatu hin jirre, dhiibbaa Waaqayyoo jalaas wanti dhokatu hin jiru.

²⁸⁴ Gooftaadhaaf abboomamuun gara gammachuu guddaatti nama geessa.

²⁸⁵ Kunneen dubbii Kristoosi dha. Inni qulqullummaa seera Yihowaa ni leellis. Ammas, inni "nama eebbifamaa" seera Yihowaatti gammaduu fi guyyaa fi halkan waa'eesaa yaadu (Faarfannaa 1:2 ilaali) ta'uu isaa ni mirkaneessa. Warri "Kristoos keessa" jiran Mootiin isaanii seera Waaqayyoo jaallachuu isaa fi yeroo hundumaa isaaf abboomamuu isaatti ni gammadu. Kana malees, warri "Kristoos keessa" jiran, akkuma Mootii isaanii, dubbii Waaqayyoo fi karaa isaatti ni gammadu. Yohaannis 14:15 ilaali.

Dabalee (Appendix)

1

Faarannaawwan kitaaba kana keessatti haammataman dhibbeentaa faarfannaawwan macaafa faarfannaa keessatti caafamanii xiqqoo qabata. Faarfannaawwan biroon baay'eetu jiru. Hundumti isaaniyyuu kallattii ta'een Kiristoosii fi taateewwan wangeelaa waliin hidhata qabu. Hundumti isaaniyyuu xiyyeeffannoo cimaan qo'atamuutu irra jira. Hundumti isaaniyyuu barsiisuufis ta'ee lallabuuf barbaachisoodha. Akkaataa ittiin tokkoon tokkoo faarfannaawwanii Kiristoosii fi taateewwan wangeelaa ittiin labsan abuuranii argachuun dubbistootaaf gammachuu guddaadha lallabdootaaf immoo dirqamadha. Kanneen armaan gaditti tarreeffaman faarfannaawwan muraasa addumaan barreessitootni kakuu haaraa itti fayyadamaniidha.

Faarfannaa 22 - Faarfannaan kun addumaan waa'ee fannoo waliin wal qabata (Mat. 27:35, 27:46, Mar. 15:24, 15:34, Luq. 23:34, fi Yoh. 19:24 ilaali). Haa ta'u malee, faarfannaan kun waa'ee fannoo qofaan hin xumuramu. Waa'ee saba Waaqayyoo warra du'aa ka'uudhaan booda dhufaniis ni dinqifata. Barreessaan warra lbirootaas faarfannaa kana fayyadamuun waa'ee eenyummaa warra waldaa keessa jiranii ibsa (Ibr. 2:12 ilaali). Pheexiros faarfannaa kanatti fayyadamuun akka amantootni dammaqanii fi seexanaan morman jajjabeessa (1Phex. 5:8). Far. 22 keessatti, Kiristos Yahiwwee jajachuuf waadaa seena (22:25). Far. 23 faarfannaa Macaafa faarfannichaa isa itti aanee dhufudha. Waadaa Kiristoosiin galame kana irratti hundaa'uun, faarfannaan kun akka faarfannaa jajannaa Kiristoos irraa Yahiwweef taasifame isa jalqabaa fi isa caaluutti ilaalammu qaba.

Faarfannaa 34 – Caqasa inni Faarfannaa 34 keessa caqase irratti hundaa'uudhaan, Pheexiros yeroo ergaa isaa barreesse waa'ee faarfannaa kanaa yaadaa akka ture raga ta'uu danda'a. Pheexiros Faarfannaa 31 ergaa isaa 1Phex. 2:3 fi 3:10-12 keessatti caqaseera. Dabalataan Yoh. 19:36 ilaali.

Faarfannaa 37 – Faarfannaan kun irra deddeebiidhaan Yaahiwwen warra qajeelota akka isaan "laficha dhaalan" akka godhu dubbata (Fr. 37:9, 11, 22, 29, fi 34 ilaali). Kun immoo faarfanna akka qajeelonni yeroo arii'atamuu keessa jirannitti amantii isaaniitti cimani dhaabatan waamicha taasisa. Yesuus yeroo lallaba isa gaara gubbaa jedhamu barsiisaa turetti waa'ee faarfannaa kanaa yaadaa akka ta'e beekamaadha (Mat. 5:5 and 6:33 ilaali).

Faarfannaa 40 – Faarfannaan kun waa'ee fedha Yahiwwee fi inni kun immoo akkamitti dhufaatii Kiristoos fi gidirfamuu fi du'uu isaa waliin kan wal qabatu dha. Barreessaan lbirootaa immoo yaada faarfannaa kanaa lbiroota 10:5-9 keessatti caqaseera.

Faarfannaa 69 – Faarfannaan kun Yoh. 2:17, Rom. 11:9, 15:3, fi HoE 1:20 irratti caqafameera.

Faarfannaa 109 – Faarfannaan kun immoo waa'ee gidiraa fi hojii birmaduu baasuu Kiristoos dubbata. Pheexiros faarfannaa kana HoE 1:20 keessatti caqaseera. Faarfannaan kun faarfannaa 110'n kan waa'ee taateewwan du'aa fi du'aa ka'uu Kiristoos booda ta'aanii dubbatuun hordofameef akka carraa ta'eetu miti. Faarfannaawwan kun walfaana dubbifamuu qabu.

Faarfannaa 110 – Faarfannaawwan baay’een waa’ee gidiraa/dhiphachuu fi birmaduu ba’uu yeroo dubbatanitti, faarfannaan kun immoo addatti erga ulfinaan ol fudhatamee teessoora taa’een booda hojiin Kiristoos maal akka ta’e irratti xiyyeefata (Mat. 22:44, Mar. 12:36, Luq. 20:42, HoE 2:34, 1 Qor. 15:25, Ibr. 1:3, 1:13, 5:6, 7:17, fi 7:21). Faarfannaan 109 kana waliin wal qabsiifamee dubbifamuu qaba. Faarfannaan battalatti 110tti aanee dhufus faarfannuma kana waliin wal qabsiifamee dubbifamuu qaba, sababni isaas isaan kun ulfina jireenyaa isa sababii mo’icha Kiristoos argamu nutti agarsiisu.

Faarfannaa 118 – Faarfannaan kun irra deddeebiin Kakuu Haaraa keessatti caqafameera. Waa’ee dhiphachuu, du’uu fi du’aa ka’uu Kiristoosii fi waa’ee mana qulqullummaa isa dhugaa isa Kiristoos dhagaa goolee qajeelchu ta’eef sana ijaaruu waliin wal qabata (Mat. 11:3, 13:35, 19:38, 21:9, 21:42, 23:39, Mar. 11:9, 12:10, Luq. 20:17, Yoh. 12:13, Ibr. 13:6, 1 Phex. 2:4, fi 2:7).

Faarfannaawwan muraasa keessatti faarfatichi waa'ee guddina irra-daddarbaa isaa dubbata. Faarfannaawwan bifa Kanaan barreeffamanis waa'ee Kiristoosiin ibsuu ni danda'uu? Faarfatichi waa'ee qajeelummaa Kiristoos ifa godhee dubbateera. Ka'umsuma Macaafa Faarfaniichaa irraa jalqabee, isa akka "nama eebbifamaa" dubbii Yaahiwwee halkanii fi guyyaa xiinxalutti dhiyeesseera. Lakkoofsonni baay'een akka inni yeroo arii'atamuun cimaan jiruttillee abboomota Yaahiwweef of eeggannoon abboomamutti dhiyeessu. Lakkoofsota baay'ee keessatti, Kiristoos akka qajeelaa ta'etti labsa. Yaahiwween qajeelummaa isaa irratti hundaa'uun akka isatti faradu gaafata. Haa ta'u malee, karaan Kiristoos faarfannaawwan keessatti ittiin ibsame kana qofa miti. Lakkoofsota muraasa keessatti, Kiristoos akka cubbuu guddaaf itti gaafatamummaan irra jirutti kaasa. Fakkeenyaaf, mee lakkoofsota armaan gadii ilaali.

Wanti hamaan lakkoobsa hin qabne na marsan,
 hamma ani wanta biraa arguu dadhabuttiis
 irra-daddarbaan koo anatti in dacha'an;
 isaan rifeensa mataa koo caalaa in baay'atu,
 kanaafis onneen koo in laafa. **Faarfannaa 40:12**

Ani immoo, "Yaa Waaqayyo, anaaf oo'i,
 ani si duratti cubbuu hojjedheera,
 na fayyisi!" jedhee kadhadheera". **Faarfannaa 41:4**

"Shakkee tokko malee, dubbisaan "faarfannaan kun waa'ee Kiristoos miti, inni tasuma cubbuu hin hojjenne" jechuu danda'a. Yesuus cubbuu kan hin hojjenne ta'uun isaa dhugaa ta'ee utuma jiruu, dubbisaan sun kan inni yaadachuu qabu, Kiristoos cubbuu namoota Waaqayyoo hundumaa kan ofitti fudhate ta'uu isaati. Sababii kana irraa kan ka'edha kan inni fuula Waaqayyootti akka cubbamaatti lakkaa'ame. Sababii kanaaf Waaqayyo dheekkamsa isaa isa irratti dhangalaase. Inni "Hoolicha Waaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhudha" (Yoh. 1:29).

Isa cubbuu tokko illee hin qabne,
 nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti,
 nuuf jedhee cubbamaal isa godheera. **2 Qor. 5:21**

Faarfannaan akkasii kun waa'ee Kiristoosi moo miti kan jedhuuf deebiin isaa kakuu haaraa keessatti argameera. Faarfannaawwan armaan olitti eeraman lamaan Kakuu Haaraa keessatti caqafamaniiru, Kiristoos waliinis hariiroo qabu!

Barreessaan Ibirootaas dubbiiwwan faarfannaa 40 dubbii Kiristoos akka ta'an mirkaneessee darbe. Akkamitti akka inni Far. 40:6-8 caqase yaadatti qabadhu.

Kanaaf Kristos gara biyya lafaa yommuu dhufe,

"Ati aarsaa, kennaas hin jaallanne,

garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta.

Ati kenna qalma isa gubamutti, arsaa sababii cubbuutiif dhi'aatuttis hin gammanne; kanaaf ani immoo,

'Macaafa maramu keessatti waa'ee kootiif akkuma caafamee jiru, yaa Waaqayyo, kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf, dhufeera; nan jedhe" jedhee dubbate.

Utuma isaan kun akka seerichi abboomutti dhi'aatanii iyyuu, kana gararraatti, "Ati aarsaa, kennaas, kenna qalma isa gubamu, aarsaa sababii cubbuutiif dhi'aatus hin jaallanne, ittis hin gammanne" jechuu isaa argineerra. Itti dabalees immoo, "Kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera" jedheera; kanaanis aarsaa isa lammaffaa iddoo buusuudhaaf, isaa duraa iddoodhaa fuudhe. Akka jaalala Waaqayyoo sanatti, dhagni Yesus Kristos yeroo hundumaaf akka ta'utti, al tokkicha aarsaa ta'ee dhi'eeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulleeffamneerra. **Ibroota 10:5-10**

Kanaafuu, faarfataan farfannaa 40 kun waa'ee guddummaa irra daddarbaa isaa dubbatee kan darbe yoo ta'eyyuu ("Wanti hamaan lakkoobsa hin qabne na marsan, hamma ani wanta biraa arguu dadhabuttis irra daddarbaan koo anatti in dacha'an"), barreessaan warra Ibrootaa garuu faarfatichi dubbii Kiristoosiin akka galmeessee dubbate.

Farfannaa 41 keessatti, ammas, faarfatichi irra deebiidhaan, waa'ee guddummaa cubbuu isaa dubbata ("Yaa Waaqayyo, anaaf oo'i, ani si diratti cubbuu hojjedheera, na fayyisi"). Isa booddee amanamummaa dhabuu hiriyoota isaa kaasuun gaddee akkas jedha, "Namni garaa kootii, inni ani amanadhe, inni buddeena koo nyaate illee ana dhiituuf miilla ol fudhate" (Lak. 9). Yesuus faarfannaa kana caqasuun galgala guyyaa irbaata isa dhumaa sana, ofii isaa akka nama faarfannaa sana keessatti dubbateetti, Yihuudaa immoo akka nama dabarsee isa kenneetti dubbate..

"Ani waa'ee hunduma keessaniitiif hin dubbadhu, warra ani fo'adhe immoo beeka; inni macaafni, 'Namichi buddeena koo nyaate na dhiite!' jedhu garuu, raawwatamuun in ta'a." **Yoh. 13:18**

Yesuus Faarfannaa 41 fayyadamuun isaa, faarfannaa sanaaf abbaa dhimmaa ta'uu isaa agarsiisa!

Farfannaa 6 keessattis waanuma akkasii ta'e. Faarfannichi kadhannaa armaan gadii Kanaan eegala: "Yaa Waaqayyoo, aarii keetiin ana hin ifatiin! Dheekkamsa keetiin ana hin adabiin!". Dheekkamsi Waaqayyoo aarii Waaqayyo dhimma cubbuu irratti qabu waliin wal qabata. Ammas Yesuus faarfannaa kana yeroo garaa garaa lama caqaseera, achi keessattis faarfannaa kana ofii isaa waliin wal qabsiisa (Yaadannoo Faarfannaa 6 irratti barreeffame ilaali).

Waanumti wal fakkaataan Faarfannaa 31 keessattis argamuu ni danda'a. Faarfannaa 31:10 keessatti, faarfatiichi waa'ee irra daddarbaa isaa dubbata. Amma immoo Yesuus yeroo fannooratti du'aa jirutti faarfannaa 31:5 caqasa (Luq. 23:46 ilaali).

Fakkeenya kana bu'uura godhachuudhaan, barreessitootni Kakuu Haaraa (fi Yesuus matumti isaa) faarfannaawwan kana Kiristoositti firoomsuuf tasuma akka shakkaniin hin ture ragaa ba'uun ni danda'ama. Lallabaan faarfannaawwan akkasiillee waa'ee Kiristoosiin kan guutaman ta'uu isaanii labsuuf dirqama qaba.

2 Samuel 23:1-7

Translating 2 Samuel 23:1-7

<p>הַבָּגָה מֵאֵן יִשְׂרָאֵל בְּנֵי יִשְׂרָאֵל דָּוִד יִרְבֵּדָה הָאֵל 1 רְמוֹז מֵעֵנֹו בְּקַעֵי יְהוָה חֲשֵׁמ־לַעֲלֵעֵ מְקַהֵלִי לְאָרְשֵׁי ת</p>	<p>1 1</p>	<p>These are the last words of David—the declaration of David, son of Jesse, and the declaration of the mighty man raised up—concerning the Messiah of the God of Jacob and the pleasant songs of Israel.</p>
<p>יִבְרַבַּד הָאֵל יְהוָה תְּלַמּוּא שְׁלֵלֵעֵנִי 3 לְאָרְשֵׁי יְהוָה רִמָּא 3 לְאָרְשֵׁי רוֹצֵר רַב־דִּיל</p>	<p>2 b 3 b</p>	<p>“The Spirit of Yahweh spoke by me, and his word was on my tongue. The God of Israel said, to me the Rock of Israel spoke:</p>
<p>מִמֶּנּוּ קִדְצָה קְדָאֵב לֵשׁ: מִיְהוָה תֵּאָדָר לֵשׁ 4 אֲכֹנָבֵעַ אֵל רִקְבֵי שְׁמֵשׁ־חֲרוֹזֵי רִקְבֵי וְלֹא־שָׁדָר הָטַמְמָה הַגְּמָמָה ת 4 יִצְרָאֵם:</p>	<p>c 4</p>	<p>‘With the person of righteousness who rules, who rules in the fear of God—even like the light of the morning the sun will rise—a morning without clouds: from brightness, from rain—grass from the earth.’</p>
<p>לֹא־מֵעַ יִתֵּב וְכִי־אֵלֵיכֶם עֵתֵיכֶם יִכְנָלֵי קֵשׁ סֶלֶלִי לִפְנֵי הַכּוֹרֵעַ הִרְמָשׁוּ אֵלֵי־יִבְנֵי יִצְפָּח־לְכוּ יַעֲשִׂי־לְכֵיכֶם וְדַמְצֵי:</p>	<p>5 b c</p>	<p>Surely is not thus my house with God? For an eternal covenant he made for me/him, arranged in all and kept, for all my salvation and all delight in me will he not cause to sprout?</p>
<p>כֹּפֵי לַעֲיִלְבוּאֵם הֵלֶכְךָ דָּמָץ וְחֻקֵי דָבָר אֵלֵיכֶם 7 קֵהֵב עֲגִי שֵׂאֵי ו תֵּיטָה צִעֵו קָרֵב אֲנֵי רֵשׁ שְׂאֵבֹוֹפִי: תִּבְשָׁב וּפְרָשֵׁי הָ</p>	<p>6 b 7 b b c</p>	<p>‘But as for the worthless—all of them are like a thorn thrown away, for will not with a hand they be taken, and the man strike at them? He will be armed with an iron and wood spear, and with a consuming fire they will be burned in the end.’”</p>

2 Sam 23:1	
<p>ESV (2011): “Now these are the last words of David: The oracle of David, the son of Jesse, the oracle of the man who was raised on high, the anointed of the God of Jacob, the sweet psalmist of Israel:”</p>	
<p>NIV (2011): “These are the last words of David: ‘The inspired utterance of David son of Jesse, the utterance of the man exalted by the Most High, the man anointed by the God of Jacob, the hero of Israel’s songs:”</p>	
<p>LXX: Καὶ οὗτοι οἱ λόγοι Δαυιδ οἱ ἔσχατοι Πιστὸς Δαυιδ υἱὸς Ἰεσσαὶ, καὶ πιστὸς ἀνὴρ, ὃν ἀνέστησεν κύριος <u>ἐπὶ χριστόν</u> θεοῦ Ἰακωβ, καὶ εὐπρεπεῖς ψαλμοὶ Ἰσραηλ.</p>	
<p>Douay-Reims (1610): “Now these are David’s last words. David the son of Isai said: The man to whom it was appointed concerning the Christ of the God of Jacob, the excellent psalmist of Israel said:”</p>	
<p>Young’s Literal (1898): “And these [are] the last words of David: — ‘The affirmation of David son of Jesse — And the affirmation of the man raised up — Concerning the Anointed of the God of Jacob, And the Sweetness of the Songs of Israel:”</p>	
2 Sam 23:1–7, ESV	DeRouchie
<p>Now these are the last words of David: The oracle of David, the son of Jesse, the oracle of the man who was raised on high, the anointed of the God of Jacob, the sweet psalmist of Israel: 2 “The Spirit of the LORD speaks by me; his word is on my tongue. 3 The God of Israel has spoken; the Rock of Israel has said to me: When one rules justly over men, ruling in the fear of God, 4 he dawns on them like the morning light, like the sun shining forth on a cloudless morning, like rain that makes grass to sprout from the earth. 5 “For does not my house stand so with God? For he has made with me an everlasting covenant, ordered in all things and secure. For will he not cause to prosper all my help and my desire? 6 But worthless men are all like thorns that are thrown away, for they cannot be taken with the hand; 7 but the man who touches them arms himself with iron and the shaft of a spear, and they are utterly consumed with fire.”</p>	<p>These are the last words of David—the declaration of David, son of Jesse, and the declaration of the mighty man raised up—concerning the Messiah of the God of Jacob and the pleasant songs of Israel. 2 “The Spirit of Yahweh spoke by me, and his word was on my tongue. 3 The God of Israel said, to me the Rock of Israel spoke: ‘With the person of righteousness who rules, who rules in the fear of God—4 even like the light of the morning the sun will rise—a morning without clouds: from brightness, from rain—grass from the earth.’ 5 Surely is not thus my house with God? For an eternal covenant he made for me/him, arranged in all and kept, for all my salvation and all delight in me will he not cause to sprout? 6 ‘But as for the worthless—all of them are like a thorn thrown away, for will not with a hand they be taken, 7 and the man strike at them? He will be armed with an iron and wood spear, and with a consuming fire they will be burned in the end.’”</p>




HANDS to the PLOW MINISTRIES

HandsToThePlow.org

Ragaalee Dabalataa Qo'annaa Macaafa Qulqulluu Hands to the Plow Ministries marsariitii HandsToThePlow.org. irraa ni argattu. Ragaaleen kunniinis....

Wangeela Maarqos
Yaadannoowwan qo'annaa waliin—Qajeelcha lallabaa kan Wangeela Marqos.

Faarfannaawwan, Ergaawwan, fi Kiristoos.
Qo'annaa torbeewwan saddeetii kan gaaffilee fi yaadannoo Macaafa faarfannaa 1, 2, 8, 22, 40, 11 fi 118 of keessaa qabu.



Mirga waraabbii© 2015, Hands to the Plow, Inc. tiin